

**QAACCESSA AFOOLAA OGUMMAA AFAANII
GURGUDDOO AFRAN BARSIIISUU KEESSATTI**

ABDURRAHMAAN ABDULQAADIR GISHUU

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUF FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,
JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII**

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA (FINFINNEE)

HAGAYYA, 2008/2016

FINFINNEE

Yuunivarsiitii Addis Ababaa (Finfinnee)

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo,Ogbaruufi Fookloorii gamisaan guuttachuuf Abdurrahmaan Abdulqaadir, mata duree “Qaaccessa Afoolaa Ogummaa Afaanii Gurguddoo Afran Barsiisuu Keessatti ” jechuun qophaa’e sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa’e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____Mallattoo _____Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____Mallattoo _____Guyyaa _____

Gorsaa _____Mallattoo _____Guyyaa _____

Waraqaa Mirkaneeffannoo

- A) Ani qorataan/ttuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame,qorannoon kun hojii koo ta'uusaafi kanaan duras Yuunivarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hin dhiyaatin ta'uusaa,akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

- B) Barataan /Barattuun _____
Waraqaa qoraannoo isaa/ishee haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isaa/ishee muummeef galchuu danda'uu isaa/ishee ani gorsaan mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Gabaabsa

Qorannoon kun faayidaa afoolli kitaabaafi barnoota Afaan Oromoo keessatti ogummaa gurguddoo afran afaanii ittiin barsiisuuf qabu xiinxalluu irratti fuulleffate. Ka'umsi qorannoos; afoolli Oromoo akkuma hawaasa keessatti faayidaa qabu ogummaa afaanii barattoota gonfachiisuufis gahee guddaa osoo taphatu xiyyeeffannoon qophii kitaabaa, barsiisotaafi barattoota biratti laafinna qabaachuusaati. Afoolli kaayyoo barnoota afaanii milkeessuu keessatti gahee olaanaa qabu kun kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaafi barnoota afaanii keessatti haala ittiin hojiirra oolaaru kan qaaccessuudha. Kaayyoowwan qorannoo kanaa keessaa inni tokko faayidaa afoolli ogummaa afaanii gabbisuuf qabu ilaaluudha. Qorannoo kana gaggeessuuf mala qorannoo akkamtaatti (qualitative research method) fayyadameeti. Sababni malli kun filatameef, hojiin qaaccessa qorannoo kanaa lakkoofsaan osoo hin ta'in jechootaan waan ibsameef. Kanuma bu'uura taasifachuun odeeffannoo qabatamaafi amansiisaa ta'e tooftaa odeeffannoo funaanuu mata duree qorannoo waliin walsimu kanneen akka qaaccessa qabiyyee kitaabaa (content analysis), daftara yaadannoo barattootaa sakatta'uu, afgaaffiifi daawwannaa daree gargaaramuun ragaaleen qorannichaa funaanamaniiru. Odeeffannoon sassabames akkataa walitti dhiyeenya isaaniitiin qoqooduudhaan qaaceffamaniiru. Bifuma walfakkaatuun qorannoon faffaca'iinsa afoolaa boqonnaalee kitaabaa hunda keessatti (kudha saddeet) ogummaa afaanii guddisuuf qabu guutuufi dhiisuusaa haalaan kan xiinxallameedha. Dabalataanis bu'aaleen qorannichaan argaman akka mul'isanitti afoolli kitaaba keessatti dhiyaate kaayyoowwan barnoota afaanii gurguddoo afran galmaan gahuuf bu'aan isaa olaanaa ta'uyyuu, akka kitaabichi ajajutti hojiirra oolmaan afoola kanneenii laafinna qabaachuun nimul'ata. Kunis, hanqina waytii barnootaaf ramadameefi xiyyeeffannoo kennuu dhabuu barattootaa irraa ka'eeti. Rakkoolee kanneeniif immoo, waytii barnootaa cinatti barattooni akka shaakalaniifi ogeeyyii qophii kitaabaa, barsiisotaafi barattoota birattis gama hundaanuu xiyyeeffannoo argachuu akka qabuudha. Dhumarrattis akkuma kitaabni barnootaa ajajutti afoola daree barnootaa keessatti hojiirra oolchuun kaayyoo barnoota afaanii galmaan gahuuf bu'aa guddaa afoolli qabu ta'uusaa yaboofi argannoo qorannoo kanaa jalattis eerameera.

Galata

Hundaa dursuun bu'a bahii jiruun addunyaa qabdu kana keessatti akka afaan saba kiyyaa baradhee qoradhu kan nataasise tokkicha dorgomaa hin qabne Rabbii guddaa galanni haa gahu. Itti aansuun milkaa'ina qorannoo kiyyaatiif yeroo hundaa nuffii tokko malee fuula ifaan nasimachuun kan na gorsaa turan gorsaa koo Obbo Gabbaroo Tulluutiif galanni koo guddaadha. Haaluma walfakkaatuun akka ani ilmi isaanii baradhee galma gahuuf osoo ofii hin baratin qabeenyaafi yaadaan yeroo hunda kan na gargaaran, haadha tiyya Adde Zeeynii Badhaasoofi abbaa koo H/Abdulqaadir Gishuutiif galata guddaa qaba. Obboleewwan koos Hawwaa Abdulqaadiriifi Abdullaahii Abdulqaadir haa galatooman jedha.

Dabalataanis firoottan koo keessaa akka baradhee galma gahuuf yaadaan, meeshaafi maallaqa nabarbaachisuun isaan nacinaa dhaabbatan Obbo Lolee Heebboofi Hajjii Amaan nan galateeffadha. Dhumarrattis hiriyyoottaniifi fiironni koo isaan maqaan hin dhawamnes milkaa'ina barnoota koof nagargaaruu keessaniif hunduu galatoomaa jedha.

Qabeentaa

Axeeraraa	Error! Bookmark not defined.
Galata	II
Qabeentaa.....	Error! Bookmark not defined.
Qabeentaa Tarree Gabateewwanii	VI
Hiikkaa Jechootaa	VII
BOQONNAA TOKKO : SEENSA	1
1.1. Seen – Duubee	1
1.2. Ka’umsa Qorannoo	3
1.3. Gaaffilee Qorannichaa	4
1.4. Kaayyoo Qorannoo	5
1.4.1. Kaayyoo Gooroo	5
1.4.2. Kaayyoo Gooree	5
1.5. Faayidaa Qorannichaa.....	5
1.6. Daangaa Qorannoo.....	6
1.7. Hanqina Qorannoo.....	7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU	8
2.1. Yaadrimeewwan Afoolaa.....	8
2.2. Faayidaafi Amaloota Afoolaa	11
2.2.1. Faayidaa Afoolaa	11
2.2.1.1. Bashannansiisuufi Gammachiisuu (Entertainment and Relaxation).....	15
2.2.1.2. Fedhiifi Falaasama Jabeessuuf (Asserting Interests and Outlooks).....	16
2.2.1.3. Seeraafi Heera Barsiisuu (Teaching Ideals and Conduct).....	17
2.2.1.4. Jireenya Galmeessuu (Recording Life).....	18
2.2.2. Amaloota Afoolaa	19
2.2.2.1. Hurruubummaa	19
2.2.2.2. Jijjiirama	20
2.2.2.3. Yoomessa.....	21
2.2.2.4. Hirmaannaa Jamaa	22

2.3. Goorooowan Afoolaa.....	23
2.3.1. Raagoowwan ykn seeneffamoota (Oral Narratives)	23
2.3.1.1.Gosoota Raagamtaa (Types of Myths).....	24
2.3.2.Af-walaloo (Oral Poetry)	25
2.3.3.Unkaawwan Gaggabaaboo (Witicisms).....	25
2.4. Yaaxxina Ogummaa Afaanii Afraniifi Gahee Afoolaa Dandeetilee Kanneeniif	27
2.4.1.Gahee Afoolaa Ogummaa Dhageeffachuufi Dubbachuu Keessatti	28
2.4.2.Gahee Afoolaa Ogummaa dubbisuufi Barreessuu Keessatti.....	29
2.5. Faayidaa Afoolaa Sirna Barnootaa Keessatti.....	32
2.5.1.Ogummaa Afaanii Gabbisuuf	32
2.5.2. Beekumsa Kuufachuuf.....	33
2.5.3.Bilchina Sammuutiif (Mental Development).....	33
2.5.4.Jijjiirama Amalaatiif	33
2.6. Faayidaa Afoolaa Kitaaba Barataafi Barnoota Afaanii Keessatti	33
2.7.Rakkoolee Afoolaan Afaan Barsiisuu Keessatti Mul’atan.....	35
2.8.Malleen Afoolaan Afaan Barsiisuu.....	36
2.8.1.Mala Dhiheenya Afaanii Bu’uurreffate (Language Based Approach).....	36
2.8.2. Mala Dhiheenya Ogummaa Afaanii Bu’uurreffate (Language Skill Based Approach)	37
2.8.3. Mala Dhiheenya Kalaqaa (Creative Methology).....	37
2.9. Haala Afoolli Kutaa Barnoota Afaaniitiin Filatamuuf Ittiin Dhiyaatu	38
2.10. Amalaafi Gosoota Gilgaalota Afoola Tokko Keessaa Qophaa’uu Danda’anii.....	40
BOQONNAA SADI: MALA QORANNOOFI MEESHAALEE FUNAANSA	
ODEEFFANNOO	41
3.1. Mala Qorannichaa.....	42
3.2. Irraawwatamtoota Qorannichaa	42
3.3. Iddaattoo	42
3.3.1. Filannoo Kitaabaa	43
3.3.2. Filannoo Mana Barnootaa.....	43

3.3.3. Filannoo Daree Barnootaa	43
3.3.4. Filannoo Barsiisotaa.....	44
3.3.5. Filannoo Barattootaa.....	44
3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo	44
3.4.1. Sakatta’a Kitaabaa	44
3.4.2. Afgaaffii.....	44
3.4.3. Daawwannaa Daree	45
3.5. Mala Odeeffannoo Qaaccessuu.....	45
BOQONNAA AFUR : QAACCESSAAFI IBSA ODEEFFANNOO	46
4.1.Qaaccessa Odeeffannoowwan Kitaaba Sakatta’uun Funaanaman.....	46
4.2. Qaaccessa Odeeffannoo Sakatta’a Yaadannoo (Daftara) Barattootaa.....	57
4.3. Qaaccessa Odeeffannoowwan Afgaaffiidhaan Barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Roophii Irraa Argame	58
4.4. Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barattoota Kutaa Kudhanaffaa Mana Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Roophii Irraa argame	60
4.5. Qaaccessa Odeeffannoowwan Daawwannaa Dareetiin Argame	61
BOQONNAA SHAN: YAADA GOOLABAAFI YABOO	63
5.1. Goolaba.....	63
5.2. Yaboo.....	65
Wabiilee.....	60
Dabaleewwan.....	64

Baafata Tarree Gabateewwanii

4.1.1. Gabatee Faca'iinsa Afoolaa Kitaaba Keessatti Argamanii Mul'isu	41
4.1.2. Gabatee Afoolaan Kitaaba Keessatti Ogummaa AfaaniiGurguddoo Barsiisuuf Dhiyaachuu Agarsiisu.....	44
4.1.3. Gabatee Gilgaalonni Afoolaa Ogummaa Afaanii Gurguddoo Keessaa Irra Caalaa Kamirratti Akka Xiyyeeffatu Agarsiisu	45
4.1.4. Gabatee Amala Gilgaalota Afoolaa Dhiyaatanii Mul'isu	47
4.1.5. Gabatee Afoolli Sadarkaa,ogummaa Afaanii,Aadaafi Jireenyaa Qabatamaa Barattootaa Madaaluu Mul'isuu	48
4.1.6. Gabatee Kitaaba Keessatti Malleen Afoolaan Afaan Barsiisuu Dhiyaate Mul'isu	50
4.1.7. Gabatee Mirkaneeffannoo Odeeffannoo Daawwannaa Daree Mul'su	55

Hiikkaa Jechootaa

Aara galfii -----	boqonnaa,tasgabbii,bohaartii
Binoo -----	gosa tapha ijoollee
Daraan -----	haalaan,gad fageenyaan,sirritti
Dilbii -----	waan guddaa,heddumina qabu
Faloo -----	furmaata,mala
Galii -----	galma,kaayyoo,waan karoofatame
Gootomsuu -----	onnee itti horuu,kakaasuu,sissi'eessuu
Hammaaramee -----	woraabbamee,fuudhamee
Himafaani -----	waan barreeffamaan osoo hin taane afaaniin dubbatamu /himamu
Hurruubuu -----	gochaan dhiyeessuu
Jamaa -----	garee namootaa,ummata
Jigii -----	daboo, guuza
Jimmaa jimmittee -----	Akaakuu tapha ijoollee
Kuusuu -----	olkaa'uu,walitti qabuu
Labata -----	dhaloota
Mankuusa -----	walitti qabaa,qindeessaa
Miliquu -----	yaaddoo keessaa bahuu,boqonnaa qalbii
Mukuu -----	nuffii,dadhabbi,yaaddoo
Ofarguun -----	of ilaaluun,ofmadaaluun
Ofonnachiisuu -----	ofkakaasuu,si'aayuu
Ogafaan -----	afoola,ogummaa afaanii
Qara -----	boca ,akka waa beekan godha
Raagamtaa -----	waa'ee amantii kan seenessu
Si'eessuu -----	kakaasuu,jajjabeessuu
Waan goda godoo -----	Gosa tapha ijoollee
Warra dhidhimaa -----	warra dhihaa

BOQONNAA TOKKO : SEENSA

1.1. Seen – Duubee

Sabni Oromoo afaan isaa afaan barnootaa osoo hin ta'in dura qarooma isaa dhalootaa dhalootatti afoolaan dabarfataa asgahe. Yaada kana hayyoota adda addaa ragaa bahan keessaa muraasa yoo ilaalle, afoolli ogbarruun osoo hin turin dura kan tureefi eenyummaa hawaasa tokkoo ibsuuf kan bu'aa qabuudha. Sababnisaas, afoolli qabeenya hawaasaa ta'utti dabalee haala jiruufi jireenya hawaasaa kan calaqqisuudha. Falaasamniifi ergaan walfakkaataan afoola hunda keessa jiran duudhaawwan nama tokkorraa nama birootti barreeffamaan osoo hin taane, gochaafi yaada sammuu kan hawaasa tokkoo isa birootti lufanii asgahaniidha jechuun Beekan (2015:9) ibseera. Yaada kanarraa kan hubannu afoolli hojii kalaqa sammuu namaa keessaa tokko ta'ee, kan osoo ogbarruun barreeffamaa hin jalqabin dura yeroo dheeraadhaaf seenaa jiruufi jireenya ilmaan namaa wajjiin ture ta'uusaati. Geetaachoo (2009:141) waa'ee faayidaalee afoolaa yoo ibsu, "Afoolli faayidaalee heddu qaba. Isaan keessaa ,aara itti galfachuu, ittii bashannanuuf ,akkasumas aadaa, duudhaa, seenaa, amantaa, kabajaafi jireenya hawaasaa ibsa. Kana malees, ogbarruufis madda" jedha. Akkuma yaada armaan oliirraa hubatamutti afoolli bashannansiisuufis, seenaafi duudhaa hawaasa barsiisuufis akkasuma immoo darbee ogbarruu ammayyaatiifis bu'uura yookaan ka'umsa ta'uusaa ifatti mul'ata. Yaaduma kana deeggaruudhaan Baddiluu (1996:6) Brumfit fi kanneen biroo (1986) wabeeffachuudhaan keessattuu biyyoota guddataa jiraniif ogbarruun sirna barnootaa isaanii keessatti hammatamuun guddinaaf gahee guddaa qabaachuusaa ibsa. Haaluma walfakkaatuun Beekaan (2015:8) Owusu, Guunterfi Abdullahi A. Shongolo jedhaman wabeeffachuun akkas jedha. "Afoolli Afrikaa warra dhidhimaan hakuucmaa jala akka tureefi aadaa mataa isaanii barumsa keessa galchuun babal'ifachuuf akka carraaqaa turan nu hubachiisu" jedha.

Dabalataanis, hawaasni tokko qarooma isaa keessatti aadaa, amantiifi siyaasa isaa dagaagfachuuf afoolaan dhimma bahaa ture. Kanas Beekan (2015:8) yoo ibsu:

Afoolaafi sabboonummaa Chaayinaa keessatti hawaasni Chaayinaa aadaa, siyaasaafi amantaa mataa isaanii dagachuun warra dhidhimaarratti hirkatanii turan. Haa ta'uu malee, booda humna afoola isaanii keessa jiruun ofarguun gara eenyummaa isaaniitti deebi'anii jiru. Kunis kan ta'uu danda'e afoolli isaanii kan eenyummaa isaanii keessatti mul'atu haala adda addaan barreeffamaan qopheessuun ummata isaaniif raabsuun erga dammaqsaniiti. Kunis, eenyummaan saba tokkoo humnaan dhokatullee

afoola isaa keessaa baduu akka hindandeenye gama sanaanis of calaqqisiisuun akka danda'amu ergaa namaaf dhaamuusaa mirkaneeffanna.

Afoolli gooroowwan yookaan dameewwan gara garaa ofjalaa qaba. Dameelee kanneen keessaa muraasa yoo ilaalle durdurii, hiiiboo, tapha ijoollee, faaruu loonii, geerarsa, mammaaksa, weelluu, sirboota jaalalaa, eebba, abaarsa, ciigoofi kkf ofkeessatti hammata. Gosoonni afoola Oromoo kunneenis muxannoofi duudhaa ittiin bulmaata saba Oromoo waan calaqqisiisaniif barattoonni ogummaa afaanii akka gabbifataniif gahee guddaa taphatu. Yaada kana ilaalchisee toora interneetii (language inindia.com) jedhurratti afoolli ogummaa afaanii hundayyuu ittiin barsiisuuf sirritti filatamaa akka ta'e ibsama. Gama birootiin hawaasni haala jiruufi jireenya isaa karaa afoolaatiin dhaloota irraa dhalootatti waliif dabarsaa kan deemu ta'uusaa nu hubachiisa. Sabni Oromoo immoo keessumattuu afoolaan haalan kan badhaadhe waan ta'eef jiruufi jireenya isaa guyyuu afoolatti fayyadamee ibsata. Oromoon seenaa, afaan, aadaa, bulchiinsa, gootummaafi qarooma mataasaa qabu kun wantoota kanneen harka caalaa isaa afaan sabichaa afaan barreeffamaafi barnootaa osoo hin ta'in dura afoolaan dhalootaa dhalootatti dabarfataa ture. As dhiyeenya kana immoo afaanichi erga afaan barnootaafi ogbarruu ta'ee, afoolli barnoota afaaniifi kitaaba afaanii keessatti ogummaa afaanii gabbisuuf itti fayyadamaa jiraachuun beekkamaadha. Afoola kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoofi barnoota afaanii keessatti hammatame qaaccessuun immoo hanqinaalee mul'atan ifatti mul'isuun furmaata kennuun ogummaa afaanii barattootaa gabbisuufi barattoota si'eessuun barnootatti kakaasuun akkasuma immoo afoola sabichaa barreeffamaan kuusuu keessatti faayidaa guddaa kan kennuudha.

Afoolli Oromoo guddina barnoota afaanichaaf iddoo olaanaa qaba. Barattoonni ogummaawwan dhageeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, caaslugaafi ogbarruu gadi fageenyaan xinxalluun ogummaalee kanniin akka gabbifataniif gaheen afoolli taphatu guddaadha. Kaayyoowwan kunniin gama afoolaatiin walqabachuun qabiyyee kitaabichaafi barnoota afaanii keessatti haalli isaan ittiin qindaa'an, gahumsiifi hanqini mul'atu ifatti bahee kan qaaceffamuufii hanqinaaleef yaada furmaataa jalatti kallattiin fooyya'iinsaa nikennama.

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas faayidaa afoolli ogummaa afaanii gurguddoo gabbisuuf kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa sakatta'uun qaaccessuudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uudhaaf kitaabni barataa kun kan maxxansa jalqabaa bara 2005/2012 qophaa'uun hanga ammatti tajaajila kennaa jirutu qaaceffameera. Daftarri (yaadannoon) barattoota sakatta'ameera. Afgaaffiifi daawwannaan darees taasifameera.

1.2. Ka'umsa Qorannoo

Gosoota fooklorii keessaa afoolli isa tokkoo ta'ee, kan hawwaasni Oromoo bashannaanaafis ta'ee, ijoollee barsiisuuf galgala gargaaramaa tureefi ammas dhimma itti bahaa jiruudha. Kun immoo faayidaan afoolaa beekkamee sirna barnoota afaaniifi qophii kitaaba afaanii keessatti hammatamee osoo jiruu hojiirra oolmaa irratti yeroo ammaa kana laafaa dhufeera. Haaluma walfakkaatuun hawaasni afoolatti fayyadamuun yaadaafi ergaa barbaade ittiin haa ibsatu malee, hawaasni hundi bifa walfakkatuun faayidaa inni jiruufi jireenya keessatti qabu adda baasee beekuu irratti hubannoo ga'aa hin qabu. Kanaafuu, afoolli akkuma bara durii ummanni Oromoo ilmaan isaa ittiin barsiifataa dhufe sanitti yeroo afaan sabichaa afaan barnootaafi ogbarruu ta'e kanatti immoo haalaan qo'atamuun sirna barnootaa keessattuu, barnoota afaanii keessatti hammatamuun yoo sirritti dhimma itti ba'ame bu'aan inni fidu olaanaadha.

Qaaccessa afoolaa ogummaa afaanii afran gabbisuu kanarratti qorannoo akka geggeessuuf qoratihaaf ka'umsa kan ta'e ; afoolli Oromoo akkuma hawaasa keessatti faayidaa qabu akkasuma immoo ogummaa afaanii barattoota gonfachiisuuf gahee guddaa osoo taphatu xiyyeeffannoon qophii kitaabaa, barsiisotaafi barattoota biratti laafinna qabaachuusaati. Daaluu (2012:2-3)Fiqaadee(1991:41) wabeeffachuun yoo ibsu:

waa'ee xiyyeeffannoo afoolaa fookloriin madda beekumsaa ta'uu beekuudhaan qaamni mootummaas ta'ee mit-mootummaa hanga ammaatti akka sirnaan qo'annoo irratti gaggeeffamu taasise hin dhalanne. ... kunis haala afoola Oromootti yoo finnu, hawaasni Oromoos kanneen hin baratin (illiterate) qofa osoo hin ta'in kanneen baratanis afoolli jiruufi jireenya biroo keessattis ta'ee barnoota afaanii keessatti gumaacha olaanaa qabaachuusaa waan sirritti hubatanii xiyyeeffannaa itti kennan hin fakkaatu.

Ogummaa afaanii afran akka gabbifataniif qabiyyeen afoolaan kitaabicha keessatti dhiyaate barattoota si'eessuun ka'umsa kan itti horu akka ta'uuf xiyyeeffannoon guddaan kennamuufii qaba.

Kana malees, yeroo ammaa kana dhiibbaa teekinoolojiitiin ammayyoomne jechuuufi kanneen kana fakkaataniin gosoonni afoolaa tokko tokko dagatamaa jiru waan ta'eef, kitaaba barnootaa keessa galuun immoo, afoolli qaroomni ummata Oromoo kun akka hinbanneefis gargaarsa godha waan ta'eef qorataan qorannoo kana akka gaggeessuuf kakaaseera.

Akkuma beekamu aartiin saba tokkoo sabicha bakka bu'ee dubbata. Dhimmi afaaniin dubbatamu gara barreeffamaatti yoo dhufe immoo, nuti dabarrus bakka keenya bu'ee dhaloota itti aanuuf ergaa hin banne ta'ee jiraata. Afoolli Oromoo beekumsa hammaaramee hin dhumne ofkeessaa qabu kun immoo aartii ykn ogbarruu Oromootiif faayidaa guddaa qaba. Dhaloonni kun kitaaba dubbisuun qeequufi seenaa darbee beekke kan har'aa immoo xiinxaluufi hubachuu qaba. Afoolli Oromoo qabeenyummaan (abbummaan) isaa saba Oromoo ta'ee ummata harka jiru kun hammam kitaaba afaanii keessatti galuun dhaloota barsiisaa dhalootaa dhalootatti akkuma afaaniin daddarbaa ture kitaaba barnoota afaan Oromootiin daddarbaa jiru ilaaluun qaaccessuun baay'ee barbaachisaadha.

Walumatti qabaan afoolli qarooma (kalaqa) dhaloonni Oromoo afaaniin dhaloota irraa dhalootatti dabarsaa ture waan ta'eef qarooma ummataa kana barnoota afaanii keessatti galchuun yoo itti dhimma baane waan filannoo hin qabneefi daraan deeggaramuudha. Guddini afaan tokkoo kan mirkanaa'u yoo gama hundaan irratti hojjatameedha. Kanarraa ka'uun afoolli Oromoo kitaabicha keessatti dhiyaate haala kamiin dhiyaate, maaltu irraa hafe, akkamitti osoo dhiyaatee dandeettiiwwan afaanii gabbisuuf filatama kanneen jedhaniif qorataan qorannoo kana kan gaggeessuudha.

1.3.Gaaffilee Qorannichaa

Gaaffileen qorannoo kanaan deebii argatan jedhamanii yaadaman kanneen armaan gadiiti.

1.Afoolli kitaabicha keessatti dhiyaate ogummaa afaanii kam gonfachiisuu irratti xiyyeeffate?

2.Gooroowwan afoolaa kitaabichaa hangam fedhii, sadarkaa,muuxannoo

jireenyaa,dandeettii afaaniifi kkf barattootaaf yaada keessa galchuun qophaaye?

3.Faayidaan afoolli barnoota afaanii keessatti qabu maali?

4.Afoolaan ogummaa afaanii barsiisuu keessatti rakkoo akkamiittu mul'ata?

Qorannoon kun gaaffilee afran armaan olitti dhiyaataniif deebii kan kennu ta'a.

1.4.Kaayyoo Qorannoo

1.4.1.Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroon qorannoo kanaa, faayidaa afoolaa ogummaa afaanii gurguddoo afran barsiisuu kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa keessatti xiinxalluudha.

1.4.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:

- Gosoota afoolaa qabiyyee kitaabicha keessatti dhiyaate adda baasuu;
- Afoolli Oromoo kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti dhiyaate ogummaa afaanii gonfachiisuu irratti xiyyeeffachuufi dhiisuusaa adda baasuu;
- Gooroowwan afoolaa kitaabichaa fedhii, sadarkaa, muuxannoo ,dandeettii afaanii, jireenyaafi kkf barattootaaf hangam yaada keessa akka galche adda baasuu;
- Rakkoolee afoolaan afaan barachuu keessatti mul'atan sakatta'uun yaada furmaataa eeruu

1.5.Faayidaa Qorannichaa

Akka qorataan qorannoo kanaa itti amanutti (yaadutti) bu'aan qorannoo kana irraa argamu; bifa qoratameen kitaaba barnootaafi barnoota afaanii keessatti hojii irra yoo oole:

- kaayyoo barnoota afaanii galmaan gahuuf faayidaa guddaa qaba. Barsiisaan afoolatti dhimma bahuun ogummaa afaanii yoo barsiisu barattoonni fedhiifi kaka'umsa horachuun afoolan kaayyoon barnoota afaanii akka galma gahuuf nigargaara.

- Barattoonni manatti afoola maatii irraa baratan saniin walqabsiisuun kitaabicha keessatti yemmuu baratan kaka'umsaafi fedhii horatuun afoolatti daraan dhimma bahuun ogummaa afaanii akka gonfataniif isaan cimsa.
- Biiroo Barnoota Oromiyaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10^{ffaa} keessa deebiin yemmuu qopheessu bu'aa qorannoo kanaa waliin deemuun kitaabni barnoota Afaan Oromoo kun afoolaan dandeettii afaanii haala gaariin gabbisuuf akka qophaa'uuf qorannaan kun gumaacha nitaasisa.
- Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa bu'aa qorannoo kanarraa argamu ilaaluun ga'ee afoolli qophii kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti taphatu hubachuun afoola ummataa sassaabuun sirna barnootaa keessatti cimee akka galuuf hojii isaaniitti jajjabeessuu danda'a.
- Afoolli akkuma beekamu afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa dhufe ogeeyyonni fookloorii irratti qooda fudhachuun kitaaba barnoota afaanii keessa yoo galu afaaniin labataa labatatti darbuu cinatti barreeffamaan akka darbu godhamaa jira waan ta'eef, kunis bu'aa qorannichaa ta'uu mala.
- Kan dhumaa immoo, namoota waa'ee qaaccessa afoolaa ogummaa afaanii gurguddoo gabbisuu keessatti kitaaba barnoota Afaan Oromoorratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif yaada ka'umsa akka ta'us ni eeggama.

1.6. Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa irratti kan xiyyeeffateedha. Kunis dameewwan afoolaa barnoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 10^{ffaa} irratti dhiyaate kamiiniyyuu nihammata. Sababni facaa'iinsiifi argamiinsi afoolaa kitaabicha keessatti ogummaa afaanii cimsuu irratti qaban waan fuulleffateef yoo ta'u, kitaabilee kutaa biroo hin dabalatu. Sababni kitaabni kutaa kudhanaffaa filatameef sadarkaa lammaffatti kitaabni kutaa kudhanii gosoota afoolaa heddu kan hammate waan ta'eef. Qorannoo kana keessatti silabasiifi qajeelchi barsiisaa yoo dabalame immoo nibal'ata waan ta'eef yeroo qabu waliin deemu irratti gufuu ta'uu danda'a jedhamee waan yaadameef kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa qofa irratti daangeffame. Kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kana qorataan kan irratti daangeffamee qaaccessu gooroowwan afoolaa kitaabicha keessatti jalqabaa hanga dhumaa ka'e tartiibaan kan xiinxalluudha. Kunis haala ogummaalee afaanii jiran kitaaba keessatti barsiisuuf dhiyaate kaasuun iddoo hanqini

(yarinni) mul'atutti kan ta'uu qabu kallattii kaa'uun kan qoratamuudha. kitaabni kunis kan bara 2005/2012 qophaayuun hanga ammaatti hojiirra jiruudha.

1.7.Hanqina Qorannoo

Qorannoo gaggeeffamu kam keessattuu hanqinni jiraachuu danda'a. Qorannoon kunis adeemsaaf bu'aa bahii heddu keessa darbee sadarkaa kana gahuun xumurameera. Haaluma kanaan hanqinni muraasni as keessatti mul'atan nijiru. Afaan Oromoo erga afaan barnootaafi ogbarruu ta'ee waggoota gabaabduudha . Yeroo gabaabaa kana keessatti ammoo, hojiileen ykn qorannoowwan afaanichaan hojjetamanii qorannoo kanaaf tumsa gochuu danda'an daran muraasa. Kun ammoo, qorataan jechootaafi wabiilee adda addaa akka barbaadetti fayyadamuuf gufuudha. Kana malees, iddoon barumsaafi iddoon qorannoo walirraa fagaachuunis hanqina tokko ture.Hanqinni biro hanqina baajataafi yerooti. Kanaaf, qoratichi hanqinoota kanneen hunda wal-dandeessisee jechuunis, hanqina jechoota teknikaafi kitaabilee wabiitiin mul'atan hojiilee hojjetaman hamma argaterraa sakatta'uufi muuxannoo offiisaatii qabu gargaaramuun qorannoo kana gaggeesseera. Akkasumas, hanqina gama walirraa fageenya iddoofi gama yerootiin mul'atuufis waan hojjechuuf deemu sana itti karoorfatee (wixineeffatee) akkaataa sagantaa isaatiin keessa bahee jira.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana jalatti yaaxxinaalee faayidaa afoolli dandeettiiwwan afaanii gabbisuufi kitaaba barnoota afaaniifi daree barnoota afaanii keessatti qaburratti qorannoowwan adda addaa gaggeeffameen yaada hayyoonni kennantu barruu firoominna qabanii gadi fageenyaan sakkatta'amuun kan dhiyaateedha.

2.1.Yaadrimeewwan Afoolaa

Afoolli damee ogbarruu keessaa isa tokkoofi guddaa ta'ee dhaloota irraa dhalootatti kan afaaniin darbaa dhufeedha. Waa'ee maalummaa afoolaa Melakneh (2006:11) yoo ibsu, afoola jechuun ogafaan dhalli namaa yookaan afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufeedha. Kunis, kan ofkeessatti hammatu: afseena, durdurii, mammaaksa, hiibboo, ateetee, sirbootafi afwalaloowwan garaagaraa kanneen jiruufi jireenya hawaasaa keessatti akka sirna bulmaataafi faayidaa adda addaaf oolaniidha. Afoolli hojii kalaqaa hawwata miiraa qabuufi midhagina gonfateedha. Afoolli hojii kalaqaa bifa walalootiin (as a poem) yookaan bifa hololootiin (as a prose fiction) dhiyaatu ta'ee, kan namoonni ogummaa waa kalaquu qabaniin uumaniidha. Qabeenyummaan afoolaas kan uummataati. Haaluma walfakkaatuun Beekaan (2015:12) Okpewho (1992:3) wabeeffachuun yoo maalummaa afoolaa ibsu, himafaani ogbarruu afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbu jedhee ibsa." *It simply means literature delivered by word of mouth.*"jedha. Kana keessatti wanni hubatamuu qabu, yeroo dhalootaa dhalootatti afaaniin daddarbu kana teknika adda ta'e kan mataa isaa qabaachuusaati. Afoolli hiibboo, qoosaa, harraba xaxxuu, mammaaksa, geerarsa weedduufi durduurii afaaniin dhiyaatu ta'uu isaa Beekaan (2015:13) Okpewho (1992:3) wabeeffachuun ibsa. " *Oral literature which comprises riddles, puns, tongue twisters, proverbs, chants, songs and stories presents only the verbal aspect of folklore.*" jedha.

Gama biraatiin Dastaan(2002:59)Abarraafi warroota biroo (1995:IX) wabeeffachuun " Afoolli maalummaa saba tokkoo kan himan keessaa isa guddaadha." jedha. Yaanni kunis afoolli eenyummaa saba tokkootiin walitti hidhamiinsa guddaa qabaachuusaa nu hubachiisa. Akkuma yaada beektota kanneenii irraa hubachuun danda'amutti afoolli jiruufi jireenyaafi muxannoo saba tokkoo qabatamaan kan calaqqisiisuudha.

Afoolli dubbii afaaniin yeedaloon kennameefii yookiin osoo hinkennamiin kalaqaafi ogummaa dhimma hawaasummaa adda addaa irratti xiyyeeffatuudha. Haala kanaan aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa walumaagalatti qarooma jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabuudha. Ogummaan kun hawaasni bara duriitii kaasee beekumsaafi muuxannoo kuufataa ture ofkeessatti hammateera. Kunis, jireenya hawaasaa keessatti sochii godhamuun bu'aa bahii jireenyaa, mudannoowwan gara garaa, rakkoowwan isaan mudatan bira darbuudhaaf qabsoo godhamu keessa uumamaa deemu. Afoolli keessumaayyuu hawaasa qubeetiin barreessuu hineegalle biratti waa'ee addunyaa keessa jiraatanii ibsuuf, ilaalchaafi beekumsa jiru dhaloota dhufuuf dabarsuu keessatti gahee guddaa taphata. Afoolaan gargaaramee hawaasni,eenyummaa ofii beeksisa; dhuftee hidda dhaloota isaa seenessa; waa'ee jireenya waliigalaa irratti falaasama qabu ibsata. Aadaafi duudhaan ofii kan ittiin tursiifamus afoolaan. Gaddaafi gammachuu, hawwii, abdi, jibbaafi jaalala,injifachuufi injifatamuu, deeggarsaafi mormii, hunduu afoolaan ibsamu; afoola keessa jiru. Kanafuu, afoolli mankuusa jiruu jireenyaafi beekumsaati jechuun nidanda'ama. Seenaan dalagame tokko labata itti aanuuf akka lufuuf, sanyiin isaaniis itti fufiinsa akka qabaatu afoolaan mirkaneeffama. Duudhaa hawaasaa gaarii ta'ee, fudhatama qabaatee,kabajamee akka jiraatu, badaa (fokkisaa) kan ta'e ammoo akka dhabamu yookiin dhorkamuuf afoolaan dhimma bahama. Hawaasa tokko irra balaan yoo gahu, (beela,godaansa, waraana, dhukkubaafi kkf) afoolaan ibsama; ittiin yaadatama. Balaawwan mudatan kunneen irratti hawaasichi ilaalcha akkamii akka qabu miidhaan irra gahe hammam akka cimuu afoolaan qindaa'ee labata dhufuuf lufa. Kanaaf , afoolli sirna barnoota afaanii keessatti qophaa'uun dandeettiiwwan afaanii ittiin barsiisuuf faayidaa olaanaa qaba.

Finnegan (1976)fi Bukenya(1994) akka ibsanitti, afoolli akkuma maqaan isaa agarsiisutti ogummaa durdurii ta'ee,afaaniin dubbatamuun dhalootaa gara dhalootaatti karaa afdubbiitiin kan darbu ta'uu isaa ibsu. Afoolli kalaqa namoota durii barnoonni jabanaa osoo hin jalqabin kan jiraachaa turan ta'uu yaadni kun ni jabeessa.Waa'ee seenaa jalqabbii afoolaa Malaknen (2006) afoolli seenaawwan adda addaa kanneen qalbii namaa fannisan ofkeessaa qabu fookiloorstootaan jaarraa 19^{ffaa} waliitti funnaanamaa akka turan ni ibsa.

Amos (1979:430) Brumfit wabeeffatee afoola yemmuu ibsu, “Golba ittiin uummanni afaan tokko dubbatanii walitti dhufan daawwitii aadaa isaaniifi ilaalcha yookaan

yaada maalummaa isaanii agarsiisuudha”jedha. Bifa walfakkaatuun Austin (1994:85), “Ogafaan handhuura yookaan walfakkeenya daandii jireenyaafi lubbuu aadaa uummataati” jedha. Gama bu’aa uummataa mul’isuufi eegsisuutiin ilaalcha walii galaa uummaticha addunyaa keessa jiraniif qabu ibsa. Akkasumas, riqicha ittiin jireenya isaanii guyyaadhaa gara guyyaatti yookiin fuulduratti sussuku ta’aaf.

Afoolli hangafa hojilee kalaqaa, hangafa yaada ilmoo namummaa, hawaasni yaada sammuu fi mararfata aadaa ittiin ibsuu eegale. Bifa ogbarruu umrii dheeraa qabuufi yeroo dheeraa tajaajilaa ture. Afoolli yaada sammuu ilmoo namaa, kalaquu danda’uu isaa, haala kanaan kalaqees akka namoonni biraa hubatan godhuu danda’uu isaa hubachiisa. Sammuun namaa haala adda addaan yaaduu akka danda’u mul’isa. Fedhiifi jaalala ilmoo namaa seenaa kalaquufi himuuf qabuu agarsiisa. Haala kanaan dhalootaa dhalootatti afaaniin dabraa dhufe. Boswell fi Reaver (1962: 16) yaada kana haaluma armaan gadiitiin ibsu:

We can allow ourselves a contradiction, and say that there was a kind of literature before literature. Some of the materials of literature, the thoughts, must have been created long before they were written down. We can fancy-- and without fancy there would not much literature worth reading --- that our distant fathers who lived in caves sat round the fires and told stories about wild animals they had met, about their exploits in combat with neighboring tribes, and mysterious tales, "myths," as we call them, about the gods of forest and stream.

Yaada walii galaa olitti ibsaman irraa akkuma hubatamutti, bal’inaafi gad fageenyi aadaa ummata tokkoo kan ibsu yookaan beekamu afoola keessatti, darbees afoolli guddina hawaasichaaf hundeedha. Kanaafuu, dhimmoonni hawaasummaa martinuu afoola keessatti ibsamu. Akkuma kanaan afoolli yookiin gareewwan afoolaa qabiyyee ummataa waan ta’aniif barbaachisummaafi bu’a qabeessummaa isaanii kan ilaalluudha. Kanaafuu hiika gareewwan afoolaa hubachuuf haalaawwan qabatamoo isaan itti hawaasa tajaajilan beekuun barbaachisaadha. Dhimma kanarratti Amos,(1975:186) akkas jedha. “*Since folklore process takes place in the social situations, it’s necessary to discern the perceptible attributes of the communication as the number of community perceive them.*” Kana jechuun afoolli kan dubbatamu haalaawwan hawaasummaa keessatti waan ta’eef, akkatti ummatichi adeemsa walqunnamtii keessatti dhimma bahu beekuun barbaachisaadha.

2.2.Faayidaafi Amaloota Afoolaa

2.2.1.Faayidaa Afoolaa

Afoolli faayidaa hedduu akka qabu beektonni adda addaa ni ibsu. Daalu (2012) Geetaachoo (2009:141) waabeefachuun waa'ee faayidaa afoolaa yoo ibsu, "Afoolli faayidaa hedduu qaba, isaan keessaa muraasni: haara itti galfachuuf, itti bashanachuuf, aadaa, duudhaa, seenaa, amantaa, kabajaafi jireenya hawaasaa ibsa jedha. Kana malees, labata boriif madda ta'ee tajaajiluusaa ibseera. Ammas Daaluu (2012:1) Baddiluu (1996)fi kan biroo wabeeffachuudhaan biyyoota guddachaa jiraniif ogbarruun sirna barnoota isaanii keessatti hammatamuun isaa guddinaaf gaheen inni qabu ol'aanaa ta'uu isaa ibsa. Afoolli kan ilmoo namaa walitti fiduufi tokko godhu ta'uu isaa mul'isuuf Bukenyan akkas jedha:

If literature then is the expression of a society's values-- its art, both material and moral, its aspirations and frustrations, its songs of joy and sorrow, its tragedies, in short the some total of a society's reality and creations, then a lot that literature is oral and only a part of it is written, even in the societies that have a long tradition of writing because it is impossible to commit to writing the totality of the society's dynamics. (Bukenya, et al 1994:97).

Afoolli dubbii afaaniin yeedaloon kennameefii, yookaan otoo hin kennamin kalaqaafi ogummaa dhimma hawaasummaa adda addaa irratti kan xiyyeefatuudha. Haala kanaan aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa, qaroomaafi (wisdom) jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabuudha. Ogummaan kun hawaasni bara duriitii kaasee beekumsaafi muxannoo kuufataa ture of keessatti hmmateera. Kunis, jireenya hawaasaa keessatti sochii godhamuun bu'aa bahii jireenyaa, mudannoowwan gara garaa, rakkoolee isaan bira darbuudhaaf qabsoo godhamu keessa afoolli uumamaa deema. Afoolli keessumaayyuu hawaasa qubeetiin barreessuu hin eeggalle ykn kan afaan isaanii afaan barreeffamaa hin taaneef waa'ee addunyaa keessa jiraniif ibsuuf, ilaalchaafi beekumsa jiru dhaloota dhufuuf dabarsuu keessatti gahee guddaa taphata.

Beektonni ogbarruu, ogbarruun barreeffamaa afoolarraa madduu agarsiisuuf yaadota kanneen eeru:

1. Seeneffamoonniifi durduriin duraan barreeffamanii argaman yaada xaxamaafi beekumsa cimaa mul'isu; kanaanis dhaloota hedduu keessa lafa jalaan kan dabraa dhufan fakkaatu;

2. Hawaasni har'a qaroominarraa fagaatee haala jaarraa duraan wal fakkaatu keessa jirus yaada ogbaruufi dandeettii kalaqaa kana qaba.

Bukenya (1994) immoo hawaasni hundi afoola qaba jedha. Walii galteen hawaasa har'a 'qaromee jira' jedhamuu harka sagaltamni afoolaan raawwata. Sirumaayyuu, uumamuu barreeffamaa qofatu hawaasa addunyaa bakka lamatti qoode malee, duraan hundi afoolaan ture jedha. Haaluma walfakkaatuun faayidaa afoolaa ilaalchisuun Mitikkuu (1991:145) yoo ibsu:

Afoola barachuun of barachuu jechuudha. Namni kamiyyuu qofaasaatti adda ba'ee hin jiraatu. "Of Beeki" yaanni jedhu dur namoota qara. Yeroo ammaatiifis nihojjata. Kuufamni afoolaa beekumsa nuyi namummaadhaan qabnu waan bal'isuuf jireenya keenya keessatti nu fayyada, gorsa nuuf kennee gammachuu keenyas nuuf guddisa. Afoola keessatti waan of taanuuf ,of beekuus ni dandeenya. Adeemsi of beekuu umurii guutuu nama wajjiin kan jiraatu yoo ta'e, namni uummataafi afoola saa beeku isa hin beekne caalaa galii isaas ni beeka. Eessaa akka maddeefi garamitti akka adeemus ni hubata. Nama ta'uun qaama dhala namummaa ta'uu waanta'eef, eenyuyyuu guutummaa dhumatti afoolarraa fagaachuu hin danda'u.

Akkuma yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti afoola gargaaramee hawaasni, eenyummaa ofii beeksisa; dhuftee hidda dhaloota isaa seenessa; waa'ee jireenya waliigalaa irratti falaasama qabuufi kkf ibsata. Aadaafi duudhaan ofii kan ittiin tursiifamus afoolaan. Gaddaafi gammachuu, hawwiifi abdii, deeggarsaafi mormii, jibbaafi jaalala, injifachuufi injifatamuu, hunduu afoolaan ibsama; afoola keessa jiru. Kanaafuu afoolli mankuusa jiruufi jireenyaafi beekumsaati jechuun nidanda'ama. Seenaan dalagame tokko labata itti aanuuf akka lufu, sanyiin isaaniis akka itti fufiinsa qabaatu afoolaan mirkaneeffama. Duudhaa hawaasaa gaarii tahee, fudhatama godhatee, kabajamee akka jiraatu, badaafi fokkisaa kan tahe immoo akka dhabamu afoolaan dhimma bahama. Hawaasa tokko irra balaan yoo gahu, (beela, godaansa, waraana, dhukkuba, dhiibbaa siyaasaafi kkf) afoolaan ibsamu; kan dhaloonni keessa darbes ittiin yaadatama. Rakkoowwan mudatan kana irratti hawaasichi ilaalcha akkamii akka qabu miidhaan irra gahe hammam akka cimuu afoolaan qindaahee ibsamuun labata dhufuuf lufa.

Maddi afoolaa mudannoowwaniifi muxannoowwan hawaasaati. Hawaasni hundumtuu (kan barnoota ammayyaa qabuufi hin qabne) afoola kan qabu yoo tahellee, hedduminaan qabeenya warra barnoota hin qabneeti. Yeroo hundummaa dhimma hawaasaa gara garaa irratti mammaaksi mammaakamu, durduriin himamu, hiibboon

ijoolleen galgala wal hiibbifatanifi taphni ijoolleen taphatamu,dhimma waaqeffannaa gara garaa irratti faaruwwan dhiyaatan, dhimma hojii misooma qonnaa waliin walqabatee weedduwwan jiran, yeroo loon bobbaasan sirbi tiksee, yeroo namni du'uu faaruu booyichaa,yeroo ayyaana waggaa, gaa'ila, gammachuu gara garaa sirboonni dhiyaatan, bakka namoonni walgahanitti baacoon dhiyaatu, afwolaloon namoonni beekkamoon walaleessan, geerarsi hojiifi ajjeechaa, afseenaan manguddoonni himan hundi afoolaan hawaasni waa'ee isaa, naannoo isaa,namootaafi addunyaa kana irratti ilaalchaafi falaasama qaban kan ittiin ibsataniidha.Namoonni dhuunfaas tahee hawaasni, afoolaan gargaaramanii jireenya keessa jiran madaalanii qeequ; deeggaru, mormu,isa darbee yaadatu, akkasuma raajeffatu, isa har'aa jiraatu, isa dhufu ittiin ofonnachiisuun ofqopheessu. Akkamitti akka uumaman ; maaliif akka uumaman qoratu. Amala namootaa ittiin hubatu. Jireenya isaaniif bu'uura kan ta'e ittiin faarfatu. Jabinaafi laafina ittiin qoratu;daa'immanii (ijoollee)fi dargaggoota ittiin gorsuun barsiifatu.Hawaasni ogummaa qabu tokko jiruufi jireenya isaa keessatti muxannoo yeroo dheeraa booda kan argateedha.Yookaan kan uumateedha. Ogummaan hunduu adeemsa jireenyaa salphaafi kan tasgabbiin guutame, kan nama gammachiisuufi naga qabeessa gochuuf kan fuulleffateedha. Egaan afoolli,ogummaa hawaasaa afaaniin dhaloota tokkorraa gara dhaloota birootti darbu akka ta'e ibsamee jira. Ogummaan hawaasaa kun eegaa faayidaa hedduuf kan ooluudha. Kutaa kana keessattis faayidaawwan afoolli qabu kan ibsamuudha.Addunyaa mara keessatti afoolli shoora olaanaa qaba. Sabaabiinsaas hawaasni hundinuu qubee gargaaramee barreeffamaan muxannoo jiruufi jireenya isaa ibsachuu hindanda'u. Kan barreessuu danda'us yoo ta'e, waan hundumaa barreessanii olkaahuun hindanda'ani.Akkasumas,hawaasni dubbisuufi barreessuu danda'anillee waan hundumaa barreeffamaan ibsachuu waan hin dandeenyeef afoolatti gargaaramuun dirqama. Karaa birootiin, afoolatti kan dhimma bahu, warra barnoota ammayyaa hinqabne qofa osoo hin taane warri qaroomneerra jedhanis afoola irraa adda bahuu hindandeenye.

... one of the few renowned scholars of African oral literature point out that oral poetry...besides serving the people in their day to day activities such as working in agricultural fields and at home,religious as well as secular feasts and ritual ceremonies,often takes the place of news among non-literate societies. (Finnegan,1976)

Yaada armaan olii irraa kan hubannu akka hayyoonni Afrikaa ibsanitti afoolli Afrikaa afwolaloo akka qabuufi kunis jireenya hawaasa sanii keessatti hojiilee guyyuu kan akka hojii dirree qonnaa, manaa, ayyaanotaafi sirna amantiitiif ummanni hin baratin afoolaan dhimma bahaa akka turani kan ibsameedha. Akkuma, meeshaa aadaa, duudhaa, seenaa, hawwii, gammachuu, gadda, qaroomina, ogummaa, walumagalatti dhugaan hawaasa tokko keessa jiru jechuunis adeemsa jiruufi jireenya kan ittiin ibsamuudha. Garuu afoolatti irra caalaa kan dhimma bahan biyyoota guddatan jedhamanii beekaman caalaa isaan guddataa jiran jedhama. Keessumaayyuu sabni Oromoo afoolaan kan badhaadhe ta'uun isaa dhugaa mul'atuudha. Akkuma beekamu sabni Oromoo yeroo dhihoo as kan inni sirna barreeffama mataa isaa hojjachuun itti fayyadamuu eegale. Sabni bal'aan kun yeroo dheeraadhaaf barreeffama mataa isaa hin qabu ture. Kun immoo gama tokkoon kan inni mul'isu, sabni kun muxannoo (ogummaa) adeemsa jireenyaa keessatti kuufate dhalootaa dhalootatti afaaniin bifa adda addaan dabarsaa turuu isaati. Egaan kun sabni ogeessi kun afoolasaa hammam bal'aafi badhaadhaa akka ta'e mul'isa. Itti dabalun, afoola saba kanaa qayyabachuun tooftaa ittiin caalatti saba kana baruufi beekuu dandeenyu ta'uun isaa ifaadha. Kanaafuu, afoola barachuus ta'ee, qorachuun hawaasa tokko caalatti haalaan hubachuudhaan seenaafi beekumsa labata irraa labatatti daddarbaa dhufe tursuuf gahee guddaa qaba. Dabalataan, afoolli ogbarruufis bu'uura cimaadha. Ogummaa afoola keessa jiru irratti hundaa'uudhaan ogbarruu ammayyaa bal'inaan dagaagsuun nidanda'ama. Biyyoonni hedduun afaan isaanii guddifachuudhaan afoola isaanii gargaaramanii ogbarruu heddu barreessaniiru. Kana irraa kan ka'e barreessitoonni hedduun, ogbarruun biyyoo afoolaa keessaa kan biqiluudha jedhu.

Afoolli faayidaa heddu akka qabu beekamaadha. Manni barumsaafi barnoonni ammayyaa harraa kun osoo hin dhufiniin dura hawaasni sammuu daa'immanii afoolaan qara, hawaasa naannoo, safuu, seeraa, kkf waliin daa'imman kan walbarsiisu afoolaan fayyadamuun. Hawaasni Oromoo bakka adda addaa jiraatu waa'ee seenaa ofii, aadaa ofii, afaan ofii afoolatti fayyadamuun daa'ima isaa barsiifata. Fakkeenyaaf, akka tapha ijoolleetti kan fudhataman hiibboon, jimmaa jimmiteen, binoo bineensaan, waan goda godoo fi kkf faayidaan isaan qaban daa'imman leenjisuudha. Faayidaan afoolli hawaasa tokkoof qabu haalaan hedduu waan ta'eef gama tokko qofaan kan ilaalamu miti. Haalli rakkisaan humna namaatii oli ta'e yeroo nama mudatu, afoolli meeshaa ittiin miliqaniidha. Namni bu'aa ba'ii

jireenyaa isa mudatu jalaa afoolaan miliqa, jireenya nuffisiisaa kolfaan irra anfachuuf, addunyaa haarawa keessa seenee gammachuun jiraachuuf faayidaan afoolli qabu haalaan guddaadha. Yaaduma kan Asaffaan (1991:137) yemmuu ibsu:

Wal'aansoon sun araaraan (harmony) xumurama. Araarri sun bu'uun bilchina sammuusaaf ,si'aayina qaamasaaf,boqonnaa qalbiisaaf bu'uura. Afoolli uumama waliin wal hammachuun kunimmoo miira miidhagaa (aesthetic perception) hawaasichaa calaqqisa. Midhaaginnichis (beauty) fedhiisaa, gochasaa, hawwiisaa, waliin jireenyasaa...kkf keessatti mul'ata.Miidhagi agadaafi hoffaa adduma adda.

Namni daangaa hawaasni isaaf kaa'e darbuu hindanda'u. Yoo darbee argame hawaasni isa qooda, fudhatamas dhaba. Garuu afoolli dhorkaa hawaasni irratti walii gale kaa'ate kana bakka itti cabsuun danda'amuudha. Kanaaf, eenyuyyuu waan garaasaa keessa jiru (hawwii, aarii, gammachuufi kkf) sodaa malee bakki itti ibsatu afoolaan akka ta'e beekamaadha.Afoolli meeshaa hawaasni tokko ofis ta'ee, naannoosaa ittiin ibsatuudha. Akkaataa uumama wantoota adda addaatti ibsa kenna. Adeemsa jiruufi jireenyaa keessatti, dhalootaa hanga du'aatti wantoonni raawwatan, maaliif akka raawwataman, akkamitti akka eegalan kaa'uun gochaawwan kunneen akka hinbanneefi dhalootatti akka darbu taasisa.

Dubbii afaaniitu beekumsaafi muuxannoo waliin ga'uurratti qooda cimaa qaba. Kun humna har'a afoolli hawaasa keenya keessatti qabu mul'isa. Afoolli Oromoo humna ammasii qabu kun garuu ammallee heddu hin qoratamne. Kanaafuu, afoola Oromoo qorachuun qaaccessuun aadaa, duudhaa, seenaa, jaalalaafi sodaa hawaasichaa hubachuufi eenyummaa isaa baruuf bu'aa cimaa qaba. Akkasumas aartii dubbii hawaasa kanaa waraabanii olkaa'uun guddina aartii boruuf baayyee barbaachisaafi bu'uura; raacitii eenyummaa isaati. Keessumaayyuu, faayidaalee gurguddoo afoolli hawaasaaf qabu haala armaan gadiin ilaaluun nidanda'ama.

2.2.1.1. Bashannansiisuufi Gammachiisuu (Entertainment and Relaxation)

Faayidaan afoolaa, guddaan tokko, bashannansiisuufi gammachiisuudha. Kana gochuunis mukuu nama baasa; dadhabbii namarraa balleessa; yaadaafi yaaddoo salphisa. Kanaafuu, miidhaa hedduu qaamaafi sammuu keenya irraa qolata. Hojii cimaafi dadhabsiisaa keessatti afoolli bifa sheekkoonis, sirbaanis, geerarsaanis ta'ee, mammaaksaan dadhabbii irraanfachiisee cimina humnaafi hamilee namatti hora; onnee namaas dadammaksa; nama jajjabeessa. Hojii sodaachisaa tokko keessattis laphee namaa kennee sodaa irraanfachiisa. Karaa kanaan, keessumaa sirbiifi geerarsi

iddoo guddaa qabu. Fakkeenyaaf, weedduu durbaa ykn arrabsoon akka dhiirri tarkaanfii cimaa amma wareegama lubbuu kafaluu geessisu akka fudhatu godha. Garmalee warraaqsuurraan kan ka'e sodaa irraanfachiisa. Geerarsi nama cimaa cimina isaan waa gonfachuu mul'isus kanneen birootti onnee hora. Ni jajjabeessas. Yaaduma kana Beekan (2015:25) akka armaan gadiitti ibsa.

Bu'aa guddaan himafaan Afrikaa hawwaasichaaf laatu sammuu bashannansiisee dadhabii baasuu isaati. Hojii yeroo hojjatanis ta'e yeroo xumuran weedduun of bashannansiisuun amala hawaasa Afrikaa keessa jiranuuti. Kanas kan taasisan lafa hojiitti mata matattis haa ta'u galgala maatii ballaa waliin ta'uu danda'a.

Haaluma yaada armaan olii irraa hubatamuun yeroo baayyee afoolli hojii cimaatti bobba'anii olaanii yoo galgala galan dadhabii nama dagachiisa. Maatiin tokko dadhabaa oolee yoo galee ibiddatti naanna'ee taa'u ykn qaanqee baatii keessa ala taa'u afoola gosa adda addaa taphachuun hawaasa Afrikaa hunda keessatti baayyee beekamaadha. Keessumaa dargaggoon namoota irraa gareen adda ba'anii fagaatanii deemuun iddoo dhoksaatti, bakka midhaan ykn dallaa eeganitti bashannanuu jaalatu. Iddoo kanatti geerarsa, hiibboo, sheekoo, mammaaksa, weedduu, weelluu kkf dhiyaachuu danda'u. Iddoo walitti dhufeenyi akka tasaa ta'e kanneen keessatti, bashannansiisuutti dabalee, gosoonni afoolaa kanneen jajjabeessuuf, gootomsuuf, hubachiisuuf, dadammaksuuf bu'aa cimaa qabu.

2.2.1.2. Fedhiifi Falaasama Jabeessuuf (Asserting Interests and Outlooks)

Faayidaan afoolli bal'inaan hawaasaaf qabu inni guddaan biroo ammoo eenyummaa hawaasichaafi walitti dhufeenya hawaasichi qabu ibsuudha. Kun garee adda ba'ee jiruufis ta'ee, lammii biyya tokkoo hundaaf ta'uu danda'a. Kanaafis, akka isaan addunyaa itti hiikkatan ykn hubataniifi isaaniif gaarii ta'een akka ibsan gargaara. Beekan (2015:25) afoolli falaasama keessattis ga'ee qabaachuusaa yoo ibsu:

Waa'ee addunyaa keessa jiratanii kana ilaalcha waliinii akka qabaataniifi eenyummaa ofii akka beekanuuf himafaan gumaachisaa guddaadha. Waa'ee samiis haata'u waa'ee addunyaa kana falaasama qaban mullisuuf himafaan akka meeshaatti hawwaasa kalaqate sana gargaara. Kanaaf fakkeenya gaarii kan nuuf ta'an kitaabota waa'ee amantii ibsaniifi durdurii uummata kuushiidha.

Ibsi tajaajila akkanaaf kennamuu danda'u. Akkuma hawaasni guddataafi babal'atee xaxamaa deemeen gareeleen fedhii adda addaa qaban uumamaa dhufu. Tokko tokkoon isaanii kun kan walitti dhufan dandeettii hojiin ykn beekumsa miseensonni

kuufama walii galaarraa fudhataniin ta'a. Fedhii garee kana eeguuf (tiksuuf), odeeffannoo afoolaa sirbaanis ta'ee, seenessaan uumuufi walii dabarsuun ni jiraata. Kun ammoo akka guutummaa hawaasaa keessatti nageenya qabaachuun isaanitti dhaga'amu isaan godha.

Dabalees, hawaasni kamiyyuu bifa uumamaa ykn addunyaa kanaa tokko kan keessa jiraatu ibsuuf tattaafata. Ibsaaleen akkanaa kunniin yeroo hedduu seenessaan dhiyaatu. Yaanni isaanii kunniinis hawaasichaafi naannoo isaaf sirriitti kan jalqabaa fakkaatee argama. Yoo yaadaaleen alaa ykn iddoo biraadhaa faca'iinsaan kan dhufan ta'e garuu hawaasichi irra deebi'ee akkaataafi jechoota aadaafi qooqa isaatti beekamaniin uuma. Isaan kunniin karaalee hawaasni tokko ilaalchaafi fedhii isaa ittiin eeggachuuf barbaadu. Haala kanaanis eenyumma isaa kan gat-qabeessa ta'eef sirriitti hundeeffatee jijjiirama seenaa dhala namaa keessa amma danda'ametti eeggachuun nageenyaan jiraachuu barbaada.

2.2.1.3. Seeraafi Heera Barsiisuu (Teaching Ideals and Conduct)

Dhaabbileen barnootaa sadarkaa adda addaa har'a guutanii jiru. Kun akka namni waa'ee jireenyaafi seeraa, akkasumas, dandeettii adda addaa itti baratuuf gargaara. Haalli kun aadaa hawaasaalee Afrikaa duraa keessa garuu hin turre. Namoonni tokko tokko dargaggoota gabaa tokko ogummaa/aartii adda addaaf, kan akka seera sagadaafi walaloolee kana wajjin deeman, ofjalatti leenjisa turan. Garuu akka manneen barnootaa har'aa wanti qindoomina qabu hin turre. Lammiilee hawaasa tokkoof waa'ee mataa isaanii, walii galaa:eenyu isaan, eessaa dhufan, walitti dhufeenya maal qabu, haala jireenyaafi amala akka uummataatti adda isaan taasisuufi kan isaan yeroo dheeraaf akka aadaan isaanii itti fufuuf eeggachuu barbaadan maal... kan jedhaniif odeeffannoo argachuun ykn kuufachuun akkamiin danda'amaaf? Akkuma beekamu odeeffannoowwan akka kanneenii gosoota afoola hawaasichaa kessatti argamu...sirboota, seeneffamoota, mammaaksaalee, hiiabboowwaniifi kkf. Kunniin karaa adda addaa dhiyaatu. Dhuunfaan haati daa'imaaf himuu dandeessi; gareen namni guddaan tokko namoota hedduuf himuu danda'a. Yookaan haati /abbaan namni guddaan gorsuuf dhiyeessuu ykn fayyadamuu danda'a. Karaalee kanneeniin xixinnaan isaanii gurguddaarraa hubataa deema. Yaaduma kana Beekan (2015:25) akkanatti ibsa:

Akkuma warri dhidhimaa mana barnootaa keessatti barattoota isaanii saayinsii barsiisan, aartistoonni Afrikaa ammoo karaa himafaanii wantoota

dhalootaaf ni barbaachisa jedhan walaloon, durduriin, seenessa waa'ee beneeyyiifi kkfn qabani barsiisu. "...so how it is possible for the citizens of a society to acquire on general or collective bases, information concerning themselves who they are, their origins and connections, their peculiar way of living behaving that identify them as people and that must be preserving for the sake of cultural community.

Yaada kenname irrayis kan hubatamu gurguddaan seeraafi heera kanneen dabarsaa, yeroo yerootti jara xixiqqaa yaadachiisaa deema. Isaan dhaga'anis jiruufi jireenya ofii ittiin qajeelfataa deemu. Faayidaa mataa isaaniifi kan dhaloota dhufuuf akka jiraatu godhu. Kanuma Bukenyaan yemmuu ibsu:

...oral literature is a valuable... experience contributing to the total, development and self-fulfillment of the person exposed to it. Oral literature imparts to the growing person useful cognitive. Performative and affective skills which enable the person to live rewarding life and to be a useful member of society. (Bukenya, 1994)

Akkuma hawaasni tokko jijjiiramuun karaan jiruufi jireenya duraanii tokko tokko wantoota haarawaan bakka bu'aa deema. Afoolli har'a agarsiifamu hedduun, ykn kanneen kitaabarratti barreeffamanii ol taa'anii arginu, jireenya dhaloota durii calaqqisiisu. Cimaa isaan gargaaraa turanis; har'a garuu dulloomoofi badoo ta'anii fudhatamuu danda'u. Agarsiisaanis daawwataniis qabiyyee wantichaa kan yaaduufi itti boonu yoo ta'ellee, har'i kaleessa miti.

2.2.1.4. Jireenya Galmeessuu (Recording Life)

Faayidaa afoolaa beekamaan tokko jiruufi jireenya dhala namaa qabee ol kaa'uudha. Tasammaa (1994:202) waa'ee kan ilaalchisee yoo ibsu:

Hawaasni dabree aadaa sanyii hin nyaanne. Tolus badus dilbii ol kaa'ee malee akka Acheben jedhu (Achebe, 1976). nutimmoo bara keenyaa dilbii isaan olkaa'an finnee sanyitti dabarre. Akka aadaatti mataarraan gad sanyii nyaachuun ganna fuudhuudha. Ganna fuudhuun immoo deeguudha. Akkamiin deegnaa egaa? Warri Orom-durii qeenteen qotanii midhaan dilbii dhaaban. Daboon qotanii daadoon haamanii jigii walii bahanii aadaas dilbii ol kaa'an.

Dhugaa himuun dirqama afoolaa miti. Garuu, dhugaarratti hundaa'ee kalaqama. Yeroo itti dhugaa himus ni qaba. Keessumaayyuu, namootaa ciccimoo beekaman isaan kanaan beekna. Cimsee isaan beeksisa. Kana malees, raawwileen adda addaa dhugaarratti xiyyeeffachuu danda'u. Geerraraan waa'ee wanta dhugaan raawwatee geeraruu danda'a. Hiibboo dhugaan amala dhugaa wantootaa hima; akka namni addaan baasus gaafata. Kanneen biroos amaloota wal fakkaatan qabu. Kanneen armaan olitti tarreeffaman hunduu akka walii galaatti faayidaa afoolaati.

2.2.2.Amaloota Afoolaa

Afoollii ogummaa hawaasaa kan afaaniin darbu akka ta'e bifa adda addaatiin hubachuun nidanda'ama. Mata duree xiqqaa kana jalatti immoo kan ilaalamu amaloota afoolaati. Amaloonni kunneenis gosoota afoolaa hunda kan ibsaniidha.

2.2.2.1.Hurruubummaa

Amalli afoolaa hunda caalaa bu'uura ta'e hurruubummaadha. Akkuma Finnegan (1970:2) jette, afoolli kan dhugoomu raawwiin. Kana jechuun ammoo hojiin afoolaa tokko, akkuma maqaan isaa ibsu, dubbiiin dhugoomuu danda'a. Kunis hawaasa keessatti waltajjii tokkorratti dhimma tokkoof dubbatama. Hayyoonni hedduun amaloota afoolaa keessaa hurruubummaan isa bu'uuraa akka ta'e amanu. Warquun (2001:8) yoo ibsu bifa itti aanu kanaan.

Afoola sochii qaamaaf sagaleeti ala dabarsuun rakkisaadha. Kan geerraru yoo jiraate kan sissi'eessu jiraachuun hin oolu, kan weellisu yoo jiraate kan jalaa qabu jiraachuun ni mala. Kan mammaaku yoo jiraate kan dhageeffatu jiraachuun dirqama. Kan jedhuuf kan jalaa qabu ykn. Kan dhageeffatu jiddutti quunnamtiin walirraa hin cinne ni mul'ata, kanaafu, afoola keessatti gochi gahee olaanaa qaba jechuudha.

Yaada olii irraa kan hubatamu yoo hurruubummaan hin jiru ta'e, afoolli jira jechuun hindanda'amu. Haalli uumama isaas ta'ee adeemsi lufummaa isaa hurruubummaa irratti kan hundaa'eedha. Afoolli kamiyyuu yoomessa hawaasummaa mataa isaa irratti hundaa'ee hurruubaatiin jamaa fulduratti dhiyaata. Kana jechuun garuu yerootti afoolli bakka jamaan hinjirretti hinhurruubamu jechuu miti. Afoola suuraafi ogummaan isaa haalaan kan goobanee mul'atu, kan kaayyoon hurruubamuufis bakka gahuu danda'u, onnee jamaas booji'uu kan danda'u kallattiitiin jamaa fuulduratti yoo hurruubameedha. Hurruubaan afoola tokkoo jamaa fuulduratti yoo dhiyaatu qalbii daawwatootaa too'achuudhaaf waan amalli afoolichaa sun eeyyamu mara raawwata. Kana irratti ogummaafi dandeettii dhuunfaa isaa ida'a. Harki, miilli, fuulli, (qaamni marti) akka waliigalaatti gahee afoola hurruubamaa jiru sun irraa barbaadu bahu. Sochiin qaamaa kunneen irraa haalli gammachiisaa, gaddisiisaa, sodaachisaa, jajjabeessaafi kkf uumamee qalbii jamaa akka harkisuuf hurruubaan heddu carraaqa. Jamaanis callisee kan daawwatu osoo hintahiin, mallattoowwan gara garaatiin ykn sagaleetiin bakka barbaachisutti duuka bu'anii hirmaannaa isaanii agarsiisu.

Hurruubummaan akka afoolaafi akka aadaa isaatti garaagarummaa qaba. Haala itti geerarsi hurruubamu, haala itti weedduun jaalalaa hurruubamu waliin tokkoo miti. Geerarsumtuu osoo ilaalamee, geerarsi ajjeesaayyuu akaakuu bineensa ajjeefamee irratti hundaa'ee garaagarummaa qaba. Ajjeesaan Gafarsaa ,kan leencaafi Arbaa irra jechoota, walaloofi yeedaloo adda taheen waan geeraramuuf garaagarummaa qaba. Haaluma walfakkaatuun, geerarsi lafoofi ajjeesaa waa hedduutiin adda tahu. Afoolli hedduun isaanii yeroo hurruubaman caalatti hiikaafi midhaagina akka qabaataniif meeshaaleen adda addaa qabatamu. Yeroo ajjeesan geerraree dhaadatu, faacha, dangashaa, eboo ykn qawwee qabata. Namni du'ee yeroo booyan, uffata, suuraa, qabannaa nama du'ee (eeboo,ulee,qawweefi kkf) nama du'e sanaa qabachuun kan baratameedha.

Walumaagalatti, afoolli humna godhatee kaayyoo hurruubamuuf sana galmaan gahuu kan danda'u qaamoleen hurruubummaa marti waliin qindaa'anii yoo dhiyaataniidha. Hurruubaa, jamaa, ogummaa dhuunfaa hurruubaa, meeshaalee barbaachisan yoomessa waliin qindaa'anii dhiyaachuu qabu. Afoolli hurruubummaa irraa addaan bahe jennaan lubbuu hin qabu. Baduus danda'a.

2.2.2.2.Jijjiirama

Jireenyi afoolaa kan dhugoomu afaan namootaatiin dubbatamuun ykn weeddifamuun waan ta'eef, walakkaan isaa ykn guutummaan guututti adeemsa keessa geeddaramuu danda'a. Warquun yemmuu ibsu:

Afoolli dhalootarraa dhalootatti yemmuu darbu afaaniin waan ta'eef akkuma uumama isaa jalqabarraa hir'achuus dabalachuus ni danda'a.Jijjiirama yeroo waliin kan deemuu danda'uudha. Kun ammoo amala afoolli qabu keessaa isa guddaa tokkoodha jechuun ni danda'ama.(Warquu,2001:8)

Yaada armaan olii kanarraas kan hubatamu namni afoola beeku tokko namaaf dhiyeessee booda yeroo biroo osoo namoota biroof isuma hurruubuufii yaalee,akka gaafa duraatti guutummaan guututti dhiyeessa jechuun hindanda'amu; kaan irra anfachuu danda'a ykn haa ta'uu jedhee kalaqa haaraa itti dabaluu bifa caalatti qalbii harkisa jedhee yaaduun dhiheessuuf yaala ykn haalli hurruubichi keessa jiru akka isa gaafa duraa waliin tokko tahuu waan hindandeenyeef waa itti dabaluu yookaan waa irraa hir'isuun hinoolu. Kun immoo afoolicha irratti gama adda addaan jijjiiramni akka uumamu godha.Gaaddisaan(1991:87) M.H.Wright,p.5 wabeeffachuun haala itti aanuun ibsa.

Oral traditios share the common characteristic of being transmitted spontaneously from one person to another and during this process the original form is lost and the content becomes fluctuating and blurred.(Gaaddisaa,1991:87)

Haaluma kanaan namoonni afoolli nama tokko irraa dhagahan, nama biraaf himuuf yoo jedhan akkasuma jijjiiramni garagaraa uumamaa deema jechuudha. Kun immoo afoola irratti jijjiiramni akka mul'atu godha. Amala afoolaa waan ta'eef, jijjiirama kana tohachuun hindanda'amu. Kanaaf, afoolli tokkichi bifa (version) gara garaatiin mul'achuu kan danda'uuf. Fakkeenyaaf, oduun durii " Hantuutaafi Adurree" jedhu yeroo adda addaafi bakka adda addaatti yeroo himamu (seeneffamu) haala adda addaan seeneffama. Oduma walfakkaatu kana namni tokko yeroo adda addaatti bifa gara garaan hurruuba. Kana jechuun garuu, qabiyyee isaa hunda gadhiisa jechuu miti. Ergaan isaa akkuma jirutti ta'ee, haala ittiin dhihaatutu jijjiirama. Qabiyyee keessaa hanga tokko hir'isuu ykn itti dabaluun dhiheessa jechuudha. Oduu durii walfakkaatu namoota adda addaa irraa yeroo dhageenyu haalli inni ittiin dhihaatu gama adda addaan kan walfakkaatu hinta'u.

2.2.2.3.Yoomessa

Jechi 'yoomessa' jedhu jechoota Afaan Oromoo lama irraa ijaarame. Isaanis: "yoom"fi "-eessa" kanneen jedhaniidha. Jechi jalqabaa (yoo) yeroo kan ilaallatu yoo tahu, akka mata duree kanaatti yerootti afoolli hurruubamu ilaallata. Jechi lammataa (eessa) bakka ykn iddoo itti afoolli hurruubamu agarsiisa. Gaaddisaa (1991:87) afoolaan kan himamu bakka hojiin adda addaa hojjatamutti, jechuunis jaarsummaa bakka namootaaf ilaalanitti, sirna gaa'eelaarratti,iddoo du'a gayiitti, namoonni walfaana bakka hojjatanittifi sirni amantii adda addaa bakka adeemsifamutti qooda fudhachuun yookiin dhaggeeffachuufi daaw'achuuni. Kana jechuunis, afoolli tokko hurruubamuudhaaf yeroofi bakka mataa isaa danda'e qabaachuu isaati. Kunis yoomessa jedhama.

Fakkeenyaaf; afoola hedduu jiran keessaa abaarsa haa ilaalluu. Abaarsi yerootti abaramu qaba. Namni dhuunfaan yoo nama yakke, dabe, miidhe, qaamni miidhame sun ni abaara. Yoo horiin (qabeenyi) namaa hatamu, namoonni biyyaa walitti yaa'anii abaaru; yoo bineensi garagaraa (booyyee, jaldeessa, qamalee, waraabessii,...) midhaaniifi horii jalaa miidhan "ilkeen badi" jedhanii abaaru. Abaarsi kan raawwatu callisaan osoo hinta'in yeroo waa uumamaniidha. Yeroo (yoom) sirni abaarsaa

raawwatus, bakki filatamee (eessa) meeshaaleen kana waliin barbaachisoo ta'anis ni qabatamu. Haaluma walfakkaatuun, yoo gammachuun jiraate (duulani mirgaan galan, fuudhaafi heerumarratti), yeroo waraanaa, yeroo dhiphuu (gaddaa), geerarsi gosa gara garaa geerarama. Afoolli hunduu yoomessa mataa ofii qaba. Geerarsi maqaan tokko haa ta'uu malee , gosa adda addaattu jira. Fakkeenyaaf, geerarsi yeroo ajjeesaa geeramuuf kan yeroo lolaa geeramu tokkoo miti. kun eгаа yoomessaan kan adda ta'an ta'uu isaanii mul'isa. Yoomessi gabaabumatti yaadrimee yeroofi bakkaa waliin walqabateedha.

2.2.2.4.Hirmaannaa Jamaa

Akkuma duraan habalakaan ibsame, afoolli kan raawwatu (hurruubamu) yoomessa dhugaa irratti hundaa'ee dhimma hawaasaa irratti xiyyeeffateeti. Gaaddisaan (1991:86-87) yoo ibsu:

Afoolli dhalootaa dhalootatti kan darbu akka ogbarruu barreeffamaan odoo hin taane afaaniin waan ta'eef kan himuufi kan dhaggeeffatu fuullee walitti bahanii haasawunii.warri dhaggeeffatu waan hin galleef gaafachuuf carraa qabaachuun alatti akka bifa afoolichaatti namicha himu wajjin weeddisuu.Harka rukutuu, deebii kennuufi kan barbaachisu hunda gochuuf ni dirqamu.Kunis afoolichi akka oo'u godha.

Asirraa kan hubannu hurruubummaan afoolaa hirmaannaa namoota bakka sana jiranii barbaada. Namoonni kunneen jamaa jedhamu. Fakkeenyaaf, yeroo namni du'u booyichi jira. Warra sagalee olkaasee wolaloo yookaan jechoota qindeessee yeedaloo itti uumee booyuun hurruubdota jechuunii dandeenya. Namoonni biroon bakka booyicha kanaa jiran immoo warra hurruubaa jiran caqasu, isaan ilaalaa, imimmaaniin, gadda fuulaatiin, yookaan mallattoo gara garaatiin hirmaannaa isaanii ibsu. Bifuma walfakkaatuun, afoolli garri caalu bakka jamaan jirutti raawwata. Taphni ijoollee adda addaa yookaan oduun durii yeroo hurruubamu gosa afoolichaa irratti hundaa'uun namoonni (jamaan) dhageeffatan jiru. Geerarsallee wal jalaa qabani wal furaa geeraran. Tokko waan gaarii hawwee halkanii guyyaa yaadaafi yaaddoon xuuxamuu mala. Haalli itti wal jalaa qaban kun garuu seeraafi dabaree qaba. Iddoofi haala sirrii ta'e eegani jidduu seenu. Gosoota afoolaa kanneen biroo keessatti haalli jalaa qabuufi hirmaachuu kun caalaatti olaantummaa qaba. Kunis haala gaaffiifi deebiin, haala yaada dabaluu, ykn yaanni ifa ta'uu baachuu mul'isuun dhiyaachuu danda'a. Namoonni dhageeffatan kunneen bifa adda addaan hirmaannaa isaanii mirkaneessu. Bakka wanti nama kolfisiisu jirutti kolfuun, bakka gaddisiisutti

ammoo gadda isaanii bifa adda addaan calaqqisiisuun, bakka hamilee kennuun barbaachisutti ammoo hamilee kennuufi kkf gocha hirmaannaa isaanii mul'isu. Isaan kun amaloota afoolaa isaan bu'uura ta'an. Walumaa galatti, dhugoomsuu afoolaa keessatti hirmaannaan caqastootaa cimaadha.

2.3. Gooroowwan Afoolaa

Gooroowwan afoolaa hayyoonni wantoota adda addaa irratti hundaa'uun haala qabiyyeefi bifiyyeetiin qoqqoodaniiru. Kanuma ilaalchisee Beekaan (2015:26)

Ogafaan qoqqooduurratti rakkoon yeroo dheeraaf tureera. Namoonni hanga tokko 'protagonist' irratti hundaa'anii qoodu. Warra kaan immoo 'faayidaa irratti hundaa'u. Kanneen biroonis madda durdurii ilaalanii qoodu. Warri hafanis yoomessa durduriin qoodu. Kanaafuu haala nama amansiisuun ogafaan qoqqooduun rakkisaadha.

Qorataan qorannoo kanaa immoo akka kaayyoo qorannoo isaaf mijatutti bifaafi unkaa (form based classification) qaban irratti hundaa'uun haala itti aanu kanaan qoqqoode.

2.3.1. Raagoowwan ykn seeneffamoota (Oral Narratives)

a. Raagamtaa (Myth)

Moggaasni 'raagamtaa' jedhu jechoota 'raagoo' fi 'amantaa' jedhaman irraa madde. Jechoota lamatu walitti camadame jechuudha. Asirratti raagamtaa yoo jennu waa'ee amantaa yookiin seenessuu yaadamu ofkeessatti akka hammatu hubachuu barbaachiisa. Jechi kun afaan Ingiliiziitiin 'myth' hiika kenname ta'uu isaa hin dagatamu. Moggaasni 'myth' jedhamu immoo jecha afaan Giriikiitii 'mythos' jedhamurraa akka dhufe qorannoon hayyootaa ni mirkaaneessa. Kana ilaalchisee kitaabni 'Encyclopedia of Anthropology' yaada armaan gaditti xuqame nuuf kenna.

The term 'myth' deriving from the Greek mythos is applied to stories culturally treated as sacred truth distinguished from legend whose truth is debatable, ... motivated by the conviction that the study of myth can reveal both substantive and structural aspects of human cognition it has received attention from various disciplinary and theoretical approaches. (1996)

Akkuma armaan olitti xuqame raagamtaan amantaa, aadaafi falaasama uummataa waajjiin walsimata. Raagamtaan gosoota barnoota adda addaafi yaaxxinaalee adeemsa qorannoo keessatti maddan wajjiin walsimateeti hiikoota garagaraa argachuu ni danda'a. Raagamtaan adeemsa waliin jireenya hawaasaa keessatti osoo seerri

barreefamaa hin uumamin dura falaasama, aadaafi w.k.f. kan ittiin walii qoodaa turan afaanin ta'uu isaati. Kana kitaaba wirtuu jildii 8^{ffaa} irratti Mulugeetaan (1999:164) yoo ibsu “*Raagamtaan madda odeeffannoo akka ta’etti fudhatama. Aadaan barreeffamaa osoo hin dagaagin duras seenaan dhala namaa barreeffamaan osoo hin calqabamiin dura madda ragaa ...*” jechuun kaa’a. yaada kanarraa kan hubatamu raagamtaan qabeenya hawaasaa kan hawaasni falaasama ittiin addeeffatu qabeenyaa abbummaa dhuunfaa hinqabne, garuu kan qabeenyaa hawaasaa ta’e ta’uu isaati.

Karaa biroo guddinni saayinsiifi teknoolojii osoo hin babal’atin dura amantaan, falaasamni, aartiin, akaakuun mala jireenyaa kan ittiin hiika argachaa ture raagamtaan akka ta’e ni tilmaamama. Yaada kana Mulugeetaan yaada hayyuu “Joseph Cambell” jedhu fudhatee wirtuu jildii 8^{ffaa} irratti yoo ibsu: “*Religious, Philosophies, arts the social forms of primitive and the storic man,prime discovered in science and technology the very dreams that blister sleep boil up from the basic ring of myth*” (1973:3) Raagamtaan kallattumaan amantaa irratti hundaa’ee kan raagamu dha. Amantaan immoo xiinsammuu, ilaalchaafi hubannaa namootaa irratti hundaa’a. Inumaayyuu hayyootni tokko tokko raagamtaan seeneffama amantaati jedhu. Fakkeenyaaf, *Leeming (2008:8)* “*mythic narratives are the social stories of religious*” jedha. Kana jechuun seenaa raagamtaa keessatti amantaan hawaasaa ulfina guddaa qabaachuu isaati. Karaa biraan hawaasni dhimma amantaa isaanirratti. Ilaalcha gaarii waan qabaniifi raagamtaan yemmuu dhimma amantaan walqabatu aadaa hawaasichaafi amantaa hawasichaa ammachuun kan seenessuudha.

2.3.1.1.Gosoota Raagamtaa (Types of Myths)

Raagamtaan gosoota sadi qaba.Isaanis: Raagamtaa uumamaa (Creation myth), raagamtaa ergamtootaa (Deity myth) fi raagamtaa goobaangaleessaa (Hero myth) jedhamu.

i. Raagamtaa Uumaamaa (Creation Myth)

Raagamtaan kun kan uumama waan tokkoo ibsuu dha. Kunis wanti tokko akkamitti uumama, eenyutu uuma? Gaaffiiwwan jedhaman deebisuuf ija amantiitiin kan raagamee itti amanamuu dha. Fakkeenyaaf ,amantaa jalqabaa Oromoo Waaqeffannaa yoo ilaalle akkas jedhama. “Addunyaa kana irra kan jiru maraa waaqatu

uume.Waaqni waan hundaa beeka. Waaqni qulqulluu dha.Waaqni madda dhugaafi jaalalaati.” jedhameeti amanama.

ii. Raagamtaa Ergamtootaa (Deity Myth)

Raagamtaan kun gocha ergamtoota waaqaa irratti kan xiyyeeffatuu dha.Ergamtoonni adeemsa jireenya isaanii keessatti jagnummaa agarsiisan, gocha boonsaa raawwatan kan raagaanii dha.

iii. Raagamtaa Goobangaleessaa (Hero Myth)

Raagamtaa kana keessatti seenaa goobaangaleessa hawaasa keessatti adda ta'ee dhalatuuttu dhiyaata. Goobangaleessi kun yeroo heddu dhala namaa ta'ee argama. Akkaataan itti uumamu namoota kan irraa kan adda ta'uufi yeroo dhalatu garmalee xiqqaa yookiin guddaa, jaamaa ta'uun haawasa keessatti dhalate biratti 'ajaa'ib' jedhamee ilaalama. Innis kan dhalatuuf ummanni tokko rakkoon itti hammaatee, jiruun itti hadhaayee, walii galteen dhabamee, guddaan kabajaa dhabee,walitti bu'iinsi finiinee waaqayyo faloo kaayuuf goobangaleessa erga. Goobangaleessi kunis rakkoo uummataa kanaaf fala barbaaduuf ummata irraa addaan bahuun gochaa gootaa raawwachuun furmaata qabatee deebi'uun amala goobaan galeessaa ibsa.

2.3.2. Af-walaloo (Oral Poetry)

Af-walaloon hawaasa dubbisuu yookiin barreessuu hindandeenyeen yookiin immoo danda'uun walaloo qindeeffamee afaaniin darbuudha. Af-walaloos akka Fennegan (1970,1990) qoqqooddetti; (poetry& patronage), faaruuwwan (panegyric) ,af-walaloo gaddaa ykn du'aa (elegiac poetry),af-walaloo adamsituu (special purpose war and hunting), af-walaloo marartee (lyric), af-walaloo siyaasaa (political poetry),uruursa daa'immanii (children songs &rhymes)

2.3.3.Unkaawwan Gaggabaaboo (Witicisms)

i. Mammaaksa: "Mammaaksi dubbii fida ykn dubbii fixa; ittoon soogidda malee, dubbiiin mammaaksa malee, hin mi'aayu; gamnatti ni fuulchu, gowwaatti ni himu" jedha Oromoon. Chinua Achebe "*proverbs are the palm oil with which words are eaten*" (in *Things Fall Apart* 1962:6). Mammaaksi baay'ee jaalatama. Beekumsa garee tokkoo mul'isa. Gabaabinaafi miidhaginaan beekamu. Jechoota muraasa filachuun fayyadama. Qiyyaafannoofi xiyyeeffannoo dandeettii qooqaa mul'isu

fayyadama. Himamsa iddeessaa waan ta'aniif raawwii ykn muuxannoo tokkoon wal qabsiisanii dhugaa mul'isu. Haaluma walfakkaatuun Gaaddisaan (1991:90) yoo ibsu:

Mammaaksi gabaabbina saatiin, qalbii namaa fudhachuu saatiin ,dhageettitti toluu saatiin, bifaan walfakkaachuu saatiin hundarraayyuu dubbii cimtuu ibsuu saatiif ummata biratti hima baay'ee jaalatamuufi beekamu mammaaksi akkam yoo gabaabbate jechoota lamaan himama. Kanaafuu mammaaksi jecha tokkoo hin jiru. Mata dureen murtaaye yoo hin barbaachifnellee mammaaksi waayeen haasayan jiraatu malee hin himamu. Waayeen irratti haasayanis kan qalbii nama fuudhu ta'ee yoo wal caqasaa haasa'anii ta'uu ni mala. Yeroo kana namoonni walldhaban kana amansiisuuf mammaaksa dubbii saanii laalu kan filatan waan ta'eef jaarsummaan kun mata duree gaarii ta'a.

Falaasama hawaasaa kan yaada gad fageenyaa qabuufi dhimma cimaaf fayyada. Keessumaa lola araarsuu keessatti iddoo guddaa qaba.

ii. Hiibboo: Tapha jechootaan taphatamu ta'ee, kan ruqiileen shaakala dandeettii sammuufi jechaa sadarkaa adda addaa keessatti wal makate. Gumii qormaata Afaan Oromootiin biiraa aadaafi beeksisa Oromiyaa hiibboo yoo ibsan:

Hiibboon muxannoo bara dheeraa labataa labatatti afaaniin darbaa dhufeedha. Hiibboon bilchina sammuu mirkaneessa; maalummaa saba tokkoo hubachiisa; baattuu dadaaqaafi mimmiliqaa as gaheedha. Hiibboon ilaala qaroomummaati. (1992:VIII)

Hiibboon himamsi himamee kan dhaggeeffataan deebii barbaadu. Inni deebisu buusee baasee himamsa hiika yaada dhokataa sanaaf ta'u barbaada. Hiibboon yeroo dheeraa fayyadamuun booda sadarkaa ciminaa kana gonfate. Jireenyaafi uumamas kan baay'ee gad fageenyaan xiinxalle. Bashannansiisuufi taphachiisuuf bu'aa guddaa qaba.

iii. Soorgoofi sookoo: Miidhagina ogbarruu amma hiibboofi mammaakkaa gahu qabaachuu dhiisuu danda'u. Yaada sammuu keessatti uumamu shaakaluuf garuu carraa namaa kennuun beekamoodha. Akkuma hiibboo salphaatti bashannansiisuuf bu'aa qaba. Kunis sagaloota ykn jechootarratti ciminaafi saffisa tokko agarsiisuun. Kun yeroo hedduu tapha ijoolleeti. Soorgoofi sookoon jechi tokko sagalee wal fakkaatuun dubbifamee hiika lama takkaatti qabaachuurraa madda. Innis jechootaan taphachuu agarsiisa. Arrab-qajeelchituun sagalootaan taphachuudha, birsagaaleen jechootaa haala adda addaan dubbifamuun hiika adda addaa qabaatu. As irratti, yaanni guddaan nama sagaloota sana ariitiin dubbisuu danda'uu beekuudha.

iv.Geerarsa: Warquun (2001:10) akka ibsetti,geerarsi afoola Oromoo keessaa tokko ta'ee sababa adda addaatiin ifa baha.Yeroo duulaa,hojii gamtaa,bineensota gurguddoo ajjeessanifi mana hidhaa galanii quuqqaan itti dhagahamuufi wkf akka geerraramu ibsa.

2.4. Yaaxxina Ogummaa Afaanii Afraniifi Gahee Afoolaa Ogummaa Kanneeniif

Ogummaa afaanii gurguddoo afran barsiisuu jechuun ogummaa dubbachuu, dhageeffachuu, dubbisuufi barreessuu cimsuudhaan gahumsa dandeettii barnootaa (academic achievement)fi gahumsa dandeettii walqunnamtii hawaasummaa (communicative proficiency for social pupose) gabbifachuudha. Waa'ee afaan barsiisuu ilaalchisee Strevens,(1974) wabeeffachuudhaan Hill .(1986:11-12) yemmuu ibsu, kaayyoon afaan barsiifamuuf dhaloonni haaraan afaanicha akka meeshaa walii galteetti akka itti fayyadamaniif, saayinsiifi teknoolojii hammayyaatti akka ittiin ofmadaksan, ogummaa aartiifi bashannanaaf yookaan fedhii dhuunfaa jireenya hojii isaanii keessatti akka ittiin ibsataniif kan gargaaru ta'usaati.

Qorannoon kun yaaxxinaalee (theories) afaan barsiisuu sadan jiran (structural view, functional view & interactional view) keessaa ilaalcha tajaajilaa (functional view) hordofa. Akka hayyoonni Richards& Rodgers (1986) ibsanitti xiyyeeffannoon ilaalcha tajaajilaa kunis kalattiiwwan adda addaatiin afaaniin waliigaltee uumuuf ergaa dabarsuurratti. Adeemsi kun immoo ergaa afoolaan darbu gara garaatti hubannoo calaqqisiisuudhaan karaa barreessuufi dubbachuus ta'ee, dubbisuufi dhageeffachuurratti hirmaannaa taasisuuf haala mija'aa kan uumuudha.

Hayyuun waa'ee yaaxxina akkaataa afaan ittiin baratamuu ibsu Lyster (2007:51) afoolaan dandeettiiwwan dubbachuufi barreessuu yemmuu barsiifamu,afoolli haala jireenyaa hawaasaa isa dhugaa ta'e calaqqisiisa: barattoonni waan jireenya isaanii keessatti qabatamaan beekan ogbarruu keessatti waan arganiif irratti hirmaatanii dubbachuuf, barreessuuf akkasumas dammaqinaan dubbisuuf ta'ee barachuuf miira kaka'umsaa isaan keessatti uuma jedha. Itti dabaluudhaanis barsiisonni ogummaa afaanii yemmuu barsiisan haala hunda galeessa ta'een qabiyyee fayyadamuudhaan tooftaa afaan ittiin barsiisan filachuudhaan barnooticha hawwachiisaa taasisuuf yaalii akka taasisan ibsa. Haala kana keessattis qabiyyeen barsiisonni ittiin ogummaa afaanii barsiisuuf filatan kunniin daraan murteessoo ta'uusaa hayyuun kun lafa kaa'a. Lyster (2007:59) Adeemsi afoolaan

fayyadamanii dandeettiiwwan afaanii barsiisuu kun mala barnoota qabiyyee bu'uureffate (content based instruction) kan hordofuudha. Barnoonni afaanii qabiyyee bu'uureffatu kun barattooni xiyyeeffannoo isaanii qabiyyeewwaan barruu sanaa (contents of the text) irratti gochuu isaanii osoo hin beekin (unconsciously) ogummaa afaanichaa shaakalu. (Lyster, 2007:3)

2.4.1. Gahee Afoolaa Ogummaa Dhageeffachuufi Dubbachuu Keessatti

Afoolli ogummaa dhageeffachuu keessatti gaheen inni qabu guddaadha. Ogummaa dhageeffachuu gabbisuuf barnoota afaanii keessatti iddoo olaanaa qabaachuusaa hayyoonni hedduun ibsaniiru. Andrzejenskifi kanneen biroo (1985:38) “...*the prime function of oral literature is to provide aesthetic pleasure and entertainment for the listeners*”. Faayidaan afoolaa inni guddaan dhageeffattoota bashannansiisu jedhu. Haaluma walfakkaatuun hawaasa afoola ittiin bashannanuuf gargaaraman keessatti afoolli dhageeffattoota heddu akka qabaatuuf gahee calaqqisiisa. Dabalataanis, afoolli aadaa hawaasaa ofkeessatti hammatee waan jiruuf, qabiyyeewwan barnoota afaaniitiin walitti hidhamiinsa qabachuusaa agarsiisa.

Lauritzen (1980:787) “ *Since oral literature was transmitted through the medium of story-teller, it reflects the devices that used to retain the story in memory and to capture the attention of the audience*”. Hojiilee jireenya dhala namaa keessatti rawwataman afoolatti fayyadamuun kan ibsamaniif, sababa afoolaan gochaawwan adda addaa ibsuun qalbii dhageeffattootaa kan hawwatu ta'uu bira darbee dhimmi afoolaan ibsame sun yeroo dheeraaf akka hin irraffatamne gochuun kan gargaaru waan ta'eef, kan biroos afoolli jireenya ilmaan namaa wantoota adda addaatiin walbira qabee midhaaginna itti uumee waan dhiyeessuuf qalbii dhageeffattootaa haalaan kan ofitti harkisu akka ta'e mul'isa. Haalli kun immoo barnoota Afaan Oromoo keessatti kanaa ol mul'achuu danda'a. Sababni isaas ummanni Oromoo afoolaasaa afaaniin (orally) dhaloota irraa darbaa dhufeen daraan waan badhaadhaa ta'eef.

In brief communication consists of two basic components: the addressee and the communicator. The latter requires linguistics and cultural equipment that evokes appropriate responses from the addressed party. Oral literary genres embody this equipment whose effectiveness may only be felt if addressee's five senses are culturally endowed to receive and derive meaning from the address (Peter, 1994:10)

Ogummaa dubbachuufi faayidaa afoolli afaan keessatti qabu yoo ibsu, afoolli aadaafi muuxannoo barattootaa waan ofkeessatti hammatuuf, akka barattoonni hirmaatanii ogummaa dubbachuu gabbifataniif karaa bana jedha. Jechoonni afoolli ittiin dhiyaatu bifa midhaaginna qabuun kuulamee waan dhiyaatuuf, qalbiifimiira namaa hawwachuun dhageeffachuun akka dubbataniif nama affeera. Waan kana ta'eef, barattoonni afoolaan ogummaa dhageeffachuufi dubbachuu ittiin kan gabbifatan ta'uusaati.

2.4.2. Gahee Afoolaa Ogummaa Dubbisuufi Barreessuu Keessatti

Afoolatti gargaaramuun ogummaa dubbisuu barsiisuu ilaalchisee hayyoonni waan heddu jedhaniiru. Brumfiti Carter (1986:63), “... *the process of reading is a process of meaning creation by integrating one's own needs, understanding, and expectations with a written text*”. maalummaa dubbisuu ilaalchisee yemmuu ibsan, dubbisuu jechuun fedhii, hubannoofi hawwii ofii qaban dubbisa dhiyaate tokkoon walqabsiisuun hiika kennuufii jchuudha. Waa'ee barbaachisummaa afoolaa Lauritzen (1980:787) yoo ibsu, caasaan afoolli hawaasaa ittiin qindaa'u mataan isaa fedhii dubbisuu kan hawwatu ta'uusaati. Yaada kana ilaalchisee Collie & Stephen (1987) afoolli dhiyaatu ergaa kan dabarsuufi bashannansiisaa yoo ta'e dubbisni sun kan hin nuffisiifneefi kan barattoonni beekumsa aadaatiifi dandeettii xinqooqaas irraa gabbifatan ta'uu akka danda'u ibsu.

Stories which have been handed down generation to generation by repeated telling are the stories of oral tradition. In many cultures, these stories are now recorded and can be read rather than heard. Literature in oral tradition can be identified by its special features. Of these many have to which cultural content of the tales, the type of plot structure, the types of characters and typical themes and motifs (Lauritzen, 1980:787).

Durduriin seenaa jireenya dhala namaa waliin bara durii jalqabee dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufe ta'uun beekkamaadha. Haaluma walfakkaatuun afseenaawwan (legend) adda addaa yeroo ammaa barreeffamanii waan dubbifamaniif ogummaa dubbisuu ittiin gabbifachuuf mijatoo akka ta'an agarsiisa. Kun immoo afoolaawwan qindeeffamanii barreeffamaan taa'an kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo keessa galchuun ogummaa afaanii gurguddoo afran ittiin gonfachiisuudhaaf kan

gargaaru ta'uusaa mul'isa. Hayyichi kun ammas yaada isaa itti fufuun caasaan seenaa afoolaa dhiyaatu,qabiyyeen aadaa hawaasaa calaqqisiisu,fakkattonni seenichaafi ergaan afseenichaan darbu faayidaa afoolaa adda kan taasisu ta'uusaa ibsa. Qabxiin guddaan yaada armaan olii irraa hubatamu afoolli akkuma ogbarruu hammayyaa jaargocha,fakkaattota,yoomessa,waldiddaafi ergaa qabaachuu akkasuma immoo aadaa saba tokkoo akkuma jirutti kan calaqqisiisu ta'uusaa mul'isa.

Barreessaan tokko mata duree kamirrattuu yoo barreessu akka ofii yaadetti waliigaltee uumuuf,haaldubbiifi jechoota/jechamoota filatamoo ta'an fayyadamuun baay'ee filatamaadha. Ogummaan barreessuu ogummaalee afaanii gurguddoo afran jiran keessaa xiyyeeffannoo guddaa kan barbaaduudha. Sababiin isaas, akka dubbachuu fuulaa- fuulatti waan dogongora sirreeffachuun rakkisaa ta'eefiidha. Waa'ee ogummaa barreessuu ilaalchisuun McMahanfi kanneen biroo (1986:7) yoo ibsan, “ *Writing for diverse group about whom you know little is more difficult than writing writing for a specific audience whom you know well*”.Namni waa barreessu tokko namoota seenduubee (background) isaanii sirritti hin beekneef barreessuurratti baay'ee kan rakkatu akka ta'e ibsa. Sababiin isaas,aadaa,barsiifata,safuufi eenyummaa namoota dhimma wayii itti barreessu sanaa osoo hin hubanne yoo barreesse rakkoo uumuudhaan walitti bu'uu danda'a.

You seldom sitdown to write without some aim in mind,and this purpose affects your whole approach to writing .More frequently,though,you will be writing for several others people, and the response you want from these prespective readers will determine your purpose. If, for inistance,you want your audience to be amused by your writing purpose is to intertain. If you want your readers to gain some kwoledge from your writing ,then you are writing to inform. If you want your readers to agree with an opinion or accept an idea,then you are writing to persuade(McMahan,1986:8)

Ogummaan barreessuu nama tokkoo kan ittiin madaalamu inni guddaan kaayoo barreeffamuuf sana galmaan gahuu irratti.Kunis kaayyoo odeeffannoo kennuuf, bashannansiisuuf ykn amansiisuuf ta'uu mala. Kanaaf

kaayyoon kaayyoon barreessaa kun akkaataa ittiin barreessan irratti jijjiirama nifida jechuudha.

Barnoota Afaan Oromoo keessatti kaayyoon barreessuu yaada keessa galchuudhaan ogummaa barreessuu haalaan shaakalsiisuuf gosoota afoolaawwanii keessaayyuu, durdurii, afseenaawwan, afwalaloowwaniifi mammaaksotatti gargaaramuun akka barattoonni fedhii horachuun yaada isaanii maddisiisuun barreessan taasisa. Afoolli Oromoo odeeffannoo waa'ee jiruufi jireenya hawaasichaarratti bifa midhaagina qabuun mammaaksaan, hiibboon, afwalaloon, sirbaan, weedduu, geerrarsaafi kkf barreessuun dhiyeessuun dubbistoota ni hawwata. Afoolli irra caalaan kan bashannansiisaa barsiisu waan ta'eef, ogummaa barreessuu ittiin shaakalsiisuuf haalaan filatamaadha. Kana malee yaada ofii namoota ittiin amansiisuudhaaf durdurii, afseenaawwaniifi mammaaksonni gahee addaa waan qabaniif, barattoonni yemmuu ogummaa barreessuu shaakalanafoolatti akka gargaaraman taasisuun filannoo jechootaafi yaada gabbisanii barreessuu akka danda'an godha.

Finnegan (1976:11) waa'ee dhageeffattoota afoolaa yoo ibsitu, namoonni dubbii afoolaan dhiyaatu tokko caluma jedhanii gurratti hin fudhatan. Itti hirmaatu. Yaada isaanii irratti kennu. Kanarraa kan hubatamu afoolli dhiyaatu muuxannoofi mudannoo akkasuma jiruu jireenya dhageeffattoota wajjiin waan walqabatuuf callisanii dhageeffachuu caalaa itti akka hirmaataniidha.

Faayidaa mammaaksaa ibsamu, beekumsi qabiyyeemammaaksaa muuxannoo barattootaaf daran kan dhiyaatu ta'uusaa agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun waa'ee dhuma faayidaa mammaaksaa ilaalchisee Fiqaaduun(2007:31) waraqa qorannoo isaa keessatti haala itti aanu kanaan ibsa.

Mammaaksi akaakuu ogafaanii (oral literature) keessaa warra hudarra gabaabbinaafi amala dhaabbataa ta'e qabaachuun beekkaman keessatti ramadama. Akaakuu ogafaanii keessaa gosa heddu jaalatamuudha. Kanarraa kan ka'e haasaan saba Oromoo mammaaksaan yoo deeggarame jaallatama. Nama dubbisaa mammaaksaan mid'eessee dubbachuu jaalatuufi danda'uun 'abalu haasa beeka jedhu' jedhu. Namni dandeettii akkasii qabu ogummaa afaanii qaba jedhama. Oromoon nama mammaaksa danda'uun 'dubbii ni danda'a' jechuun barbaachisummaafi walitti

*dhufeenya ogummaa mammaaksaafi ogummaa afaanii
jidduu jiru ni cimsa.*

Maammaaksi afaaniif baa'ee barbaachisaafi faayida qabeessa akkasumas afaan mammaaksa malee hin mi'aayu (Finnegan,1976:415). Dabalataanis aadaa ummata Afrikaa heddu keessatti fedhiin ogummaa afaanii yaada miira dhabeessa (abstract) ta'e tokkoof waan qabatamaa ta'een bakka buusanii fakkii sammu (imagery) isaa uumuun akka salphatti hubatamu gochuuniifi jechoota agarsiisa alkallattii (indirect reference) filachuun mammaaksarraa akka maddu ta'uusaati (Finnegan,1976:390).

Proverbs are short witty or epigrammatic sayings which embody traditional wit and wisdom. They are spices with which we flavor our speech. It is worth learning some of those proverbs for they are beneficial particularly to students of language and literature.
(Melakneh, 2006:22)

Mammaaksi afwalaloo gabaabaafi hawwataa ta'e kan dubbii bal'aa waa'ee jireenya hawaasaa tokko gabaabsee dhiyeessuudha. Mi'eessituu dubbiiitis. Mammaaksonni barattoota afaaniitiif faayidaa guddaa qaba

Dabalataanis ogbarruun hunda galeessa, fedhii nama dhuunfaa kan calaqqisiisu,garagarummaa namoota gidduu jiru yaada keessa galchuu,yaada bal'aa jechoota muraasaan kan dhiyeessuufi humna qabeessa waan ta'eef,kutaa barnoota afaanii keessatti itti gargaaramuun filatamaa ta'uusaati. Yemmuu kanas fedhii dubbachuu isaan keessatti uumuun ogummaa afaanii afran akka fooyyeffataniif gargaara.

2.5. Faayidaa Afoolaa Sirna Barnootaa Keessatti

Mata duree kana irratti hayyoonni kallattii hedduun faayidaa afoolli sirna barnootaa keessatti qabu ibsaniiru.Isaan keessaa Baddiluun (1996:6-9) akka ibsetti, afoolli sirna barnootaa keessatti hammatamuun wantoota kanneen itti aananiif gahee guddaa akka qabuudha.

2.5.1.Ogummaa Afaanii Gabbisuuf

Afaan ogummaa gurguddoo afur qaba: dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuufi dubbisuudha. Afoolli sirna barnootaa keessatti dhiyaachuun ,sadarkaa olaanatti

ogummaa dubbachuu, sadarkaa giddugaleessaatti dhageeffachuu, dubbisuufi barreessuu akka gabbifataniif gargaara.

2.5.2. Beekumsa Kuufachuuf

Afoolli beekumsa waan tokkoo fakkeenyaaf, seenaa yookaan aadaa qofa irratti kan xiyyeeffatuu miti. Afoolli jiruufi jireenya dhala namaafi waan walii galaa irratti kan xiyyeeffatuudha. Tokko tokkoon hojii afoolaa waan tokkorratti xiyyeeffata. Kanarraa ka'uun ,namni tokko hojii afoolaa baay'ee beeka taanaan karaa hedduun beekumsa kuufateera jechuun ni danda'ama.

2.5.3. Bilchina Sammuutiif (Mental Development)

Akka Baddiluu (1996:9) Ajzen (1988) wabeeffachuun ibsetti qaamoleen sammuu barumsaan guddachuu danda'an: miiraafi qaama (sensory-motor), bilchina (intellectual), fedhii (feeling), hawaasummaa (social) fi amantii (religion) dha. Guddina kanneeniif ragaalee biroorra gahee olaanaa qaba; hirmaannaafi kaka'umsa barattootaas ni dabala.

2.5.4. Jijjiirama Amalaatiif

Afoolli qorannoowwan kamiyyuu caalaa qorannoo bal'aafi muxannoo jireenya garagaraa beeksisuu waan ta'eef, namni afoola sirritti beeku wantoota hawaasa biratti fudhatama qabaniifi beekuun kanneen fudhatama hin qabneerraa akka of qusatu taasisa. Kana malees, nama afoola dubbatu ykn dubbisu irraa amalli jijjiirama dandeettii waa kalaquu, yaada maddisiisuu, waan tokko gad fageenyaan ilaaluufi kkf irraa mul'ata.

2.6. Faayidaa Afoolaa Kitaaba Barataafi Barnoota Afaanii Keessatti

Hojiin afoolaa muuxannoo jiruufi jireenya hawaasa tokkoo dhalootaa dhalootatti afaaniin dabarsuudha. Dhugaan hawaasa keessa jiru kun akka ittiin barataniif yoo barattootaaf kutaa barnoota afaaniifi kitaaba barnoota afaanii keessatti dhiyaate, faayidaalee heddu akka qabu ogeessonni dirree kanarratti qorannoo gaggeessan ni ibsu. Hill (1986:7) akka ibsetti, afoolli beekumsa barattootaa waliigalaa, gahumsa sammuufi gudina jireenya hawaasummaa gabbisuurratti gargaarsa guddaadha. Kunis, kan inni nutti agarsiisu hojiileen afoolaa barumsa afaaniifi kitaaba afaanii keessatti yoo hammataman faayidaa qabachuusaati. Itti dabaluunis, afoolli sammuu namaa

keessatti gammachuu, kaka'umsaa, ogummaa waa uumuufi beekumsas argachuuf akka fayyadu ibseera.

Hayyuuleen hedduun qorannoorraa ka'anii, afoolli amala ogbarruu cimaa qabaachuu fi ogbarruu ta'uu isaa amananii jiran. Namoonni barreessuufi dubbiisuu hin dandeenye akka kalaquuf dandeettii cimaa qabanis baratani jiran. Fakkeenyaaf, Kan akka Finnegan (1970) faa afoolli ogbarruu hin barreeffamiin (unwritten literature) ta'uu isaa ibsu. Isaan kaanis isa nu 'afoola' (oral literature) jennu kana 'orature,' 'traditional literature,' 'folk literature,' 'folklore,' 'verbal art,' 'popular literature,' jedhani waamu. Maaliinillee yaaman, hundi isaanii afoolli ogbarruu ta'uu amananii jiru.

Akka Lazar (1993:14) irratti ibsetti afoolli barumsa afaaniifi kitaaba afaanii keessatti akka meeshaa afaan barsiisuutti fayyadamuun haala dhiheenya barumsa afaan sanaa hawwataafi jaalatamaa taasisa. Barattoonni yeroo hojii afoolaa wajjiin walbira dhufan adeemsa keessa ogummaa afaanii gabbifachuu akka danda'an ibsa.

Baddiluun (1996:3) madda afoolaa yoo ibsu, bu'uurri afoolaa muxannoo jireenyaa hawaasaa akka ta'e ragaa baha. Meeshaan ittiin himamus afaan waan ta'eef, afoola kitaaba afaaniifi kutaa barnoota afaanii keessatti akka meeshaa afaan baruufi barsiisuutti fayyadamuun barattoonni haala qabatamaa ta'een afaan akka baratan taasisa. Kanumatti dabalee, Fiqaadee (1988) wabeeffachuun afoolli yaada ofii karaa fooyya'aa ta'een ibsuuf nama gargaara. Afoolli jechoota filatamaafi dubbii haalawaatiin yaada qindeessee dhiyeesa. Kanaafuu ogummaa afaanii afran haala qabatamaa ta'een barattoota gonfachiisuuf gargaara. Kana malees, Baddiluun (1996:12-15) qabxiwwan ijoo ta'an bifa itti aanan kanaan eeree jira.

- *Afoolli aadaa barsiisuurratti faayidaa guddaa qaba. Aadaafi afaan immoo walitti dhufeenya guddaa qabu. Kun immoo dubbisaan itti fayyadama afaanii wajjiin akka walbaru taasisa. Akkasuma ogummaa isaanii akka gabbifataniif gargaara.*
- *Afoolli ogummaa afaanii gabbisuu keessatti gahee guddaa qaba. Barattoonni yemmuu afoola garagaraa dubbatan ykn dubbisan akkasuma immoo dhageeffatan ykn barreessan jechoota haara hiika isaanii kanaan dura hin beekne baruu danda'u. Dabalataanis, jechamootaafi ibsa dubbiiwwan haalawaa akka hubatan taasisa. Sababni isaas, hojiiileen afoolaa tokko tokko waan ta'e wahii gddisanii agarsiisuu waan ta'eefiidha.*

- *Afoolli hirmaannaa dhuunfaa guddisa. Afoolli barattoonni ofii isaanii gocha raawwatoota godhanii akka ilaalan taasisa. Tapha ijoollee, hiibboo, durdurii ta;e yoo dubbisan hirmaattota akka ta'an godha.*

Kanarraa ka'uun afoolli barattoota si'eessuun fedhii guutuun gara barumsaatti dhiyeessa. Kunimmoo barattoonni waan dubbisan beekumsaafi muxannoo afoolaa kanaan dura qaban akka fayyadaman taasisa. Yaaddolee kanneen irraa kan hubachuun danda'amu hojiileen afoolaa barumsa afaaniifi kitaaba barnoota afaanii keessatti humna sammuu barattootaa dadammaqsuufi kakaasuu waan ofkeessaa qabaniif, barattoonni osoo hin dhiphatin bashannanaa barumsa afaanii haala gaariin akka hordofan taasisuu isaati. Kana malees, barumsa afaanii kutaa keessaa qabatamaa taasisuudhaan ogummaa afaanii gurguddoo afran barattoonni akka gabbifataniif faayidaa guddaa qabaachuusaa nu hubachiisa.

2.7. Rakkoolee Afoolaan Afaan Barsiisuu Keessatti Mul'atan

Afoolaan afaan barsiisuun faayidaa guddaa akka qabu hayyoonni hedduun ibsaniiru. Haa ta'uu malee, kitaaba afaaniif kutaa barnoota afaanii keessatti itti fayyadamuu irratti hanqinni jiraachuusaa hayyoonni ni ibsu. Hill (1986:9-12) afoolli afaan ittiin barsiisuuf filatame waytii ramadameen walsimuun dhabuusaa (grading), rakkoolee xinqooqaa qabaachuu (linguistic difficulty)fi fudhatamummaa dhabuu (relevance) irraan kan ka'e kutaa keessatti itti fayyadamuurratti rakkoo uumuu danda'a. Afoolli dhiyaate madaalawaa ta'uu yoo dhabe kan durii ta'uusaatti, jechoota hin amaleeffatamin keessattuu durduriifi sirboota, geerarsa fa'a keessatti akka mul'atutti, ulfaatinaafi salphina itti fayyadama afaanii ta'uu danda'u. Ta'us barsiisaan seera afaanichaa waliin walbira qabuun seera qabeessa isa ta'e adda baasee beekuu itti fayyadamuun waan danda'amuuf akka rakkootti ilaalamuu hin qabu. (Ibson,1995:43) Rakkoon ulfaatina xinqooqaa rakkoolee seera afaaniin walqabatan kan ilaallatuudha. Rakkoon kun immoo afoola kutaa barnoota afaaniitiif yemmuu filatamu ofeeggannoo barbaachisu gochuun haala barattoota madaaluun yoo qophaaye furamuu danda'a. Rakkoon fudhatamummaa dhabuu barreeffamoota yeroon irra dabran waan ilaallatuuf afaan barattoonni itti fayyadamaniin yeroo wal bira qabamu jechootaafi jechamoota barattoonni hubachuu hin dandeenye qabachuu danda'u. Kanaafuu jechootaafi jechamoota yeroo waliin deemaan filachuun itti fayyadamuun fuurmaata ta'a.

2.8. Malleen Afoolaan Afaan Barsiisuu

Tooftaaleen afaan barsiisuu bifa adda addaa qabachuun isaa beekkamaadha. Akka Richardisfi Rodgers (1986:14)tti malli afaan barsiisuu karaa yookaan tooftaa qabiyyeen barumsaa filatamee ittiin barattootaaf darbuudha. Malli kun qabiyyee kaayyoo barumsa afaanii hojiirra oolchuu dandeessisuudha. Adeemsa afaan baruufi barsiisuu keessatti mala barsiisuu filachuun itti fayyadamuun dhimma iddoon guddaan kennamuufii qabuudha. Sababni isaas malli barsiisuu bu'a qabeessummaafi bu'a dhabeessummaa qabxii barattoota ni murteessa. Fakkeenyaaf malli barsiisuu barsiisaan fayyadame barattoota kan hawwatuufi kan hirmaachisu akkasumas, kan kakasuu yoo ta'e, qabxiin barattoota fooyya'uu danda'a. Yoo immoo barattoota kan hin hawwanne, hirmaachifneefi hin kakaafne ta'e firiin barattoota fooyya'uu dhiisuu danda'a. Qabiyyeen barnootaa tokko kitaaba keessatti yemmuu qophaa'uufi kutaa barnootaa keessatti yemmuu dhiyaatu mala afaan barsiisuu akkamii akka barbaachisu xiyyeeffannoo kennuufiin murteessaadha.(Richardsfi Rodgers,1986:15-16) Malleen afoolaan afaan barsiisuun ittiin dhiyaachuu qabu ilaalchisee afoolli kitaaba barnoota afaaniifi kutaa barnoota afaaniitiif filatamu malleen armaan gaditti dhiyaatan bu'uurreffachuun akka barbaachisu hayyoonni ragaa bahu.

2.8.1.Mala Dhiheenya Afaanii Bu'uurreffate (Language Based Approach)

Mala afoolli afaan bu'uura godhamuun ittiin dhiyaachuu qabu ilaalchisee Lazar (1993:22-27) wantoota shanan itti aanan kaa'eera.

- 1. Akkaataa ogummaa afaanii gurguddoo dhageeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu gabbisuu danda'urratti hundaa'uun dhiheessuu.*
- 2. Afoola akka dirree qorannootti barsiisuuf kan bu'uurreffate ta'uun dhiheessuu.*
- 3. Akkaataan (stylistics) ta'uun ykn haalaan qophaa'uu.*
- 4. Hirmaannaa dhuunfaa kan gabbisu (Oral literature for personal enrichment)*
- 5. Gahee barumsi afoolaan qabu ilaalchisee kan dhiyaate ta'uu qaba.*

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, adeemsa barumsa afaanii keessatti kaayyoo barumsa afaanii galmaan gahuuf malli dhiheenya hordofuu qabnu jiraachuusaati. Qorataanis qorannoo isaa kana keessatti kan ilaale ogummaa afaanii gurguddoo barattoota gonfachiisuuf nifayyada kan jedhameefi mala ogummaa afaan bu'uura godhachuun dhiyaatuudha.

2.8.2. Mala Dhiheenya Ogummaa Afaanii Bu'urreffate (Language Skill Based Approach)

Lazar (1993:23) dhimma kana ilaalchisee yemmuu ibsu, malli dhiheenya ogummaa afaanii bu'urreffate afoola fayyadamuun afaan barachuun walitti dhufeenya afaaniifi afoolaa akkasumas ogbarruu kaayyoo barumsa afaaniitiin walitti fiduuf gargaara. Kunis barattooni beekumsa afaanii barumsaaf dhiyaatee akka gabbifataniif gargaara. Malli dhiheenya ogummaa afaanii gabbisuu kun xiyyeeffannoon isaa afoola akka dirree qorannooti qorachuu miti. Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan afoola kitaaba barnoota afaaniifi barumsa afaanii keessatti akkamitti itti fayyadamuun akka danda'amurrattiidha.

Hojiileen kalaqaa adeemsa itti fayyadama ogummaa afaanii waan si'eessaniif akka madda afaan barsiisuutti akka oolaniif haala kan mijeessaniidha. Dabalataanis, hojiileen kalaqaa marii garee kutaa keessaatiif carraa waan kennaniif, barattooni ogummaa afaanii hundaanuu keessattuu, dubbachuufi barreessuurratti dammaqinnaan hirmaannaa hoo'aa akka taasisaniif gargaara. Kana hojiirra oolchuuf immoo afoolli afaan barsiisuuf filatamanii kitaaba barnootaa keessatti hammataman ogummaa afaanii dhageeffachuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuuf kan mijaa'an ta'uu qabu. (Lazar, 1993:27)

Karaa biraatiin Brumfitifi Carter (1986:110) akka ibsanitti barattooni yeroo hundumaa gosa afoolaa kitaaba barnootaa keessatti dhiyaateef tokko irratti ibsa gahaa kennuuf qophaawoo waan hin taaneef haala qaabatamaarraa ka'uun ibsa kennuu kan dandeessisuufi hojiilee ogummaa afaanii bu'uura godhachuun qophaa'an dursanii barachuu qabu. Yaaddolee armaan olitti dhiyaatanirraa hubachuun akka danda'amutti tokko tokkoon malleen dhiheenya kaayyoo barumsa afaanii kan galmaan gahuu danda'amu yoo ta'e filatama. Kanas gochuun kan danda'amu haala mijataa afoolli kitaaba barnootichaa keessatti hammatameefi qophiifi hordoffii barsiisaan afoolaan ogummaa afaanii barsiisuuf taasisuunidha.

2.8.3. Mala Dhiheenya Kalaqaa (Creative Methology)

Barnoota afaanii keessatti mala kalaqaa jechuun yaaddolee ogbarruu kalaqaa waliin bifa waliif firoomuutiin afaan dubbiiif barreeffamaa fayyadamuun kaayyoo barumsa afaanii yaadame galmaan gahuuf mala barumsaa hojiirra oole jechuudha. (Ibson, 1995, 1995:147) Haaluma walfakkaatuun mala kalaqaatiin afaan barsiisuun

ogummaa afaanii barataan akka gabbifatu irraa eeggamu ilaalchisee yemmuu ibsu: dandeettii itti fayyadama afaanii barreessuufi haalaafi dirree barumsa kamuu keessatti fiixaan bahiinsa argachuuf qooda olaanaa qaba. Kanarraa kan ka'e waytii barsiisuu tokkotti dandeettii walii galtee (communicative competence) gabbisuuf gargaara. Kitaabaafi barumsa afaanii keessatti hiika jechoota barbaaduun ,ogummaa afran afaanii (dhageeffachuu,dubbachuu,barreessuufi dubbisuu) walitti kan hidhuudha.

Dabalataanis,barattoonni dandeetti hawaasummaa (social skill) Eenyu? Eenyu wajjiin? Eenyuuf? Yoom?... gaffilee jedhan hubachuun afaan barumsaa sana akka sirni duudhaa hawaasa sanii eeyyamutti akka itti fayyadaman taasisa.

2.9. Haala Afoolli Kutaa Barnoota Afaaniitiin Filatamuuf Ittiin Dhiyaatu

Afoola akka meeshaa deeggarsa barnoota afaaniitti itti fayyadamuuf, ulaagaalee inni guutuu qabu ilaalchisee waan baay'een jedhameera. Isaan keessaa yaada Mckay (1986),Brumfitfi Carter (1986) McRae (1991), Carteriifi Long (1991)fi Lazar (1993) kaasan gabaabsuun ilaaluun ni danda'ama.

1. Aadaa barattootaa kan hin tuqne ta'uu qaba.

Kana jechuunis,mana barumsaa tokko keessatti barattoota naannoo adda addarraa dhufan akka naannoo irraa dhufaniitti kan dubbatan, akka hawaasa keessatti guddataniitti dandeettiin ittiin fayyadama afaan isaanii adda adda ta'uu danda'a. Kanaafuu afoolli barumsa afaaniif filatamu barattoota giddutti siyaasa, hawaasummaa, diinagdee, aadaafi kkf garaagarummaa kan hin uumne ta'uu qaba.

2. Dandeettii xinqooqa barattootaatiin kan wal madaalu ta'uu qaba.

Barattoonni kanaan dura beekumsa afoolaa qabachuufi dhiisuu isaanii adda baafatee kan dhiyaate ta'uu qaba. Barattoonni kanaan dura muxannoo afoolaan afaan barachuu qabu taanaan afoola filachuufi qopheessuun nama hin rakkisu. Barattoonni kanaan dura afoolaan afaan barachuufi dhiisuu isaanii gaaffii afaaniitiin ta'ee barreeffamaatiin mirkaneeffachuun nidanda'ama.Ulaagaaleen armaan olitti ibsaman yemmuu afoolli tokko kitaaba barnoota afaaniifi barumsa afaaniitiif filatamu dhimmoonni xiyyeeffannoon itti kennamu qaban beekuun murteessaadha.

Itti aansuun Kan Lazar (1993) akka sadarkaa lammeessootti ilaalamuu ykn guutuu qaban jedhee lafa kaa'u:

3. Afoola hanga barbaachisu beekuu

Afoolli filatamu gosaafi hangam ta'uu qaba? Afoolli sun akkamitti harka barsiisaafi barataa gala?

- ✓ Dheerina afoola filatamuu beekuu
- ✓ Kutaa keessatti ittiin hojjachuuf yeroon gahaan jiraa?
- ✓ Barattoonni ittiin shaakaluuf yeroo hangamii fudhata?
- ✓ Afoola filatameen kutaa keessatti barsiisuun kan danda'amu kan filatame guutummaa isaatimoo hanga murtaa'e?
- ✓ Hojiirra ooluu danda'uusaa beekuu
- ✓ Kaayyoo yaaddameef galmaa gahuufi dhiisuusaa akkasumas, barattoonni hubachuufi dhiisuusaanii beekuuf gilgaalota yookaan madaalliiwwan keessaa qopheessuun ni danda'amaa?
- ✓ Afoolli filatame kaayyoo barbaadame galmaan gahuuf meeshaalee deeggarsaa biroo kanneen akka waraabbii sagaleefi vidiyoo...qabaa? yoo qabaate gahumsi isaanii hangam? Yoo hinqabu ta'e maal gochutu danda'ama?

Yaaddoleen armaan olitti ibsaman kan hubachiisan afoolli yemmuu kitaaba afaanii keessatti qophaa'u ta'ee, yemmuu daree barnoota afaanii keessatti barnootaaf oolu ofeeggannoon godhamuu akka qabuudha.

Afoolaan afaan barsiisuu jennee yemmuu kaanu waan dubbatamu yookaan waan dubbifamu akka nubarbaachisu beekkamaadha. Haa ta'uuyyu malee, afoolli dubbifamu barattoota hunda birattii fudhatamummaa wal qixa qabaachuu dhiisuu danda'a. Afoola barattoonni hundi hubataniif isaan kakaasu filachuun barbaachisaadha. Sababnisaa afoolli amaloota akkasii qaban bakka hin jirretti ogummaa dubbisani hubachuu ta'ee, ogummaalee afaanii biroo gabbifachuun akka hin danda'amne (William,1986:42) ibseera.

Kanaafuu afoola umurii,sadarkaa barnootaaa,aadaa,amantii,siyaasaafi jireenya hawaasummaa barattootaatiin walsimu fayyadamuun barbaachisaadha. Afoola afaan ittiin barsiisuuf yemmuu filannu dursa kan kennuufii qabnu gahee inni ogummaa afaanii gabbisuu keessatti qabu malee, qabiyyee kitaabichaatiif qofa osoo ta'uu baatee filatamaadha. Afoolli sadarkaa garagaraatti dhiyaatu kaayyoon isaa inni guddaan

qabiyyee isaa qofa hubachuun hojitti jijjiiruu qofa osoo hin taane kaayyoo sirna barumsa afaanii keessattuu,ogummaa gurguddoo afran afaanii (dhageeffachuu,dubbachuu,barreessuufi dubbisuu) kan dhugoomsanii galmaan gahan yoo ta'e bu'a qabeessa. Fakkeenyaaf, kaayyoon sirna barumsichaa keessatti kaayyeffatame barattoonni afaanichaan dhageeffachuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuu akka danda'aniif yoo ta'e,akkaataa afoolli itti filatamuun kitaaba afaanii keessatti qophaa'u haala kaayyoo barbaadame kana galmaan gahuun yoo ta'e woyya.

2.10. Amalaafi Gosoota Gilgaalota Afoola Tokko Keessaa Qophaa'uu Danda'anii

Afoola tokko keessa ogummaa dubbisanii hubachuutiin ogummaa biroo kanneen akka hiika jechootaa galumsarraa barbaaduu, seerlugaa, keeyyata barreessuufi gabbisuu amala gilgaalotaa warra gurguddoo ta'an Nuttal (1982)fi Silberstein (1994) akka armaan gadiitti ibsu.

a. Gilgaalota Afaaniin Deebii Barbaadan

Gaaffileen akkasii barattoonni gad fageenyaan osoo itti hin yaadin waanuma dubbisan salphaa dhumatti afaaniin deebisuu akka danda'aniifiidha. Afoola dhiyaateen deebilee argachuu qaban kan ofkeessatti hammatan ta'u. Barattoonnis afoola dhiyaate irratti hundaa'uun galumsarraa deebii akka kennanitu isaan irraa barbaadama.

b. Gilgaalota Deebii Ibsa Dhuunfaa Barbaadan

Gilgaalonni akkasii barattoonni jechaafi ibsa mataa isaanii fayyadamuun deebii akka kennaniif affeeramuudha. Kana gochuufis yaada afoolichaa sirritti hubachuun isaan barbaachisa. Gama birootiin,barattoonni afoola dubbisan keessatti jecha ulfaataa,yaadaafi fakkoommii hiika isaan dabarsan osoo hin rukutin waan ibsa barbaachisu itti kennuus kan danda'aniidh.

c. Gilgalota Deebii Galumsaa Barbaadan

Gilgaalonni kunneen akkuma maqaan isaanii ibsutti afoola dhiyaate dubbisuun yookaan dhageeffachuun yaada ergaa afoolichaa irratti hundaa'uudhaan kan deebiin itti kennamuudha.

d. Gilgaalota Madaallii Barbaadan

Gilgaalonni akkanaa deebii karaan ittiin argatan madaallii taasisuun yoo ta'u afoola dhiyaate sana kallattii hedduun xiinxalluun deebiin kan itti kennamu ta'a.

e. Gilgaala Dandeettii Waa yaaduu Barbaadan

Gaaffileen afoolaa gilgaalota dandeettii waa yaaduu jalatti diyaatan afoolicha irratti hundaa'uun sammuu bilchina qabuun xiinxalluun deebii kan argataniidha.

BOQONNAA SADI: MALA QORANNOOFI MEESHAALEE FUNAANSA ODEEFFANNOO

3.1. Mala Qorannichaa

Qorannoon kun “ Qaaccessa Afoolaa Ogummaa Afaanii Gurguddoo Afran Barsiisuu Keessatti (Kitaaba Barataa Kutaa Kudhanaffaa Irratti Kan Xiyyeeffate)” waan ta’eef,qorataan qorannoo kana gaggeessuuf mala qorannoo akkamtaatti (qualitative research method) fayyadameeti. Sababnisaas, qorannoon kun kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo keessatti afoolaan ogummaa afaanii barsiisuu sakatta’uun jechaan ibsuu irratti waan fuulleffateefiidha. Dastaan Marietjiefi Marieta (2001) wabeeffachuun waa’ee gosa qorannoo kanaa yoo ibsu:

Qorannoo qulqullaa’inaa gaggeessuuf odeeffannoo kan funaannannu daawwannaa,af-gaaffii,dookumantii sakatta’uufi meeshaalee dhag-argee (audio-visual materials) fayyadamuudha. Akka jara kanaatti meeshaaleen (tools) kunniin afran odeeffannoo qorannoo qulqullaa’ina gaggeessuuf murteessoodha. (Dastaa,2013:33)

Akkuma yaada hayyuu armaan olii kana irraa hubatamutti malli qorannoo kanaa mala qorannoo akkamtaa (qulqullaa’inaa) ta’ee sakatta’a barruu,af-gaaffiifi daawwannaan kan gaggeeffameedha.

3.2. Irraawwatamtoota Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti irraawwatamtoonni kitaabaa barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa, daftara yaadannoo barattootaa, barattoota kutaa kudhanaffaa iddattoof filatamaniifi barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsaa sadarkaa lammaffaa Roophiiti.Kutaan kudhanaffaa kan filatameef immoo qabiyyeen kitaabichaa hedduminaan gosoota afoolaa qabaachuu isaati.

3.3. Iddaattoo

Akka hayyuun Flick (2002) jedhamu hiiketti, iddaattoon irraawwatamtoota qorannoo irratti adeemsifamu keessaa odeeffannoo qorannichaa barbaachisu akka kennaniif kanneen filatamaniidha. Dabalataanis Dastaan (2013:132) iddaattoo yoo ibsu, “Iddaattoon adeemsa odeef-kennitoota qorannoodhaaf filannee jamaa keessaa dhufan sana akka bakka bu’an kan ittiin taasisnu” Jedha. Kanaaf, qorataan qorannoo kanaa odeeffannoo barbaachisu argachuuf mala iddattessuu itti yaadee (purposive sampling)fi mala carraa fayyadameera. Sababni mala kanneen fayyadameef

barsiisonni jiran baay'ina hin qaban waan ta'eef, itti yaadee hunduma irraa odeeffannoo fudhate. Dabalataan barattoonniifi dareen barnootaa hedduminna waan qabaniif mala carraa fayyadameera.

3.3.1. Filannoo Kitaabaa

Afoolli barumsa afaaniifi kitaaba barnoota afaanii keessatti ogummaa afaanii gabbisuuf gahee olaanaa akka taphatu jalqabarratti ibsameera. Kanuma irraa ka'uudhaan kitaabileen barnoota Afaan Oromoo kutaa hundaa sakatta'uun si'a tokkotti waan ulfaataa ta'eef, mala iddaattessuu itti yaadeetiin kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa bara 2005 /2012 foyya'uun maxxanfamee hanga yonaatti hojiirra jirutuu filatame. Sababni kitaabni kutaa kanaa filatameef sadarkaa lammaffatti kitaaba qabiyyeen afoolaa keessatti argamu waan ta'eef mala iddaattessuu itti yaadeetiin filameera.

3.3.2. Filannoo Mana Barnootaa

Manni Barumsaa sadarkaa lammaffaa godina Arsii lixaa Aanaa Siraarootti argaman sadi qofa waan ta'aniif, qorataan sadan keessaa tokko filachuuf erga murteessee waraqaa walqixa ta'e sadi qopheessuun waraqaa lama irratti lakkoofsa “ 0” , isa hafe irratti immoo lakkoofsa “1” barreessuun erga iccitiin qabee maree booda barattoota sadii Mana Barumsaa sadiif nama tokko tokko bakka buusuudhaan carraan bu'eef. Sana booda barataan Mana Barumsa sadarkaa lammaffaa Roophii bakka bu'e waraqaa lakkoofsa “ 1” qabdu fudhe. Kanaafuu, Mana Barumsaa sanatu abbaa carraa ta'uun iddaattoof filatameera.

3.3.3. Filannoo Daree Barnootaa

Filannoon daree barnootaa mala iddaattessuu carraatiin kan adeemsifameedha. Baay'inni dareewwan barnootaa kutaa kudhanaffaa mana barumsichaa kudha lama yemmuu ta'u, qorataanis gola afur haala itti aanuu kanaan filateera. Qubeen golli kunneen ittiin waamaman “A – L”tti jiran waraqaa irratti barreeffamuun waraqaan erga iccitiin maramee barsiisaan isaan barsiisu tokko waraqaalee marama keessaa afur akka fuudhu taasifame. Sana booda golli afran barsiichi fuudhee carraan irra gahe yemmuu ilaalamu , “C”, “E” , “H” fi “ L” ‘n iddaattoof filatamaniiru.

3.3.4. Filannoo Barsiisotaa

Akka qorannoo kanaaf mijatutti filannoon barsiisota Afaan Oromoo mala iddaattessuu itti yaadeetiin kan gaggeeffameedha. Barsiisonni Afaan Oromoo Mana barumsaa kanatti barsiisan dhiira lamaafi dubara tokko walitti nama sadi qofa waan ta'aniif sadan isaaniyyuu iddattoof filatamaniiru. Bifuma walfakkaatuun barsiisonni Afaan Oromoo Mana Barumsichaa hundi isaaniituu odeeffannoo kennitoota ta'anii filatamaniiru.

3.3.5. Filannoo Barattootaa

Qorannoo kanaaf barattoonni dareewwanii carraadhaan iddattoof filatamaniirraa mala iddaattessuu itti yaadeetiin kan filataman yoo ta'u, haalli isaan ittii filatamanis barattoota gola filatame afran irraa sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa bahan yemmuu ta'u, walumaa galatti barattoota dhiiraa shaniifi dubaraa sadi walitti immoo saddeeti odeeffannoo kennitoota ta'anii filatamaniiru.

3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Qorataan qorannoo kanaaf odeeffannoo quubsaa ta'e argachuudhaaf, meeshaalee odeeffannoo walitti funaanuuf barbaachiisan keessaa sakatta'a kitaabaafi yaadannoo (daftara)barattootaa, afgaaffiifi daawwannaa daree barnoota afaanii fayyadameera.

3.4.1. Sakatta'a Kitaabaa

Qorataan qaaccessa afoolaan ogummaa afaanii gurguddoo barsiisuu keessatti qabu qaaccessuuf kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa bara 2005/2012 maxxanfamee hojiirra jiru sakatta'uun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu walitti funaaneera.

3.4.2. Afgaaffii

Bifuma jalqabarratti ibsameen kaayyoon guddaan qorannoo kanaa gahee afoolli ogummaa afaanii gurguddoo barsiisuu keessatti qabu sakatta'uun qaaccessuudha. Kanaafuu afgaaffii qorannoo kanaaf barbaachisu barattootaafi barsiisota Mana Barumsa sadarkaa 2^{ffaa} Roophii iddattoof filataman irraa afgaaffiin dhiyaateefi odeeffannoon funaanameera.

3.4.3. Daawwannaa Daree

Haala qabatama daree barnootaarratti hundaa'uun daawwannaan daree barnootaa odeeffannoo dabalataa argachuuf adeemsa taasifameedha. Qorataan qorannoo kanaas mala akkamtaa (qulqulleeffataa) qorannoo kanaaf odeeffannoo barbaadamu argachuuf, daawwannaa daree gargaarameera. Sababni isaas kallattiin yaada barbaadame argachuuf yoomessa uumamaa keessatti mijaawaa akka ta'e Sarantacos (2005) ibseera. Haaluma walfakkaatuun qorannoo akkamtaa keessatti odeeffannoo sirrii argachuuf gosti daawwannaa kun filatamaa akka ta'e ibsameera. Kana malees, qorannoo akkamtaa keessatti meeshaalee funaansa odeeffannoo kan akka bargaaffii, afgaaffii, daawwannaa daree fayyadamuun odeeffannoo qorannoo gabbisuus barbaachisoo akka ta'an Koul, (1988) fi Best (1977) ibsaniiru.

3.5. Mala Odeeffannoo Qaaccessuu

Qorataan qorannoo kana yemmuu qaaccessu mala akkamtaatti fayyadameeti. Sababni isaas qorannichi kitaaba qaaccessuuf irratti waan fuulleffatuuf, qorannoon kun qorannoo akkamtaa ta'a. Kanaaf, odeeffannoo kitaabarraa sakatta'uun , afgaaffiifi daawwannaa dareetiin walitti qabaman hundi lakkoofsaan osoo hin taane jechaan ibsamaniiru.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI IBSA ODEEFFANNOO

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoowwan qaaccessa kitaabaa, daftara yaadannoo barattootaa, afgaaffii barsiisotaafi barattoota iddattoon filamaniifi daawwannaa daree barnoota afaaniitiin argaman haala itti aanu kanaan tartiibaan qaaceffamaniiru.

4.1.Qaaccessa Odeeffannoowwan Kitaaba Sakatta'uun Funaanaman

Akka odeeffannoon qaaccessa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaarraa argame mul'isutti gooroowwan (gosoanni afoolaa kitaabicha keessatti argaman sakatta'amani akka itti aanutti gabateen mirakaneeffannoo qophaa'uun ibsamaniiru.

**4.1.1. Gabatee Faca'iinsa Afoolaa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa
Kudhanaffaa Keessatti Argamanii Mul'isu**

Lakk.	Gosoota Afoolaa	Mata duree afoolli kun jalatti argamu	Fuula
1	Sirba gaa'elaa	Gilgaala 7 Shaakala sirba gaa'elaa	38
		B. Sirba Gaa'ela	135
2	Tapha Ijoollee	Dubbisa “ Toltuufi Hiree Ishee “ jedhu keessatti	41
3	Eebba	Dubbisa “ Toltuufi Hiree Ishee “jedhu keessatti	41
		Dubbisa “ Guddifachaa” jedhu keessatti	103
4	Mammaaksa	Gilgaala 4 Shaakala Ogbarruu	44
		Gilgaala 6 Shaakala Mammaaksaa	116
		Gilgaala 5 Shaakala Mammaaksaa	131
5	Jechama	Dubbisa “ Burqaafi Dureettii “ jedhu keessatti	49
		Gilgaala 10 Shaakala Jechamaa	145
		Barannoo 2 Afoola Shaakala Jechamootaa	152
		Gilgaala 4 Shaakala Jechamootaa	163
6	Geerarsa	Barannoo 3 Afoola Geerarsa	63
		Dubbisa “ Gaabbii “ jedhu keessatti	160
7	Weedduu Jaalalaa	Gilgaala 2 Shaakala Dubbisa Duraa	133
		Afoola Oromoo Weedduu Jaalalaa	134
9	Sirba Jaalalaa	Gilgaala 2 Shaakala Dubbisa Duraa	133
10	Hiibboo	Gilgaala 9 Shaakala Hiibboo	144
		Gilgaala 6 Shaakala Hiibboo	155
		Yaadannoo Hiibboo	156
11	Oduu Durii (Sheekkoo)	Dubbisa “ Oduu Durii /Sheekkoo” jedhu keessa	139
		Gilgaala 5 Shaakala Sheekkoo	152
		Leencaafi Re'ee	153
12	Ciigoo	Gilgaala 8 Shaakala Ciigoo	143
13	Malleen Dubbii	Gilgaala 5 Shaakala Malleen Dubbii	164

Haala odeeffannoon argame mul'isutti gosoonni afoola kitaabicha keessatti argamanii sirba gaa'elaa, tapha ijoollee , eebba, mammaaksa, jechama, geerarsa, weedduu jaalalaa, uruursuu daa'immanii, sirba jaalalaa, hiibboo, oduu durii (sheekkoo), ciigoofi malleen dubbii ofkeessatti kan hammate yoo ta'u, gosoonni afoola biroo hammatamuu qaban osoo hin hammatamin hafanis akka jiran odeeffannoo qaaceffame irraa hubachuun danda'ameera. Kitaaba barnoota Afaan

Oromoo kutaa kudhanaffaa afoola adda addaa fayyadamuun ogummaa afaanii gurguddoo afran (dhageeffachuu,dubbachuu,barreessuufi dubbisuu) barsiisuun barattoota gonfachiisuun kan danda'amu ta'uusaati.

Lue (1996) akka ibsetti, daree barnoota afaanii keessatti malli baruufi barsiisuun barataa giddu galeessa godhatae jiraachuun faayidaa qaba. Sababnisaas, hojiin afaanii waan heddu kan ofkeessatti hammatee argamu waan ta'eefiidha. Akki kun immoo barataan beekumsa barsiisaa qofa irraa woraabuu osoo hin taane ofii isaatii yookaan gareen gara barachuutti barattoota geessisa.Haaluma walfakkaatuun Silberman (1996) akka ibsetti, yemmuu barnoonni afaanii si'aayina qabaatu barattoonni hojiilee barnoonni afaanii barbaadu raawwachuun rakkoo isaan mudate furachuu, beekumsa duraan qaban isa ammaatiin walitti fiduun faayidaa qabaata.

Barnoota afaaniifi kitaaba barnoota afaanii keessatti afoola yoo akka meeshaa afaan barsiisuutti fayyadamne barattoonni ofitti amanamummaa, si'aayinaafi kaka'umsa akka qabaatan taasisa. Haaluma walfakkaatuun hirmaannaa barattootaa dabaluu keessattis gahee olaanaa akka qabu kutaalee darban keessatti ibsameera. Barnoonni afaanii si'aayinaafi kaka'umsa gahaa kan barbaaduufi hirmaannaa hoo'aa barattoonni godhaniin galma gahuu kan danda'uudha. Birhanuu (2009) “ *In active learning the involvement and participation of the learners in the interaction is mandatory.*”

Haaluma odeeffannoo qaaccessa kitaabichaa irraa hubatamutti kitaabni Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa bara 2005/2012 maxxansa jalqabaa maxxanfamuun yeroo ammaa hojiirra oolaa jiu kana keessatti faca'iinsa afoolaa boqonnaa kudha saddeetii kitaabichi qabu keessatti gooroowwan (gosoonni) afoolaa kudha sadii sakatta'amaniiru. Isaanis mata dureewwan gara garaa hanga digdamii torba gahan keessatti kan qaaceffamaniidha.

Akka Baddiluun (1996:6) ibsetti afoolli barnoota afaanii keessatti hammatamuun barattoonni ogummaa dubbisuu sadarkaa olaanatti, dhageeffachuu,dubbachuufi barreessuun immoo sadarkaa giddugaleessatti akka gabbifataniif gargaara. Kana malees barattoonni yeroo gosoota afoolaatti gargaaraman ogummaa dubbachuufi dubbisuu isaanii nigabbifatu. Barsiisaan yemmuu sagalee olfuudhee dubbisuuf ni dhaageeffatu. Waan dhageeffatan kana irratti hundaa'uun immoo si'aayinaan marii hoo'aa mari'atu. Sababni isaas afoolli amala hawwachuufi si'eessuu waan

qabuuf barattoonni hojii afoolaa irratti hundaa’anii ogummaa isaanii akka gabbifatan taasisa.

Haa ta’uuyyu malee gosoota afoolaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa boqonnaa kudha saddeeti qabu kun yemmuu qaacceffamu goosoota afoolaa tokko tokko haalli ittiin dhiyaate galma gahiinsa kaayyoo afaaniirratti hanqinni mul’atu jira. Akka fakkeenyaatti yoo ibsamu: Uruursuun daa’immanii dubbisa “Guddifachaa” jedhu (fuula 103) keessatti haa ka’u malee bal’inaan ibsamuun barattoonni akka ittiin skaakaluun dandeettii afaanii ittiin gabbifataniif akka barbaadamutti hin qophoofne. Eebbi dhihaates haaluma walfakkaatuun dubbisa kana keessatti haa dhiyaatu malee bal’inaan hin ibsamne. Osoo bal’inaan ibsameera ta’ee, gilgaalota keessattis barattoonni akka shaakalaniif kan affeeru ta’etii kaayyoo barnoota afaanii galmaan gahuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Hima tokko qofaan dubbisa keessatti hammatamuun “ Quufaan raagi, bookaan raagi, biqilaan raagi, aannaniin raagi! “ jechuun qofa dhiyaate. Kun immoo faayidaa kaayyoo barnoota afaanii galmaan gahuu guutumatti osoo hin milkeessin hafeera. Kan ta’uu qabu, bal’inaan dhiyaachuun barattoonni uuruursuufi eebba kanaan dura beekan barreessanii fiduun akka shaakalaniif yoo dhiyaate filatama.

**4.1.2. Gabatee Afoolaan Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa Kudhanaffaa Keessatti
Ogummaa Afaanii Gurguddoo Barsiisuuf Dhiyaachuu Agarsiisu**

La.	Gosoota Afoolaa	Ogummaa Afaanii Gurguddoo			
		Dubbachuu Barsiisuu	Dhageeffachu u barsiisuu	Barreessuu Barsiisuu	Dubbisuu Barsiisuu
1	Sirba Gaa'elaa	✓	✓	✓	✓
2	Tapha Ijoollee	✓	✓	✓	✓
3	Eebba	✓	✓	✓	✓
4	Mammaaksa	✓	✓	✓	✓
5	Jechama	✓	✓	✓	✓
6	Geerarsa	✓	✓	✓	✓
7	Weedduu Jaalalaa	✓	✓	✓	✓
8	Uruursuu Daa'immanii	✓	✓	✓	✓
9	Sirba jaalalaa	✓	✓	✓	✓
10	Hiibboo	✓	✓	✓	✓
11	Oduu Durii (Sheekoo)	✓	✓	✓	✓
12	Ciigoo	✓	✓	✓	✓
13	Malleen Dubbii	✓	✓	✓	✓

Akka odeeffannoon sakatta'a kitaabaa irraa argame mul'isutti gosoonni afoolaa dhiyaatan harki caalaan kaayyoo dandeettii afaanii gurguddoo afran jiran milkeessuuf mijatoo akka ta'aniidha.

Akka Lazar (1986:27) ibsetti, hojiileen kalaqaa marii kutaa keessatiif carraa waan kennaniif, barattoonni keessattuu dubachuufi barreessuudhaan hirmaannaa hoo'aa akka godhaniif gargaara. Kana hojiirra oolchuuf afoolli afaan barsiisuuf filatame

ogummaa afaanii dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuufi dubbisuu milkeessuuf kan mijatan ta'uu qabu.

4.1.3. Gabatee Gilgaalonni Afoola Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Kudhanaffaa Ogummaa Afaanii Gurguddoo Keessaa Irra Caalaa Kamirratti Akka Xiyyeeffatu Agarsiisu

La k	Gosoota Afoolaa	Mata duree gilgaalonni afoolaa jalatti argaman	Fuula kitaaba keessatti irratti argaman	Xiyyeeffannoo ogummaa afaanii gilgaalotaa afoola dhiyaate keessaa bahanii			
				Dubbac huu	Dhageeff achuu	Barrees suu	Dubbisu u
1	Sirba Gaa'ela	Gilgaala 7 Shaakala sirba gaa'ela	38	✓	✓	✓	✓
2	Mammaaksa	Gilgaala 4 shaakala Ogbarruu	44	✓	✓	✓	✓
		Gilgaala 6 Shaakala mammaaksaa	116	✓	✓	✓	✓
		Gilgaala 5 Shaakala mammaaksaa	131	✓	✓	✓	✓
*3	Jechama	Gilgaala 10 Shaakala jechamaa	145	✓	✓	✓	✓
		Gilgaala 4 shakala jechamaa	152	✓	✓	X	X
		Gilgaala 5 Shaakala Jechamaa	163	✓	✓	X	✓
*4	Weedduu Jaalalaa	Gilgaala 2 shaakala dubbisa duraa	133	✓	✓	X	X
*5	Uruursuu	Gilgaala 2B shaakala yeroo dubbisuu	104	✓	✓	X	X
*6	Sirba Jaalalaa	Gilgaala 2 shaakala dubbisa duraa	133	✓	✓	X	X
*7	Hiibboo	Gilgaala 9 shaakala Hiibboo	144	✓	✓	X	✓
		Gilgaala 6 shaakala hiibboo	155	✓	✓	✓	X
*8	Oduu Durii	Gilgaala 5 shaakala sheekkoo	152	✓	✓	X	X
9	Ciigoo	Gilgaala 8 shaakala ciigoo	143	✓	✓	✓	✓
10	Malleen Dubbii	Gilgaala 5 shaakala malleen dubbii	164	✓	✓	✓	✓

✓ =Xiyyeeffachuu agarsiisuuf X= xiyyeeffachuu dhabuu agarsiisuuf

Akka odeeffannoon sakatta'a kitaabaatiin argame mul'isutti gilgaalonni afoola dhiyaatan keessaa ogummaa afaanii gabbisuuf dhiyaate gilgaalota kudha shan yemmuu ta'u, kanneen keessaa gilgaalonni kudha shananuu ogummaa afaanii dubbachuufi dhageeffachuu irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, ammas bifuma walfakkaatuun gilgaalonni saddeet ogummaa barreessuu irratti yemmuu xiyyeeffatu, haaluma walitti dhiyaatuun gilgaalonni sagalii ogummaa dubbisuu irratti akka xiyyeeffatu qaaceffama taasifameen irra ga'ameera.

Odeeffannoo sakatta'a kitaabaa irraa argameen kan nu hubannu gilgaalonni afoola dhiyaate keessaa bahan harki caalaan kan irratti xiyyeeffatan ogummaa dubbachuufi dhageeffachuu irratti ta'usaaniifi itti aansuun immoo dubbisuufi barreessuu irratti kan xiyyeeffataniidha. Ogummaaleen afaanii gurguddoon afran kunneen immoo wal utubanii akka deeman walnama hin gaafachiisu. Kana jechuunis,akkuma beekamu dhageeffataan gaariin dubbataa gaarii yemmuu ta'u, dubbisaan gaariin immoo barreessaa gaarii akka ta'u eenyu jalaayyuu waan dhokatu miti.

Akka Wandosen (1994:19) ibsutti, afoolli akka meeshaa afaan barsiisuutti fayyadamuun kaayyoon isaa beekumsa afoolaa kuufachuufi waa'ee afoolaa xiinxalluuf osoo hin taane, afoola filatamaniin ogummaa afaanii akka gabbifatan taasisuudha. Hayyuun kun yaada armaan olii lafa haa kaahu malee, qorataan qorannoo kanaa kan itti amanu barattoonni afoolaan dandeettii afaanii gonfachiisuu cinattis beekumsa afoolaa kuufachuuniifi xiinxalluun afaaniin gargar bahee kan hin ilaalamne ta'uusaati. Ogummaan afaaniifi kuufamni afoolaa yookaan xiinxalli afoolaa walitti hidhamiinsa qabachuun isaanii ni mul'ata.

****Bifuma gabateen armaan olii eeruun gosoonni afoolaa jechamni, weedduun jaalalaa, uruursuun, hiibboon, oduun durii osoogummaa afaanii barreessuufi dubbisuu gabbisuuf mijatuu, haalli kitaaba keessatti ittiin dhiyaate ogummaa dubbachuufi dhageeffachuu qofa irratti xiyyeeffachuun hanqina kitaaba keessatti mul'atu waan ta'eef akka ogummaa hunda irrattuu xiyyeeffatutti qophaa'uu qaba.**

4.1.4. Gabatee Amala Gilgaalota Afoola Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa

Kudhanaffaa Keesstti Dhiyaatanii Mul'isu

Lak	Gosoota Afoolaa	Mata duree gilgaalotaa	Fuula kitaaba keessatti irratti argaman	Amala gilgaalota afoola keessaa bahanii				
				Gilgaala afaaniin deebi'an	Gilgaala ibsa dhuunfaa barbaadu	Gilgaala deebii galumsaa barbadu	Gilgaala madaallii barbaadu	Gilgaala dandeetti waa yaaduu barbaadan
1	Sirba Gaa'ela	Gilgaala 7 Shaakala sirba gaa'ela	38	✓	✓	X	X	✓
2	Mammaaksa	Gilgaala 4 shaakala Ogbarruu	44	✓	✓	X	✓	✓
		Gilgaala 6 Shaakala mammaaksaa	116	✓	✓	X	✓	✓
		Gilgaala 5 Shaakala mammaaksaa	131	✓	✓	X	✓	✓
3	Jechama	Gilgaala 10 Shaakala jechamaa	145	✓	✓	X	✓	✓
		Gilgaala 4 shaakala jechamaa	152	✓	✓	X	✓	✓
		Gilgaala 5 Shaakala Jechamaa	163	✓	✓	✓	✓	✓
4	Weedduu Jaalalaa	Gilgaala 2 shaakala dubbisa duraa	133	✓	✓	X	X	✓
5	Uruursuu	Gilgaala 2B shaakala yeroo dubbisuu	104	✓	✓	X	X	✓
6	Sirba Jaalalaa	Gilgaala 2 shaakala dubbisa duraa	133	✓	✓	X	X	✓
7	Hiibboo	Gilgaala 9 shaakala Hiibboo	144	✓	✓	X	✓	✓
		Gilgaala 6 shaakala hiibboo	155	✓	✓	X	✓	✓
8	Oduu Durii	Gilgaala 5 shaakala sheekkoo	152	✓	✓	X	✓	✓
9	Ciigoo	Gilgaala 8 shaakala ciigoo	143	✓	✓	✓	✓	✓
10	Malleen Dubbii	Gilgaala 5 shaakala malleen dubbii	164	✓	✓	✓	✓	✓

✓ =kan dhiyaataniif X=kan hin dhiyaanneef

Haala odeeffannoon qaaccessa kitaaba Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa irraa argame mul'isutti amaloonni afoolaa gilgaalota hundaafuu gilgaalota afaaniin deebi'an, gilgaalota ibsa dhuunfaa barbaadaniifi gilgaalota dandeettii waa yaadachuu barbaadaniidha. Gilgaalonni deebii galumsaa barbaadan gilgaalota sadiifi kanneen madaallii barbaadan gilgaalota kudha tkko ta'u jechuudha.

Akka Nuttal (1982)fi Silberstein (1994) ibsanitti, gilgaalonni afoola tokko keessaa bahan ykn qophaa’an gilgaalota afaaniin deebii barbaadu, gilgaalota ibsa dhuunfaa barbaadu, gilgaalota galumsa irraa deebii barbaadu, gilgaalota madaalliifi dandeettii waa yaadachuu barbaadan yoo ta’an, kallattii adda addaatiin dandeettiiwwan afaanii gabbisuu akka danda’aniidha. Haa ta’uuyyu malee, gilgaalonni afoolaa kitaabicha keessatti qophaa’an hundi walfakkaachuun amaloota kanneen hunda qixaan kan guutanii miti. Keessayyuu, gilgaalonni deebii galumsaa barbaadaniifi gilgaalonni deebii madaalliin barbaadan bal’inaan kan hin mul’anne ta’uu sakatta’a kanaan irra ga’ameera.

Walumaa galatti amaloonni gilgaalota afoola kitaaba Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa keessatti argamanii yemmuu qaaceffaman irra caalaan isaanii gilgaalota afaaniin deebi’an, ibsa dhuunfaa barbaadaniifi gilgaalota dandeettii waa yaadachuu barbaadan ta’uusaanii hubachuun danda’ameera.

4.1.5. Gabatee Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Kudhanaffaa Sadarkaa, Ogummaa Afaanii, Aadaafi Jireenyaa Qabatamaa Barattootaa Madaaluu Mul’isuu

La k.	Gosoota Afoolaa	Afoola dhiyaate sadarkaa, ogummaa, aadaafi jireenya qabatamaa barattootaa madaaluufi dhiisuu			
		Sadarkaa	Dandeettii	Aadaa	Jireenyaa
1	Sirba Gaa’elaa	✓	✓	✓	✓
2	Tapha Ijoollee	X	✓	✓	✓
3	Eebba	X	X	✓	✓
4	Mammaaksa	✓	✓	✓	✓
5	Jechama	✓	X	✓	✓
6	Geerarsa	✓	✓	✓	✓
7	Weedduu Jaalalaa	✓	✓	✓	✓
8	Uruursuu Daa’immanii	X	✓	✓	X
9	Sirba jaalalaa	✓	✓	✓	✓
10	Hiibboo	✓	✓	✓	✓
11	Oduu Durii (Sheekkoo)	✓	✓	✓	✓
12	Ciigoo	✓	✓	✓	✓
13	Malleen Dubbii	✓	X	✓	✓

✓ = Madaaluu

X= Madaaluu dhabuu

Akka odeeffannoon kitaabaa irraa argame mul'isutti afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa keessatti hammatamee qophaaye keessaa sirbi gaa'elaa, mammaaksi, geerarsi, weedduun jaalalaa, sirbi jaalalaa, hiibbooniifi oduun durii sadarkaa, ogummaa afaanii, aadaafi jireenya qabataa barattootaa kan agarsiisaniidha. Karaa birootiin immoo taphni ijoollee, uruursuun daa'immaniifi eebbi sadarkaa barattootaa kan mul'isanii miti. Sababnisaas, barattoonni kutaa kudhan baratan umuriin yeroo tapha ijoolleefi uruursuu daa'immanii bira darbanii jiru. Ammas umuriin isaanii eebba eebbisuuf hin geenne. Kun garuu yoo afoolota kanneenitti fayyadamuun dandeettii afaanii gabbifatan rakkoon qabu olka'ee kan mul'atu miti. Itti aansuun eebba, jechamni, ciigoofi malleen dubbii sadarkaa barnoota isaaniitti dhiyaataniyyuu dandeettii afaanii irratti jechoonni isaan danqan ni mul'atu. Kanaaf jechoonni afoola kanneen barattoota giddu galeeffatan yoo ta'e filatamaadha. Haaluma walfakkaatuun uruursuun daa'immanii jiruufi jireenya barattootaa qabatamaa taasisuu gama jedhuun yoo ilaalame barattoonni kutaa kudhanii sadarkaa isaaniitti uruursuu daa'immanii bira kan darbaniidha. Kanaafuu afoolli kun kitaaba keessatti dhiyaachuun gaarii ta'ee osoo jiruu jireenya qabatamaa barattootaa waliin kan deeme hin fakkatu.

Walumaa galatti odeeffannoo armaan olitti sakatta'an kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa keessatti qaaceffame irraa kan hubatamu afoolli dhiyaatu sun ulaagaalee guutuu qabu, ogummaa afaanii, aadaafi jireenya qabatamaa barattootaa waliin deemu yoo ta'e kaayyoo gurguddoo barnoota afaanii ogummaa afran afaanii galmaan gahuu keessatti gahee olaanaa qabaachuusaati. Odeeffannoon argames kan mul'isu hanqinni ulaagaalee kaa'amani olka'ee kan hin mul'annee ta'uusaati.

**4.1.6. Gabatee Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa Kudhanaffaa Keessatti Malleen
Afoolaan Afaan Barsiisuu Agarsiisuuf Dhiyaate Mul'isu**

La k.	Gosoota Afoolaa	Mata duree afoolli kun jalatti argamu	Fuula	Malleen afoolaan afaan barsiisuuf dhiyaatan		
				Mala afaan bu'uureffat e	Mala dandeettii afaanii bu'uureffate	Mala Kalaqa a
1	Sirba Gaa'elaa	Gilgaala 7 Shaakala sirba Gaa'elaa	38	X	✓	X
		B. Sirba gaa'ela	135	X	✓	X
2	Tapha Ijoollee	Dubbisa “ Toltuufi Hiree Ishee “ jedhu keessatti	41	X	✓	X
3	Eebba	Dubbisa “ Toltuufi Hiree Ishee “jedhu keessatti	41	X	✓	X
		Dubbisa “ Guddifachaa” jedhu keessatti	103	X	✓	X
4	Mammaaksa	Gilgaala 4 Shaakala Ogbarruu	44	X	✓	X
		Gilgaala 6 Shaakala Mammaaksaa	116	X	✓	X
		Gilgaala 5 Shaakala Mammaaksaa	131	X	✓	X
5	Jechama	Dubbisa “ Burqaafi Dureettii “ jedhu keessatti	49	X	✓	X
		Gilgaala 10 Shaakala Jechamaa	45	X	✓	X
		Barannoo 2 Afoola Shaakala Jechamootaa	152	X	✓	X
		Gilgaala 4 Shaakala Jechamootaa	163	X	✓	X
6	Geerarsa	Barannoo 3 Afoola Geerarsa	63	X	✓	X
		Dubbisa “ Gaabbii “ jedhu keessatti	160	X	✓	X
7	Weedduu Jaalalaa	Gilgaala 2 Shaakala Dubbisa Duraa	133	X	✓	X
		Afoola Oromoo Weedduu Jaalalaa	134	X	✓	X
9	Sirba Jaalalaa	Gilgaala 2 Shaakala Dubbisa Duraa	133	X	✓	X
10	Hiibboo	Gilgaala 9 Shaakala Hiibboo	144	X	✓	X
		Gilgaala 6 Shaakala Hiibboo	155	X	✓	X
		Yaadannoo Hiibboo	156	X	✓	X
11	Oduu Durii (Sheekkoo)	Dubbisa “ Oduu Durii /Sheekkoo/” jedhu keessa	139	X	✓	X
		Gilgaala 5 Shaakala Sheekkoo	152	X	✓	X
		Leencaafi Re'ee	153	X	✓	X
12	Ciigoo	Gilgaala 8 Shaakala Ciigoo	143	X	✓	X
13	Malleen Dubbii	Gilgaala 5 Shaakala Malleen Dubbii	164	X	✓	X

Bifa odeeffannoon qaaccessa kitaaba Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa irraa argame mul'isutti malleen afoolli kitaaba keessatti ittiin dhiyaate mala dhiyeenyaa ogummaa afaanii bu'uureffate ta'uusaati. Lazar (1993:22) akka ibsetti, malleen afoolaan afaan barsiisuuf dhiyaatan sadituu jiru. Isaanis, mala dhiyeenyaa ogummaa afaanii bu'uureffate, mala dhiyeenyaa afaan bu'uureffateefi mala dhiyeenyaa kalaqaati. Kaayyoon malleen kanneenii kallattii hedduun barnoonni afaanii akka galma gahu taasisuudha. Haa ta'uu malee, malleen dhiyeenyaa afoolaa kitaaba kutaa kudhanaffaa mala dhiyeenyaa ogummaa afaanii bu'uureffate ta'uusaa sakatta'a taasifame irraa hubachuun danda'ameera.

4.2. Qaaccessa Odeeffannoo Sakatta'a Yaadannoo (Daftara) Barattootaa

Qorataan qorannoo kanaa, odeeffannoowwan afgaaffiidhaan barsiisotaa Afaan Oromoofi barattoota Mana Barumsa Sadarkaa lammaffaa Roophii iddaattoof filataman irraa argaman cimsuuf , gabatee mirkaneeffannoo (checklist) qopheessuun daftara barattootaa iddaattoof filatamanii sakatta'uun odeeffannoo barbaachisu funaaneera.

Akka odeeffannoon sakatta'a daftara barattootaa irraa argame mul'isutti daftarri barattootaa kanneen hojdareefi hojmanee afoolaan walqabatu kan qabu ta'uusaati. Yaadannoon barattootaa harki caalaan seerluga kan qabate ta'uyyuu, dabree dabree gosoonni afoolaas kan irraa mul'atu ta'uun isaa sakatta'a kanaan bira ga'ameera.

Dabalees, odeeffannoon sakatta'a yaadannoo barattootaa kun kan nutti mul'isu kan itti xiyyeeffataa jiran harki irra jireessi seerluga yoo ta'ellee, afoolaanis afaan barataa jiraachuu isaaniiti. Kan hubatamuu qabu immoo ogummaa afaanii gurguddoo afran seerlugaanis ta'ee, afoolaan gabbisuun kan danda'amu ta'uudha. Kun immoo odeeffannoo afgaaffiidhaan barsiisotaafi barattoota Mana Barumsa Sadarkaa lammaffaa Roophii iddaattoon filatamanii kan gabbisuudha.

4.3. Qaaccessa Odeeffannoowwan Afgaaffiidhaan Barsiisota Afaan Oromoo

Mana Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Roophii Irraa Argame

Odeeffannoowwan afgaaffiidhaan barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Roophii irraa argamee bifa itti aanu kanaan qaaceffamuun dhiyaate.

1. Gaaffii afoolli barumsa afaanii keessatti faayidaa qaba jettanii yaadduu? yoo niqaba jettan faayidaa isaa ibsaa jedhuuf, barsiisonni Mana Barumsa sadarkaa lammaffaa Roophiitti barnoota Afaan Oromoo barsiisan haala walfakkaatuun “eeyyee faayidaa qaba” jechuun erga deebisanii booda, faayidaa afoolaa barnoota afaanii keessatti akka itti aanu kanatti ibsan. Barsiisaan “A” deebii isaaniitiin ,afoolli hojii kalaqaa sabni tokko qarooma isaa dhalootaa dhalootatti ittiin dabarsaa tureefi jiru yoo ta’u, faayidaan inni barnoota afaanii keessatti qabu, amala ofitti nama hawwachuu, si’eessuufi bashannansiisuu waan qabuuf barnoota afaanii keessatti yemmuu gargaaramnu kaayyoo gurguddoo barnoota afaanii galmaan gahuuf iddoo olaanaa qaba. Barsiisaan “B” yaaduma duraan kenname deeggarun, “Barattoonnis kaka’uumsaan hirmaannaa hoo’aa taasisuun akka barataniif faayidaa qaba” jechuun deebisan. Barsiisaan “C” immoo dabalataan yoo ibsan, “Afoolli faayidaa guddaa kan qabu waan ta’eef, barnoota afaanii keessatti yoo itti fayyadamne karaa hawwataa ta’een kaayyoo barnoota afaanii galmaan gahuuf gahee guddaa taphata.” jechuun ibsan.

2. Afoola gargaaramtanii barnoota afaanii barsiisuu irratti xiyyeeffannoon qabdan maal fakkata? Gaaffii jedhuuf barsiisaan “A” yemmuu deebii kennan , “Afoolli jiruufi jireenya hawaasa tokkoo humna ittiin ibsu qaba waan ta’eef ,kana ta’uun isaa immoo akka itti xiyyeeffatamu waan isa taasisuuf, barnoota afaanii ittiin barsiisuuf itti xiyyeeffanna. Dabalataanis barsiisaan “B” kan jedhan, “Ogummaa gurguddoo afaanii dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuufi dubbisuu barsiisuu keessattis qooda guddaa qaba waan ta’eef itti xiyyeeffachuun ittiin barsiisaa jirra.” jechuun deebii isaanii kennan. Deebiin barsiisaa/tuu “C” irraa argames xiyyeeffannoo ni kenninaaf kan jedhuudha.

3. Haala kitaabni Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa qajeelchutti barattoonni afoola duraan beekan akka fidanii dhufuun gareen shaakalaniif haalli isin itti

jajjabeessuun barsiiftan maal fakkaata? Gaaffii jedhuuf deebii yemmuu kennan: Barsiisaa “A” “Barattoonni barnoota baratan keessatti muxannoo duraan jireenya isaanii keessatti qaban waliin yoo walitti fidan barnoonni isaan argatan qabatamaa ta’aa jira waan ta’eef, nutis yaaduma kanaa haala ajaja kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa irratti hundoofnee mata duree afoolaa tokko jalatti afoola duraan beekan daretta fidanii dhufuun shaakalliin akka ogummaa isaanii gabbifatan taasisaa jirra jechuun deebisu. Gaaffii kanaaf Deebiin isaan kennan walfakkaata.

4. Afoola fayyadamuun yeroo barnoota afaanii barsiiftan rakkoon isin mudate jiraa? Yoo jiraate maali? Akkamitti furtaniirtu? Gaaffilee kanneeniif deebii yoo kennan: Barsiisaan “A” yoo deebisan,” Rakkoon yemmuu afoola fayyadamuun afaan barsiisuu nu mudate olka’ee kan mul’atu ta’uu baatus, rakkoon akka hanqina yeroo ni mul’ata. Kunis yeroon ykn waytiin afoolli sun fudhatuufi waytiin barnootichaaf ramadame walsimuu dhabuudha. Kanas barattoonni yeroo barnootaatiin alas akka shaakalin ni taasifna.” jedhan. Barsiisaa “B” immoo rakkoo mudatu yoo ibsan “xiyyeeffannoo kennuu dhabuu barattoota tokko tokko biratti kan mul’atuudha. Kunis afoolicha jireenya hawaasummaa ykn maatii isaanii irraa waan beekaniif faayidaa inni barnoota afaanii keessatti qabuuf hin xiyyeeffatan.kanas qabatamaan dandeettii afaanii akka afoolli gabbisu itti garsiisuun furaa jirra” jedhan.Barsiisaan,tuun “C” kan jedhan immoo “ Kun kan ta’uu qabu afoola gaafataman san qofa kuufatanii beekuu osoo hin ta’in afoola san barnoota afaaniitiin walitti fiduun kaayyoo barnoota afaanii galmaan gahuudha jechuun ibsa bal’aa kennaniiru.” jedhu.

Odeeffannoon afgaaffii barsiisotaa irraa argame kun kan mul’isu afoolli kitaaba barnoota afaanii keessatti hammatamuun yeroo barnoota afaaniitiif oolu faayidaan inni ogummaa afaanii gurguddoo afran galmaan gahuuf qabu daraan olaanaa ta’uusaa,afoola gargaaramanii barnoota afaanii barsiisuufis akka xiyyeeffatan,barattoota akka shaakalsiisaniifi rakkoon yeroo afoolaan afaan barsiisan mudate hanqina yeroofi xiyyeeffannoo laaffisuun barattootaa akka mul’atuudha. Kanaaf immoo qophii kitaaba afaanii keessatti afoola hammachiisuufi yemmuu barnoota daree afaaniis afoolli xiyyeeffannoo kan barbaadu ta’uusaa afgaaffii barsiisota waliin taasifame irraa hubachuun danda’ameera.

4.4. Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barattoota Kutaa Kudhanaffaa Mana

Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Roophii Irraa argame

1. Gaaffii afoola kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa keessa jiru daree barnoota afaaniitti ittiin barataa jirtuu? Gosoonni afoola kanneenii maal fa'a? jedhuuf barattoonni kutaa 10ffaa iddaattoof filataman deebii yemmuu kennan: Barataan "A" "eeyyeen ittiin barataa jirra. Gosoonni isaanis kanneen akka mammaaksa, hiibboo ,durdurii,geerarsa, sirbafi kkf dha." jechuun yemmuu deebisu barataan "C" akka itti aanutti deebise."Afoolatti fayyadamnee barnoota afaanii ni baranna.Gosoonni isaas weedduu,sirboota adda addaa,sheekkoo,tapha ijoollee,ciigoofi kkf " jechuun deebisa.

2. Afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo waytii barnoota Afaan Oromoo keessatti isiiniif dhiyaatu kun faayidaa qaba jettanii yaadduu? Yoo qabaate ibsaa gaaffii jedhuuf barattoonni yemmuu deebii kennan: Barataa "B" "eeyyen faayidaa qaba Faayidaan isaas nama bashannansiisa" Barataa "C", " Eeyyen niqaba.kaka'umsaafi hirmaannaa guutuun akka barannuuf" Barataa "D"dabalataan immoo ogummaa afaanii akka gabbifannuuf" Barataa "E" aadaafi seenaa keenyas akka barannuuf nu fayyada" jechuun deebii isaanii kennaniiru.

3. Afoolli ogummaa afaanii gurguddoo afran (dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuufi dubbisuu) akka gabbifattan ni taasisaa? Yoo ni taasisa ta'e haala kamiin fa'a? Gaaffilee kanneeniifis barattoonni yoo deebii kennan: Barataa "A" "Eeyyen afoolli ogummaa afaanii akka gabbifannuuf nu gargaara." Yemmuu jedhu ,barataan "B" immoo Haalli afoolli ittiin akka dandeettii afaanii gabbifannu taasisus afoola kitaaba keessatti qophaaye, kan barsiisaan keenya nuuf qopheesseefi kan nuti duraan beeknu walitti fiduun daree barnootaa keessatti yemmuu shaakallu karaa salphaa ta'een ogummaa afaanii dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuufi dubbisuu gabbifachuu ni dandeenya". jedhuun deebii kennu. Yaanni warri hafan kennanis kanaan addaa miti.

4. Yeroo afoolaan barnoota afaanii barattan rakkoon mul'atu maalii gaaffii jedhuuf deebii yemmuu kennan , Barataa "D" "rakkinni jiru hanqina yerooti " yemmuu jedhu barataan "C" immoo "jechoonni gosoota afoolaa tokko tokko keessatti argaman haarawa ta'uun hiikkaan isaanii kan nu rakkisuudha." jedha. Barataan "E" " rakkoollee kanneenis hanqina yeroo barnoota dareetiin alatti fakkeenyaaf iddo

gumii Miinimidiyaafi Gudinaafi Dagaagina Afaan Oromootti kan shaakallu yoo ta’u, Barataan “D” “jechoota haara ta’uun nu rakkisan immoo hiriyyootaafi barsiisota keenya gaafachuun furachuu dandeenyee “. jirra jechuun deebiisaniiru.

Odeeffannoo afgaaffiidhaan barattoota irraa argame kana irraa hubachuun kan danda’amu faayidaan afoolli kaayyoo barnoota afaanii galmaan gahuu keessatti qabu hubannoo qabaachuu isaaniitiifi bifuma walfakkaatuun barnoota keessatti si’aayinaafi kaka’umsaan akka barataniif afoolatti fayyadamuun isaanii sakatta’a afgaaffii isaaniif qophaa’e kana irraa hubachuun danda’ameera.

1.5. Qaaccessa Odeeffannoowwan Daawwannaa Dareetiin Argame

4.1.7. Gabatee Mirkaneeffannoo Odeeffannoo Daawwannaa Daree Mul’isu

Lak.	Qabxiilee Daawwannaa	Safartuu	Yaada
1.	Afoola fayyadamuu	Eeyyen ni fayyadamu	
2	Afoolli fayyadaman ogummaa afaanii barsiisuuf mijataa?	Eeyyen mijataadha	
3	Dhiheennaan afoolichaa waytii barnootaatiin walsimaa?	Waytii barnootaa waliin wal hin simne	
4	Barattoonni kaka’umsaan baratu?	Eeyyen kaka’umsaan baratu	
5	Afoolaan duraan beekaniin walitti fiduu?	Eeyyen walitti fidaniiru	
6	Fedhii guutuun shaakaluu?	Eeyyen ni shaakalu	
7	Daftarri (yaadannoo) isaanii afoola qabaa?	Eeyyen niqaba.	

Qorataan qaaccessa afoolli ogummaa afaanii gurguddoo barsiisuu keessatti qabu qorachuuf akkaataa barsiisonni Afaan Oromoo afoola kitaaba barnootaa keessatti hammatame ittiin barsiisaniifi barattoonni ittiin baratan hojiirra oolmaa isaa daawwachuuf gabatee mirkaneeffannoo (safartuu) qopheeffate fayyadamuun odeeffannoowwan qorannichaaf barbaachisan walitti qabachuuf daree barnoota kutaa kudhanaffaa Mana Barumsa sadarkaa lammaffaa Roophii daree iddaattoof

filatamanitti deddeebi'uun odeeffannoo dabalataa argachuu danda'eera. Carraa waytii barnoonni afaanii afoolaan barsiifamus argateera. Dabalataanis,daftara yaadannoo barattootaa ilaaluun akka gosoota afoolaa ofkeessaa qabuufi afoolaan barnoota afaanii keessatti kaka'umsaafi fedhii guutuun ogummaa afaanii gabbifataa barataa jiraachuun isaanii bira ga'ameera. Yaadannoon isaanii kunis irraa caalmaan caasluga qabaatuuyuu, afoolas kan qabu ta'uun daawwannaa kanaan irra ga'ameera.

BOQONNAA SHAN: YAADA GOOLABAAFI YABOO

Boqonnaa kana keessatti odeeffannoon qaaccessa kitaabaa, yaadannoo (daftara), afgaaffiifi daawwannaa daree barnoota afaanii irraa argaman bu'uura taasifachuudhaan argaman irraa yaadni goolabaa, argannoofi yaboon duraa duubaan dhiyaataniiru.

5.1. Goolaba

Afoolli kitaaba barnoota afaaniifi barnoota afaanii keessatti hammatamuun kaaayyoo ogummaa gurguddoo afaanii fiixaan baasuu keessatti gahee olaanaa qaba. Kanarraa ka'uudhaan kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanii keessatti faayidaa afoolli ogummaa afaanii kanniin irratti qabu qorachuun sakatta'iinsi kan taasifameedha. Qorataanis kana bu'uura taasifachuun "Qaaccessa Afoolaa Ogummaa Afaanii Gurguddoo Barsiisuu Keessatti" jedhurratti qorannoo gaggeesseera.

Kaayyoon gooroon qorannoo kanaa, faayidaa afoolaa ogummaa afaanii gurguddoo barsiisuu xiinxalluudha. Odeeffannoowwan meeshaalee funaansa ragaa sadaniin walitti qindeeffamuun erga qaaceffamanii booda mala ibsuutiin hiikkamaniiru. Odeeffannoo funaanuufis kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa bara 2005/ 2012 maxxanfamuun hanga ammaa hojiirra jiru qorannoof kaayyoodhaan filatameera. Qorannoo kana keessatti madda ragaalee kan turanis barsiisota Afaan Oromoo sadii, barattoota kutaa kudhanaffaa sadddeeti, daree barnootaa afur ture. Barattoonniifi barsiisonni iddattoof filataman mala iddaattessuu itti yaadeetiin. Odeeffannoon sakatta'a kitaabaafi daftara (yaadannoo barattootaa) gabatee mirkaneeffannoo dhiyaachuun ibsi itti kennameera. Odeeffannoowwan afgaaffiifi daawwannaa dareetiin argaman immoo jechaan addeeffamaniiru. Karaa gara birootiinis, kitaabiileen wabiifi qorannoon namoota gara garaatiin adeemsifaman sakatta'a barruu firroomanii qorannichaa keessatti yemmuu wabeeffamuun dhiyaatan, boqonnaalee qorannoo shananuu keessatti mata dureeleen gurguddoo xixiqqoon duraa duubaan galaniiru.

Itti aansuun argannoowwan qorannichaa kan mul'isu bifa itti aanu kanaan dhiyaataniiru.

1. Qaaccessa taasifameen afoolli gosa adda addaa kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kana keessatti kan hammatameefi waytii barnoota afaaniitti itti fayyadamaa jiraachuun ni mul'ata.
2. Afoolli kitaabaafi barnoota afaanii keessatti hammatamuun ogummaa afaanii gabbisuurratti gahee olaanaa kan taphatu ta'uusaa odeeffannoo sakatta'a kitaabaa, afgaaffii barsiisotaafi barattoota iddaattoof filatamaniirraa argame mul'isuun yaada kana ragaan bahameera.
3. Akka odeeffannoon sakatta'a kitaabaafi afgaaffii barsiisotarraa argame mul'isutti, xiyyeeffannoon gilgaalota afoolaa kitaabilee Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa ogummaa afaanii gurguddoo keessaa irraa caalmaan isaanii ogummaa dhageeffachuufi dubbachuu irratti kan xiyyeeffataniidha.
4. Akkuma odeeffannoo sakatta'aman irraa hubachuun danda'ametti afoolli kitaaba barnoota afaanii keessatti hammatamuun qophaa'e caalmaan sadarkaa, muxannoo, ogummaafi jireenya barattootaa giddu galeeffatee kan qophaa'e ta'uun kan mul'atu yoo ta'u kun ta'uun immoo afoolli dhiyaate sun kaayyoo dhiyaateef akka galmaan gahuuf iddoo olaanaa qabaachuusaati.
5. Haaluma odeeffannoon afgaaffii barsiisotaafi barattootarraa argame mul'isutti afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa mala dhiheenya ogummaa afaanii bu'uureffateen kan dhiyaate yoo ta'eyyuu, hanqina waytii barnootaaf ramadame waliin deemuu dhabuurraa kan ka'een bifa barbaadameen hojiirra oolchuun rakkisaa akka ta'e hubatameera. Kanaaf immoo barattoonni waytii barnoota afaaniitiin alas kan akka gumiilee Miinimiidiyaafi Gumii Guddinaafi Dagaagina Afaan Oromoo keessatti afoola fayyadamuun isaanii baay'ee filatamaadha.
6. Akka hayyoonni jedhanitti afoola tokkoon ogummaa afaanii adda addaa barsiisuun ni danda'ama. Garuu akka odeeffannoon argame mul'isutti afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa keessatti barnoota afaaniitiif dhiyaate kun hundi isaa bifa walqixaatiin ogummaa gurguddoo afaanii afranuu ni gabbisa jechuun hin danda'amu. Afoolli tokko dandeettii tokko irratti yoo xiyyeeffatu, kan biroo immoo akkasuma dandeettii isa biroo irratti xiyyeeffachuun kan dhiyaateedha. Karaa biraan immoo gosni afoolaa

tokko tokko immoo ogummaa afaanii afranuu irratti qophaa'uun kan dhiyaates akka jiru ni mul'ata.

5.2. Yaboo

Afoola fayyadamanii ogummaa afaanii gurguddoo barsiisuu keessatti wantoonni xiyyeeffannoo barbaadann argannoo qorannichaa bu'uura godhachuun yaaddonni furmaata ta'an jedhamanii yaaddaman akka itti aanu kanatti dhiyaataniiru.

1. Barsiisonni Afaan Oromoo afoola kitaabilee barnoota Afaan Oromoorratti dhiyaataniif xiyyeeffannoo kennuun afoolaawwan shaakala dubbisa duraafi gilgaalota adda addaa keessatti dhiyaate barattoonni gad fageenyaan shaakaluun akkasuma immoo gareen mari'achuun ogummaa afaanii akka gabbifatan taasisuuf hojii kitaabni barataa ta'ee,qajeelchi barsiisaa ajaju osoo akkuma dhiyaatetti dalagsiisanii
2. Barattoonni afoola fayyadamanii ogummaa afaanii akka gonfataniif barsiisonni shaakala adda addaa,hojdaree, hojmaneeffii abbaltii kennuufiin jajjabeessuu
3. Barattoonni afoola waytii barnoota afaanii qofa itti gargaaramuu osoo hin taane jiruufi jireenya guyyuu isaaniifi Mana Barumsa Keessatti gumiilee adda addaa keessatti dhiimma itti bahuun bu'aa irraa argamu dhandhamachuu
4. Qopheessitoonni qophii kitaabaafi sirna barnootaa barnoota Afaan Oromootiif afoolli gahee guddaa qabaachuusaa hubachuun afoolaaf xiyyeeffannoo barbaachisu kennuun yemmuu kitaabni qophaa'u ogeeyyii xinqooqaa qofaan osoo hin taane,ogeeyyiin fooklooriis qooda keessatti fudhachuun afoolli kitaaba keessatti sirritti akka dhiyaatuuf irratti hojjachuu
5. Akkasuma yemmuu kitaabni qophaa'us ta'ee barnoonni afaanii kennamu ogummaa barreessuufi dubbisuu barattootaa irratti sirritti xiyyeeffachuudha.Sababni barattoonni dandeettii kanneen irratti yeroo heddu hanqina waan qabaniif.
6. Ogeeyyiin kitaabaa yemmuu qopheessan ogummaa afaanii afran afoolaan barsiisuuf qabiyyeen dhiyaatu waa'ee umurii, aadaa, eenyummaa,ogummaa afaanii, fedhiifi muuxannoo jiruufi jireenya barattootaa kan giddugaleeffate

akka ta'uuf carraaquu qabu. Sababnisaas, akkuama (Melakneh ,2006, Finnegan, 1970) ibsanitti,qabiyyee kitaabaa keessatti haala sadarkaa, dandeettii, aadaafi jireenyaa barattootaa waliin yoo deeme filatamaadha.

7. Dhumarrattis,qorannoon qorataan mata duree kana irratti gaggeesse qofti mata duree kanaaf gahaa waan hin taaneef, qorattoonni biroolleen gadi fageenyaan yoo qoratan akkuma “Quuncean walgargaartee Arba hiiti” mammaaksa Oromootiin jedhamu , bu'aan gama hedduun argamuu gaariidha jedhee amana.

Wabiilee

- Asaffaa Tafarraa.(1991). **Wiirtuu Jildii-4.Barruulee Waaltina Afaan Oromoo. Finfinnee:Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa**
- Ajzen, I. (1988) . **Attitudes,Pesonality and Behavior.**Backingham: Open University Press
- Andrzejewski,B.W.S.Plaszewicz,W.Tyloch.(1985).**Literature in African Languages.** Theoretical Issues and Surveys. Cambridge University press.
- Badilu Wakjira.(1996)፣ **በስነጽሁፍ ቋንቋን ማስተማር፣ አዲስ አበባ፣ ንግድ ማተሚያ ድርጅት፡፡**
- Beekan Gulummaa.(2015).**Koomtoo:Gooma Afoola Oromoo.**Finfinnee,Oromiyaa.
- Best,J.W. (1977).**Research in Education.**New Jersey:Printice Hall,Inc
- Birhanu Mattews.(2009).**Fundamentals of Literature.**Addis Ababa:Printed By Alpha Printers PLC.
- Brumfit,J.C.(1986). **Literature and Language Teaching.**Oxford:Oxford University Press.
- Bukenya,R.et al (eds) (1994).**Understanding Oral Literature.**Nairobi:Nairobi University Press
- Carter,R.(1996).**Language,Literature and Learner.**New York:Addison Wyesley LongMan Ltd.
- Chinua Achebe (2003). **Things Fall Apart.** A casebook.New York: Oxford University Press.
- Collie,J.and Slater,S.(1987).**Literature in the Language Classroom.** A research Book Ideas and activities. Cambridge:Cambridge University Press.
- Daaluu Aabbunii.(2012). **“Xinxalla Afoolaa Dandeettiwwan Afaanii Afran Barsiisuu Keessatti.Haala Kitaabota Barataa Afaan Oromoo Kutaa 9ffaafi 10ffaa Keessatti”** Yunivarsiitii Addis Ababaa: (MA Thesis)

- Dastaa Dassaaleny.(2013). **Bu'uura Qorannoo**.Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee
- Fikade Azeze. (1991) **የሰነድ-ቃል መመሪያ**፤ Institute of International Cooperation of the German Adult Education Education Association.
- Finnegan,R.(1970).**Oral Literature in Africa**.Nairobi:Oxford University Press.
- Finnegan,R.(1976).**Oral Literature in Africa**.Oxford: Oxford University Press.
- Figaaduu Birruu.(2007).” **Qaaccessa Mammaaksaa: Ijoolleefi Ijoollummaa.**” Yunivarsiitii Addis Ababaa (MA Thesis)
- Flick,Uwe.(2002).**An Introduction of Qualitative Research**. (2nd ed.) New Delhi: Sage Publication Ltd.
- Gaaddisaa Birruu.(1991). **Wiirtuu Jildii-4.Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo**.Finfinnee:Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa
- Geetaachoo Rabbirraa.(2009). **Seerluga Afaan Oromoo**.Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Intarnaashinaalii.
- Hill,J.(1986). **Using Literature in Language Teaching**.London : Macmillan Publishers Ltd.
- Ibson,E.(1995). **The Double Role of Fiction in Foreign Language Teaching To Ward a creative.**
- Koul,L. (1988).**Methology of educational Reseach**. Delhi: Vikas Publishing house Pvt.Ltd.
- Lauritzen,Carol.(1980). **Oral Literature and The Teaching of Reading**. International Reading Association.
- Lazar,G.(1983). **A Literature and Language Teaching: A guide for Teachers and Trainers**. Cambrigde: Cambrigde University press.
- Lue.(1996). **Discussion That Work: Task centered Fluency Practice**.Cambrigde: Cambrigde University press.

- Lyster R.(2007).**Learning and Teaching Language Through Content**. Amesterdam: John Benjamins Publishing Company. • •
- Mckay,S.(1986). **Literature in Language Class Room**:In Brumfit, C.J.and R.A.Carter (eds)
- McMahan Elizabeth,Susan Day,Robert Funk.(1986).**Literature and the Writing Process**. New York: Macmillan Publishing Company.
- McRae J.(1991). **Literature with a sall.**'I' Hong Kong: Macmillan Publishrs Limited.
- Melakneh Mengistu.(2006).**Fundamentals of Literature for Colleges**.Addis Ababa:Commercial Printing Enterprise.
- Mitikkuu Dibbeessaa(1991). **Jildii-4.Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo**.Finfinnee:Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa
- Mulugeetaa Nagaasaa .(1999). **Wirtuu Jildii-8.Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo**.*Finfinnee:Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa*
- Nuttal,C.(1982).**Teaching Reading Skills in a Foreign Language**.London:Heineman Educationals Books.
- Okpewho,I.(1992). **African Oral Literature**: Background Charecter and countinuty:Bloomington and Indianapolis:Indiana University press.
- Richards and Rogders.(1986).**Approaches and Methods in Language Teaching**. Cambridge: Cambrigde University press.
- Saktihivel,V.and Karidha N.(2010).**Language and Literature**.
(from:<http://www.Language inindia.com/July 2016/karidha.Literature pdf>)
- Silberstein,S.(1994). **Techniques and Resourses in Teaching Reading**.Oxford: Oxford University prees.
- Silberman.(1996).**Research Method in Language Learning**. Cambrigde: Cambrigde University press.

Warquu Dachaasaa.(2001) **Wirtuu Jildii-9.Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo**.Finfinnee:Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa

Williams,R.(1986). **To Ten Principles for Teaching Reading**. English Language Teaching Journal 40:1.

Wright,M.H. (1961) **Oral Tradition**.Chicago: Aldine Publishing Company

Dabaleewwan

Dabalee “A”

**Yunivarsiitii Addis Ababaa, Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa
Joornaaliziimiifi Sabquunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi
Fookloorii**

4.1.1. Gabatee Mirkaneeffannoo (checklist) Faca’iinsa Afoolaa kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Kudhanaffaa Keessatti Argamanii Mul’isu

Lakk.	Gosoota Afoolaa	Mata duree afoolli kun jalatti argamu	Fuula
1	Sirba gaa’elaa		
2	Tapha Ijoollee		
3	Eebba		
4	Mammaaksa		
5	Jechama		
6	Geerarsa		
7	Weedduu Jaalalaa		
9	Sirba Jaalalaa		
10	Hiibboo		
11	Oduu Durii (Sheekkoo)		
12	Ciigoo		
13	Malleen Dubbii		

4.1.2. Gabatee Mirkaneeffannoo Afoolaan Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa Kudhanaffaa Keessatti Ogummaa Afaanii Gurguddoo: Dubbachuu, Dhageeffachuu, Barreessuufi Dubbisuu Barsiisuuf Dhiyaachuu Agarsiisu

La .		Ogummaa afaanii gurguddoo			
		Dubbachuu Barsiisuu	Dhageeffachu u barsiisuu	Barreessuu Barsiisuu	Dubbisuu barsiisuu
1	Sirba Gaa'elaa				
2	Tapha Ijoollee				
3	Eebba				
4	Mammaaksa				
5	Jechama				
6	Geerarsa				
7	Weedduu Jaalalaa				
8	Uruursuu Daa'immanii				
9	Sirba jaalalaa				
10	Hiibboo				
11	Oduu Durii (Sheekkoo)				
12	Ciigoo				
13	Malleen Dubbi				

4.1.3.Gabatee Mirkaneeffannoo Gilgaalonni Afoola Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Kudhanaffaa Ogummaa Afaanii Gurguddoo Keessaa Irra Caalaa Kamirratti Akka Xiyyeeffatu Agarsiisu

La k	Gosoota Afoolaa	Mata duree gilgaalonni afoolaa jalatti argaman	Fuula kitaaba keessatti irratti argaman	Xiyyeeffannoo dandeettii afaanii gilgaalotaa afoola dhiyaate keessaa bahanii			
				Dubbac huu	Dhageef fachuu	Barree ssuu	Dubba chuu
1	Sirba Gaa'ela	Gilgaala 7 Shaakala sirba gaa'ela	38				
2	Mammaaksa	Gilgaala 4 shaakala Ogbarruu	44				
		Gilgaala 6 Shaakala mammaaksaa	116				
		Gilgaala 5 Shaakala mammaaksaa	131				
3	Jechama	Gilgaala 10 Shaakala jechamaa	145				
		Gilgaala 4 shakala jechamaa	152				
		Gilgaala 5 Shaakala Jechamaa	163				
4	Weedduu Jaalalaa	Gilgaala 2 shaakala dubbisa duraa	133				
5	Uruursuu	Gilgaala 2B shaakala yeroo dubbisuu	104				
6	Sirba Jaalalaa	Gilgaala 2 shaakala dubbisa duraa	133				
7	Hiibboo	Gilgaala 9 shaakala Hiibboo	144				
		Gilgaala 6 shaakala hiibboo	155				
8	Oduu Durii	Gilgaala 5 shaakala sheekkoo	152				
9	Ciigoo	Gilgaala 8 shaakala ciigoo	143				
10	Malleen Dubbi	Gilgaala 5 shaakala malleen dubbii	164				

4.1.4. Gabatee Mirkaneeffannoo Amala Gilgaalota Afoola Kitaa Afaan Oromoo

Kutaa Kudhanaffaa Keesstti Dhiyaatanii Mul'isu

L a k	Gosoota Afoolaa	Mata duree gilgaalotaa	Fuula kitaaba keessatti irratti argaman	Amala gilgaalota afoola keessaa bahanii				
				Gilgaala afaaniin deebi'an	Gilgaala ibsa dhuunfaa barbaadu	Gilgaala deebii galumsaa barbadu	Gilgaala madaallii barbaadu	Gilgaala dandeettii waa yaaduu barbaadan
1	Sirba Gaa'ela	Gilgaala 7 Shaakala sirba gaa'ela	38					
2	Mammaak sa	Gilgaala 4 shaakala Ogbarruu	44					
		Gilgaala 6 Shaakala mammaaksaa	116					
		Gilgaala 5 Shaakala mammaaksaa	131					
3	Jechama	Gilgaala 10 Shaakala jechamaa	145					
		Gilgaala 4 shakala jechamaa	152					
		Gilgaala 5 Shaakala Jechamaa	163					
4	Weedduu Jaalalaa	Gilgaala 2 shaakala dubbisa duraa	133					
5	Uruursuu	Gilgaala 2B shaakala yeroo dubbisuu	104					
6	Sirba Jaalalaa	Gilgaala 2 shaakala dubbisa duraa	133					
7	Hiibboo	Gilgaala 9 shaakala Hiibboo	144					
		Gilgaala 6 shaakala hiibboo	155					
8	Oduu Durii	Gilgaala 5 shaakala sheekkoo	152					
9	Ciigoo	Gilgaala 8 shaakala ciigoo	143					
10	Malleen Dubbii	Gilgaala 5 shaakala malleen dubbii	164					

**4.1.5. Gabatee Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Kudhanaffaa
Sadarkaa, Ogummaa Afaanii, Aadaafi Jireenyaa Qabatamaa Barattootaa
Madaaluu Mul'isuu**

La k.	Gosoota Afoolaa	Afoola dhiyaate sadarkaa, ogummaa, aadaafi jireenya qabatamaa barattootaa madaaluufi dhiisuu			
		Sadarkaa	Ogummaa	Aadaa	Jireenyaa
1	Sirba Gaa'elaa				
2	Tapha Ijoollee				
3	Eebba				
4	Mammaaksa				
5	Jechama				
6	Geerarsa				
7	Weedduu Jaalalaa				
8	Uruursuu Daa'immanii				
9	Sirba jaalalaa				
10	Hiibboo				
11	Oduu Durii (Sheekkoo)				
12	Ciigoo				
13	Malleen Dubbi				

**4.1.6. Gabatee Mirkaneessituu Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa Kudhanaffaa
Keessatti Malleen Afoolaan Afaan Barsiisuuf Agarsiisuuf Dhiyaate Mul'isu**

La k.	Gosoota Afoolaa	Mata duree afoolli kun jalatti argamu	Fuul a	Malleen afoolaan afaan barsiisuuf dhiyaatan		
				Mala afaan bu'uureffate	Mala dandeettii afaanii bu'uureffate	Mala Kalaqaa
1	Sirba gaa'elaa	Gilgaala 7 Shaakala sirba gaa'elaa	38			-
		B. Sirba gaa'ela	135			
2	Tapha Ijoollee	Dubbisa “ Toltuufi Hiree Ishee “ jedhu keessatti	41			
3	Eebba	Dubbisa “ Toltuufi Hiree Ishee “jedhu keessatti	41			
		Dubbisa “ Guddifachaa” jedhu keessatti	103			
4	Mammaaks a	Gilgaala 4 Shaakala Ogbarruu	44			
		Gilgaala 6 Shaakala Mammaaksaa	116			
		Gilgaala 5 Shaakala Mammaaksaa	131			
5	Jechama	Dubbisa “ Burqaafi Dureettii “ jedhu keessatti	49			
		Gilgaala 10 Shaakala Jechamaa	145			
		Barannoo 2 Afoola Shaakala Jechamootaa	152			
		Gilgaala 4 Shaakala Jechamootaa	163			
6	Geerarsa	Barannoo 3 Afoola Geerarsa	63			
		Dubbisa “ Gaabbii “ jedhu keessatti	160			
7	Weedduu Jaalalaa	Gilgaala 2 Shaakala Dubbisa Duraa	133			
		Afoola Oromoo Weedduu Jaalalaa	134			
9	Sirba Jaalalaa	Gilgaala 2 Shaakala Dubbisa Duraa	133			
10	Hiibboo	Gilgaala 9 Shaakala Hiibboo	144			
		Gilgaala 6 Shaakala Hiibboo	155			
		Yaadannoo Hiibboo	156			
11	Oduu Durii (Sheekkoo)	Dubbisa “ Oduu Durii /Sheekkoo/” jedhu keessa	139			
		Gilgaala 5 Shaakala Sheekkoo	152			
		Leencaafi Re'ee	153			
12	Ciigoo	Gilgaala 8 Shaakala Ciigoo	143			
13	Malleen Dubii	Gilgaala 5 Shaakala Malleen Dubii	164			

Dabalee “B”

**Yunivarsiitii Addis Ababaa, Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa
Joornalizimiifi Sabquunnamiitti Muumee Afaan Oromoo, Ogbarruufi
Fookloorii**

4.3. Qaaccessa Odeeffannoowwan Afgaaffiidhaan Barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Roophiitiif Qophaa’e

1. Afoolli barumsa afaanii keessatti faayidaa qaba jettanii yaadduu? Yoo niqaba jettan faayidaa saa ibsaa.

2. Afoola gargaaramtanii barnoota afaanii barsiisuu irratti xiyyeeffannoon qabdan maal fakkata?

3. Haala kitaabni afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa qajeelchutti barattoonni afoola duraan beekan akka fidanii dhufuun gareen shaakalaniif haalli isin itti jajjabeessuun barsiiftan maal fakkaata?

4. Afoola fayyadamuun yeroo barnoota afaanii barsiiftan rakkoon isin mudate jiraa? Yoo jiraate maali? Akkamitti furtaniirtu?

**Yunivarsiitii Addis Ababaa, Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa
Joornaaliziimiifi Sabquunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi
Fookloorii**

**4.4. Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barattoota Kutaa Kudhanaffaa Mana
Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Roophiitiif Qophaa'e**

1. Afoola kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa keessa jiru daree barnoota afaaniitti ittiin barataa jirtuu? Gosoonni afoola kanneenii maal fa'a?

2. Afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo waytii barnoota Afaan Oromoo keessatti isiiniif dhiyaatu kun faayidaa qaba jettanii yaadduu? Yoo qabaate ibsaa.

3. Afoolli ogummaa afaanii gurguddoo afran (dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuufi dubbisuu) akka gabbifattan ni taasisaa? Yoo ni taasisa ta'e haala kamiin fa'a?

4. Yeroo afoolaan barnoota afaanii barattan rakkoon mul'atu maali?

4.5. Qaaccessa Odeeffannoowwan Daawwannaa Dareetiin Argame

Lak.	Qabxiilee Daawwannaa	Safartuu	Yaada
1.	Afoola fayyadamuu		
2	Afoolli fayyadaman ogummaa afaanii barsiisuuf mijataa?		
3	Dhiheennaan afoolichaa waytii barnootaatiin walsimaa?		
4	Barattoonni kaka'umsaan baratuu?		
5	Afoolaan duraan beekaniin walitti fiduu?		
6	Fedhii guutuun shaakaluu?		
7	Daftarri (yaadannoon) barattootaa afoola niqabaa?		

Dabalee “ C”

Afoolaawwan Kitaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Keessatti Argamanii

**Maddi Isaanii: KItaaba Barataa Barnoota Afaan Oromoo Bara 2005/2012
Maxxanfamuun Hanga Yoonaa Hojiirra Jiruudha.**